isa kan isaaniitti in dabalama; akkasittis hirmaata dhaala keenyaa keessaa nu duraa in fudhatama. 4 Ayyaanni waggaa shantammaffaa Israa'elootaa yommuu dhufu, dhaalli isaanii dhaala gosa isa isaan amma itti galaniitti in dabalama; akkasitti dhaalli isaanii dhaala gosa abboota keenyaa irraa in fudhatama" jedhan*.
**2 26:55*
**4 Lew 25:10-13*

5 Yommus Museen akka dubbii Waaqayyootti ajaja kanatti fufee jiru Israa'elootatti hime, "Gosi sanyii Yoseef dhugaa qabu; 6 Waaqayyo waa'ee durboota Zelofehaadiif yommuu dubbate 'Nama qomoo gosa abbaa isaanii keessaa haa ta'u malee, isaan nama ija isaaniitti toletti haa beeruman! 7 Israa'eloonni adduma addaan dhaala gosa abboota isaaniitti jabaachuun isaan irra waan jiruuf, dhaalli Israa'elootaa gosa tokko keessaa gara gosa biraatti hin darbin! 8 Kanaaf namni Israa'el adduma addaan dhaala abboota isaatii keessaa akka qabaatuuf, durboonni gosa Israa'el keessaa dhaala qaban hundinuu qomoo gosa abbaa isaanii keessaa tokkotti haa heeruman! 9 Gosi Israa'elootaa adduma addaan dhaala isaatti akka jabaatutti, dhaalli tokko illee gosa tokko keessaa gara isa kaaniitti hin darbin!' jedheera" jedhe.

10 Intaloonni Zelofehaad akkuma Waaqayyo Musee abboome in godhan. 11 Intaloonni Zelofehaad Maahilaa, Tiirzaa, Hoglaa, Miilkaa fi No'aa ilmaan obboloota abbaa isaaniitti in beeruman*. 12 Isaan maatiiwwan ilmaan Minaasee ilma Yoseef keessatti in heeruman; dhaalli isaaniis qomoo gosa abbaa isaanii keessatti in hafe.
**11 26:29-34*

13 Abboommiinii fi wanti qajeelaa ta'e warri Waaqayyo karaa Musee fuullee Yerikoo, bukkee laga Yordaanos dachaawwan Mo'aab keessatti Israa'eloota abboome isaan kana turan.

Seera Keessa Deebii

Tulluu Siinaatii Ka'uu Saba Israa'el

1 1 Dubbiin Museen dachaa Yordaanos Arabaayi lafa onaa keessatti fuullee Suuf, Phaaraan Tofel, Laabaan, Haserootii fi Diizaahab gidduutti guutummaa Israa'elitti dubbate kanatti fufee jira. 2 Siinaadhaa hamma Qaadesh-Barne'aatti, karaa tulluu Se'iir adeemsa guyyaa kudha tokkoo ti. 3 Sabni sun biyya Gibxii ba'anii waggaa afurtammaffaa, ji'a kudha tokkoffaa, ji'icha keessaa guyyaa tokkoffaatti, Museen wanta Waaqayyo waa'ee isaaniitiif isa abboome hundumaa Israa'elootatti in hime*. 4 Kunis erga inni Sihoon mootii Amoorotaa isa mandara Heshboon keessa jiraachaa ture, Oog mootii Baashaan isa mandara Ashtaarot keessa jiraachaa tures Edraayitti mo'ee booddee ture*. 5 Museen dachaa Yordaanos isa biyya Mo'aab keessaatti seera kanatti fufee jiru ibsun in jalqabe. 6 Inni, "Waaqayyo gooftaan keenya tulluu Siinaa irratti, 'Tulluu kana irra yeroo dheeraa turtaniittu, 7 asii buqqifadhaatii gara biyya gaaraa isa kan Amoorotaa, biyya olloota isaanii isa Arabaayi keessaa, biyya gaaraa, biyya dachaa, biyya gara mirgaa, karaa qarqara galaanaas biyya Kana'aanotaa, biyya Liibaanon, hamma Efraaxiis laga guddichaatti adeemaa! 8 Kunoo, ani Waaqayyo, biyya isa ani abboota keessan Abrahaam, Yisihaq, Yaaqoobiif isaan booddeedhaanis sanyii isaaniif nan kenna jedhee kakadhe, isiniif kenneera, dhaqaatii qabadhaa!' jedhee nutti dubbateera" jedhe*.
**3 Lak 33:38*
**4 Lak 21:21-35*
**8 Uma 12:7*

Museen Geggeessitoota Isaaniif Kaasuu Isaa
(Bau 18:13-27)

9 Ani Museen yeroo sanatti, "Isin ba'aa ani kophaa koo baachuu hin dandeenye anatti taatan*; 10 Waaqayyo gooftaan keessan isin baay'iseera; kunoo, isin har'a akka urjoota waaqa keessaa baay'attaniittu*. 11 Waaqayyo gooftaan inni kan abboota kecssanii, isa ammaa kanatti si'a kuma isin haa baay'isu, akkuma isin abdachiises isin haa eebbisu! 12 Haa ta'u iyyuu malee, ani attamittan kophaa koo rakkina keessan, ba'aa keessan, wal loluu keessanis baachuu danda'a ree? 13 Isin namoota ogeessotaa fi hubattoota gosa keessan keessatti beekaman fo'aatii fidaa! Ani immoo akka isaan dura-buutuu keessan ta'an nan godha" isiniin jedheen ture. 14 Isin immoo deebiftanii, "Wanta ati dubbatte kana gochuun gaarii dha" anaan jettan. 15 Kanaafan dura-buutuu gosa keessanii warra ogeessotaa fi beekamoo sana fuudhee, dura-buutuu keessan akka ta'aniif eegdota kumaa, eegdota dhibbaa, eegdota shantamaa, eegdota kudhaniis gosa gosa keessaniif godhe*. 16 Ani yeroo sana abboota firdii keessan abboomee, "Dubbii obboloota keessan giddnudhaa ka'u isaaniif ilaalaa! Nama biyyaa tokkoo fi obboleessa isaa, nama biyyaa tokkoo fi orma isa bira jiru gidduuttis firdii qajeelaa kennaa! 17 Firdiin kan Waaqayyoo waan ta'eef, firdiitti nama wal hin caalchisinaa! Isa guddaadhaaf akkuma ilaaltanitti isa xinnaadhaafis ilaalaa! Dubbii isinitti ulfaatu immoo anatti fidaa, nan ilaalaa!" jedhe*. 18 Ani yeroo sana wanta gochuun isin irra jiru hundumaa isin abboomeen ture.
**9 Bau 18:18; Lak 11:14*
**10 Uma 15:5; Kes 10:22*
**15 Bau 18:25*
**16-17 Bau 23:1-3,6; Kes 16:19*

Gaadduu Erguu Isaanii
(Lak 13:1-33)

19 Waaqayyo gooftaan keenya akka nu abboometti tulluu Siinaatii kaanee, lafa onaa guddaadhaa fi sodaachisaa isin argitan sana keessa karaa biyya gaaraa isa kan Amoorotaatiin baanee, biyya Qaadesh-Barne'aa dhaqne. 20 Gaafas ani isiniin, "Isin biyya gaaraa isa kan Amoorotaa isa Waaqayyo gooftaan keenya nuuf kennu bira geessaniittu; 21 ilaa, Waaqayyo gooftaan keessan biyya kana isiniif kenneera; akkuma Waaqayyo gooftaan abboota kecssanii isinitti hime ol ba'aatii qabadhaa! Hin sodaatinaa, hin na'inaas!" nan jedhe. 22 Isin hundumti keessan kana irratti na bira dhuftanii, "Kottaa, namoota gara

biyyichaa dhaqanii karaa kamiin akka ol itti baanuuf gara mandaroota kamii akka dhaqnu nuuf gaadanii, deebi'anii nutti himan of dura in ergina" jettan*. 23 Wanti isin dubbattan kun gaarii anatti fakkaannaan isin keessaa namoota kudha lama, gosa gosa tokko keessaa nama tokko tokko nan fo'e. 24 Kana irratti isaan biyya gaaraatti ol ba'anii hamma dachaa Eshkolitti adeemanii in gaadan. 25 Yommus isaan ija muka hiyya sanaa keessaa muraasa harkatti qabatanii gara keenyatti gad bu'anii, "Biyyi Waaqayyo gooftaan keenya nuuf kennu biyya gaarii dha" jedhanii nutti in himan.

**22 Lak 13:2*

26 Isin garuu abboommii Waaqayyoo gooftaa keessanii irratti kaatan malee, biyyichatti ol ba'uu hin jaallanne. 27 Godoo godoo keessan keessatti guungumtanii, "Waaqayyo sababii nu jibbeef biyya Gibxii keessaa nu baasee nu balleessuudhaaf harka warra Amoorotaatti nu kenne. 28 Eessatti ol baana ree? Obboloonni keenya yeroo nutti dubbatan, 'Sabni sun nu caalaa dhedheeroodhaa fi baay'ee dha, mandara gurguddaa dallaa dhagaa bantii waaqaa keessa ga'uun marfame qabu; sanyii Aanaaqotaas immoo achitti argineerra' jedhanii garaa keenya sodaachisaniiru" jettan*.

**28 Lak 13:33*

29 Yommus ani immoo isiniin, "Hin na'inaa! Isaan hin sodaatinaas! 30 Waaqayyo gooftaan keessan inni isin dura adeemu biyya Gibxiitti ija keessan duratti akka isiniif lole akkasuma ofii isaatii isiniif in lola*. 31 Waaqayyo gooftaan keessan lafa onaa keessatti karaa isin irra adeemtanii as dhuftan kana hundumaa irratti akka nama ilma isaa baatuutti akka isin baate argitaniittu" nan jedhe*. 32 Isin garuu dubbii kana irratti iyyuu Waaqayyo gooftaa keessanitti hin amanne. 33 Inni isa karaa irratti iddoo buufataa isiniif barbaaduudhaaf, karaa irra adeemtanis isinitti argisiisuudhaaf halkan utubaa ibiddaatiin, guyyaa immoo utubaa duumessaatiin isin dura bu'ee adeemaa turee dha*.

**30 Bau 14:14,25; Iya 10:14*
**31 Bau 4:22; Hos 11:3-4; Bau 19:4*
**33 Bau 13:21*

Waaqayyo Warra Israa'el Adabuu Isaa

(Lak 14:20-45)

34 Waaqayyo dubbii keessan kana yommuu dhaga'e dheekkamee, cimsees kakatee, 35 "Namoota dhaloota hamaa kana keessaa tokko illee biyya gaarii isa ani abboota keessaniif kennuudhaaf kakuudhaan abdachiise hin argu. 36 Kaaleb ilmi Yofunee garuu guutummaatti ana Waaqayyo duukaa waan bu'eef biyyicha in arga; lafa miilli isaa irra ejjetes isaaf, ijoollee isaatiifis nan kenna" jedhe. 37 Waaqayyo sababii keessaniif anattis immoo dheekkamee, "Atis immoo achitti hin galtu*; 38 Iyaasuun ilmi Nun, gargaartuun kee garuu achitti in gala; ati isa jabeessi; inni, warri Israa'el biyyicha akka fudhatan in godha*. 39 Mucooliin keessan warri isin, 'Irbaata diinaa ta'u' jettan, ijoollonni keessan warri har'a hamaa fi gaarii hin beekne achitti in galu; ani biyyicha isaaniif nan kenna; isaanis isa in qabatu*. 40 Isin garuu gara lafa onaatti garagalaatii, karaa galaana diimaatti geessu irra adeemaa!" jedhe.

**37 Lak 20:12*
**38 Lak 34:17; 27:18*
**39 Lak 14:3*

41 Isin immoo decbiftanii, "Nuyi Waaqayyoon yakkincerra; amma garuu akka Waaqayyo gooftaan keenya nu abboome hundumaatti ol baanee in lolla" naan jettan; tokkon tokkon keessanis, "Mi'a lolaa hidhatanii hiyya gaaraatti ol ba'uun salphaa dha" jettanii yaaddan. 42 Waaqayyo garuu, "Ani isinii wajjin hin ba'u, diinonni keessan akka isin hin moonetti 'Ol hin ba'inaa, hin lolinaas' jedhii isaanitti himi!" naan jedhe. 43 Anis kana isinitti himeera, isin garuu abboommii Waaqayyoo irratti kaatanii of tuullummaadhaan biyya gaaraatti ol baatan malee isa hin dhageenye. 44 Amooronni biyya gaaraa irra jiraatan sun gad isinitti ba'anii akka kanniisaa isin ari'anii, Se'iirii hamma Hormaatti isin in rukutan*. 45 Yommuu isin deebitanii fuula Waaqayyoo duratti boossan Waaqayyo isiniif hin dhageenye, gurra isaas gara keessanitti hin qabne. 46 Isin yommuu yeroo

dheeraa Qaadeshiin teessan sana kanaaf achi turtan*.

**44 Lak 14:45*
**46 Lak 20:1; Kes 2:14*

Warra Edoomil Fl Mo'aabli Wajjin Walitti Dhi'aachuu Isaanli

2 1 Kana booddees nuyi garagallee, akka Waaqayyo ana abboometti, lafa onaa keessa karaa galaana diimaatti geessu irra dhaqnee, naannoo tulluu Se'iir guyyaa haay'ee in adeemne*.

**1 Lak 21:4*

2 Waaqayyo yommus anaan, 3 "Isin yeroo dheeraadhaaf naannoo tulluu kanaa adeemaa turtaniittu, amma gara bitaatti garagalaa! 4 Saba kanas abboomi, 'Isin darbitanii gara daarii biyya obboloota keessanii, sanyii Esaawuu warra Se'iir jiraatanii keessa darbuuf jettu, isaan isin in sodaatu, isin immoo baay'ee of eeggadhaa! 5 Ani tulluu Se'iir qabeenya isaa godhee Esaawuuf waanan kenncef, biyya isaanii keessaa ani lafa faana tokko illee isiniif hin kennu; kanaaf isaan hin lolinaa! 6 Isin nyaata horiidhaan isaan irraa bitadhaatii nyaadhaa, bishaanis horiidhaan isaan irraa bitadhaatii dhugaa*! 7 Waaqayyo gooftaan keessan isin lafa onaa isa guddaa kana keessa akka adeemtan beekee, hojii harka keessanii hundumaan isin eebbiseera; waggaa afurtamman kanas Waaqayyo gooftaan keessan isinii wajjin ture, kanaaf isin waan tokko illee hin dhabne' jedhiin!" jedhe.

**4-6 Lak 20:14-18*

8 Akkasitti nuyis obboloota keenya sanyii Esaawuu warra Se'iir jiraatan gidduu darbinee, karaa Arabaayi isa lafa onaa sana, karaa isa mandaroota Elaatii fi Eziyon-Geberii dhufu irraa gorree, karaa Mo'aab isa lafa onaa irra in adeemne*. 9 Waaqayyo yommus, "Ani biyya Aar sanyii Looxiif qabeenya isaanii godhee waanan kenneef, biyya isaanii keessaa tokko illee qabeenya akka godhattaniif isiniif hin kennu; kanaaf warra Mo'aab hin rakkisinaa, lolaafis tuttuqxanii isaan hin aarsinaa!" nan jedhe*. 10 Warri Emiim dur achi in jiraatu turan; isaan saba guddaadhaa fi dannu, akka warra Aanaaqis dhedheeroo turan*. 11 Isaan kunis akkuma warra Aanaaq, Refa'otatti in lakkan'amu; Mo'aabonni garuu isaaniin, "Emiimota" jedhu. 12 Warri Hoor dur biyya Se'iir in jiraatu turan; garuu akkuma warri Israa'el biyya qabeenya isaanii isa Waaqayyo isaaniif kenne irratti godhan, sanyiin Esaawuus biyya qabeenya isaanii isaan irraa fudhatanii, fuula isaanii duraas isaan in balleessan; iddoo isaanii irras ofii in jiraatan*.

**8 Lak 20:19-20*
**9 Uma 19:37*
**10 1:28; Uma 6:4*
**12 Uma 14:6*

13 Ammas Waaqayyo, "Ka'aa, dachaa Zered gama ce'aa!" nuun jedhe; nuyis dachaa Zered gama in ceene*. 14 Nuyi Qaadesh-Barne'aadhaa kaanee dachaa Zered ce'uun waggaa soddomii saddeet nu fudhate; yeroo sana keessa guutummaan loltoota dhaloota sanaa akkuma Waaqayyo isaanitti kakatee ture buufata sana keessaa in dhuman*. 15 Akkasumas harki Waaqayyoo hamma isaan dhumanitti, buufata sana keessaa isaan balleessuudhaaf isaan irratti ka'ee ture*.

**13 Lak 21:12*
**14 Lak 14:34*
**15 Lak 16:31-32*

16 Erga warri loltuun sun hundinuu dudu'anii saba sana keessaa dhumanii, 17 Waaqayyo anatti in dubbate. 18 Inni anaan, "Isin har'a karaa daarii Mo'aab biyya Aar keessa in darbitu; 19 daarii biyya Amoonotaatti yommuu dhi'aattan immoo, ani duraan biyyicha qabeenya isaanii godhee sanyii Looxiif waanan kenneef, lafa ijoollee Amoon keessaa tokko illee qabeenya akka godhattaniif isiniif hin kennu; kanaaf isaan hin rakkisinaa, lolaafis tuttuqxanii isaan hin aarsinaa!" jedhe*. 20 Refaa'onni dur achi jiraachaa waan turaniif, inni kunis akka biyya Refaa'otaatti in lakkaa'ama; Amoononni garuu isaaniin "Zamzumoota" jedhu. 21 Isaan saba guddaa dha, dannu dha, akka warra Aanaaqis dhedheeroo dha. Waaqayyo garuu Amoonota duraa isaan in balleesse; warri Amoon biyya qabeenya isaanii isaan irraa fudhatanii, iddoo isaanii irras ofii in jiraatan*. 22 Waaqayyo sanyii Esaawuu warra Se'iir jiraataniifis akkasuma godhee, warra Hoor fuula isaanii duraa balleesse; isaanis warra Hoor irraa biyya qabeenya isaanii fudhatanii, iddoo isaanii

irras hamma har'aatti ofii in jiraatan.
23 Kaftoroonni warri Kaftorii dhufan immoo, Aawota warra gandeen hamma
Gaazaatti jiran keessa taa'aa turan
balleessanii, iddoo isaanii irras ofii in
jiraatan*.
**19 Uma 19:38*
**20-21 Uma 6:4*
**23 Uma 10:14; Iya 13:3; Amo 9:7*

24 Ammas Waaqayyo, "Ka'aa adee-
maatii laga Aarnon ce'aa! Kunoo ani
Sihoonin nama biyya Aamor mootii
Heshboon, biyya isaas harka keessan
keessa buuseera; egaa lolaaf isa tuttu-
qaatii lafa qabachuus jalqabaa*!
25 Ani
har'a naasisuu kee, sodaachisuu kees
saba guutummaa bantii waaqaa jala
jiraatan irratti nan fida; isaanis waa'ee
kee yommuu dhaga'an in rom'u, yaa-
daanis in dhipharu" jedhe*.
**24 Lak 21:13*
**25 Bau 23:27*

Israa'eloonni Sihoon Mooticha Mo'uu Isaanii
(Lak 21:21-30)

26 Yommus ani Qedemoot lafa
onaa sana keessaa Sihoon mootii Hesh-
boonitti namoota ergee dhaamsa nagaa
itti nan dhaame*.
27 Ani, "Biyya kee
keessa nan darba, ani karaa qabadhee
nan adeema malee, gara mirgaatti yoo-
kiis gara bitaatti hin goru;
28 nyaata isa
ani nyaadhu horiidhaan anatti in gur-
gurta, bishaan isan dhugus horiidhaan
anaaf in laatta; garuu miillumaan achi
keessa na dabarsi*!
29 Kunis akkuma
ijoolleen Esaawuu warri Se'iir jiraata-
nii fi Mo'aabonni warri Aar jiraatan
anaaf godhan, ani Yordaanosin ce'ee
biyya isa Waaqayyo gooftaan keenya
nuuf kennu sanatti hamman galutti kan
ta'uu dha" nan jedheen.
30 Waaqayyo
gooftaan kee garuu Sihoon mooticha
Heshboon akka har'a godhe kanatti
harka kee keessa buusuudhaaf jedhee
hafuura isaa in cimse, mata-jabeessas
isa in godhe; kanaaf inni karaa isaa nu
dabarsuu hin barbaanne*.
**26 Lak 21:21-26*
**28 2:6*
**30 Bau 4:21; 7:3*

31 Yommus Waaqayyo "Ilaa, ani
Sihoonii fi biyya isaa dabarsee sitti
kennuu jalqabeera, atis biyya isaa qa-
battee, kan kee godhachuu jalqabi!"
jedhee anatti in dubbate*.
32 Sihoon
immoo nu irratti ka'ee namoota isaa
hundumaa wajjin Yaahazitti nu loluu-
dhaaf ba'e.
33 Waaqayyo gooftaan kee-
nya immoo isa dabarsee nutti in kenne;
nuyis isa, ijoollee isaa, namoota isaa
hundumaas in rukunne.
34 Nuyi yeroo
sanatti mandaroota isaa hundumaa in
qabanne; mandaroota sana dhiira, du-
bartii, ijoollees raawwannee in balleess-
sine; waan tokkos hin hambifne.
35 Wanti nuyi ofii keenyaaf fudhanne
horii qe'ee fi waan mandaroota sana
keessaa boojine duwwaa dha.
36 Manda-
ra Aro'er isa qarqara dachaa Aarnon,
mandara dachaa sana keessa jiruu jal-
qabee hamma Giil'aaditti mandarri tok-
ko illee dallaan isaa dheeratee nutti
cimee kan hafe hin jiru; Waaqayyo
gooftaan keenya hunduma isaanii da-
barsee nutti in kenne*.
37 Isin biyya
sanyii Amoonitti, laga Yaaboq keessaa
kutaa tokkotti, mandaroota biyya gaa-
raattis, lafa Waaqayyo gooftaan keenya
nu dhowwe hundumaatti garuu hin
dhi'aanne.
**31 Iya 10:12*
**36 2Sam 24:5*

Oog Mootiin Baashaan Mo'amuu Isaa
(Lak 21:31-35)

3 1 Kana booddee deebinee karaa
Baashaan irra buunee yommuu ol
baane, Oog mootiin Baashaanis na-
moota isaa wajjin nu loluudhaaf Edraa-
yitti nutti dhufe.
2 Waaqayyo, "Ani isa,
namoota isaa, biyya isaas harka kee
keessa buuseera isa hin sodaatin! Si-
hoon mootii Amoorotaa isa mandara
Heshboon keessa jiraachaa ture akku-
ma goote, Ooginis akkasuma in goota"
naan jedhe.
3 Waaqayyo gooftaan keenya yom-
mus Oog mootii Baashaan, namoota
isaas harka keenya keessa in buuse;
nus isaan rukunnee, nama tokko illee
utuu hin hambisin hunduma isaanii in
balleessine.
4 Yeroo sanatti mandaroo-
ta isaa hundumaa in qabanne; manda-
roota jaatamman guutummaa Argoob
biyya mootummaa Oog mootii Baa-
shaan keessaa tokko illee hin hambif-
ne.
5 Mandaroonni kun hundinuu dal-
laa dhagaa dhedheeroo, karraa fi dan-
qaraa qabaniin kan marfaman turan;

kana malees immoo mandaroonni dal-
laa hin qabne baay'eetu ture.
6 Nuyi
yommus Sihoon mootii Heshboon,
mandaroota isaa hundumaa, namoota
isaa, dhiirota, dubartoota, ijoollotas
isaa wajjin raawwannee akkuma bal-
leessine, isaan kanas akkasuma raaw-
wannee in balleessine*.
7 Garuu borii
qe'ee, wanta mandara keessaa saamne
hundumaas ofii keenyaaf fudhannee
galle*.
**6 2:34; 7:1-4*
**7 20:13-18*

8 Yeroo sana biyya Yordaanos irraa
gara ba'a-biiftuu, dachaa Aarnonii
hamma tulluu Hermoonitti mootota
Amoorotaa lamaan harkaa in fudhanne.
9 Warri Sidoon Hermoon kanaan "Sii-
riyon" jedhu; warri Amoorotaa immoo
"Seniir" jedhu.
10 Nuyi mandaroota la-
fa diriiraa gubbaa jiran hundumaa,
biyya Giil'aad, biyya Baashaan hundu-
maa, hamma mandaroota Saalkaa fi
Edraayi warra mootummaa Oog mootii
Baashaan keessaatti in fudhanne.
11 Warra Refaa'otaa keessaa kan hafe
Oog mootii Baashaan duwwaa ture;
sireen isaa siree sibiilaa ti, dheerinni
isaa dhundhuma sagal, bal'inni isaa
dhundhuma afur ture; innis amma iy-
yuu Raabaa mandara biyya warra
Amoon keessa jira*.
**11 2:20-21*

Gosoota Yordaanos Irraa Gara Ba'a-Bliftuutii Lafa Fudhatan
(Lak 32:1-42)

12 Lafa isa yeroo sana qabanne
keessaa mandara Aro'er isa dachaa
Aarnon jiruu jalqabee hamma walakkaa
biyya gaaraa isa kan Giil'aaditti manda-
roota isaa wajjin gosa Ruubenii fi gosa
Gaadiif nan kenne.
13 Biyya Giil'aad isa
hafeef guutummaa biyya Baashaan, Ar-
goob biyya isa Oog mo'e hundumaa
immoo walakkaa gosa Minaaseef nan
kenne; guutummaan biyya Baashaan
biyya Refaa'otaa jedhama ture.
14 Yaa'iir ilmi Minaasee guutummaa
biyya Argoob hamma daarii warra Ge-
shuurotaa fi Ma'akaatotaatti in fudhate;
Baashaanin Yaa'iiritti moggaase, har'a-
ma iyyuu Baashaan safara Yaa'iir je-
dhama.
15 Giil'aadin immoo Maakiiriif
nan kenne.
16 Gosa Ruubenii fi gosa
Gaadiif immoo Giil'aadii hamma wa-
lakkaa dachaa Aarnonitti, achii immoo
bamma laga Yaaboq daarii Amoono-
taatti,
17 karaa daarii Yordaanos immoo
Keneretii hamma galaana Arabaayi isa
"Galaana soogiddaa" jedhameetti, Ara-
baayi isa tulluu Phiisgaa jala gara ba'a-
biiftuu jiruutti nan kenne*.
**17 Iya 11:2; 19:35*

18 Yeroo sana ani, "Waaqayyo
gooftaan keessan lafa kana akka qabat-
taniif isiniif kenneera; egaa isin warri
lola dandeessan hundumti keessan mi'a
lolaa hidhadhaatii Israa'eloota obbo-
loota keessan dura bu'aa!" jedhee isin
abboomeen ture.
19 Haa ta'u iyyuu ma-
lee; ani, "Horii qe'ee baay'ee qabaa-
chuu keessan waanan beekuufan, du-
bartoonni keessanii fi ijoollonni kees-
san immoo mandaroota ani isiniif
kenne keessatti haa hafan!
20 Hamma
Waaqayyo gooftaan keessan akkuma
isin boqochiise obboloota keessan bo-
qochiisee, lafa isa Yordaanos gamaa
isaaniif kennuuf jiru sana isaan qaba-
chiisutti isinis immoo jsaan gargaaraa!
Isa booddees hundumti keessan addu-
ma addaan gara qabeenya keessaniitti
in deebitu" jedhe.
21 Ani yeroo sana Iyaasuu yom-
muun abboome, "Wanta Waaqayyo
gooftaan kee mootota kana lamaan
godhe hundumaa ija keetiin argiteetta;
Waaqayyo mootummoota ati itti adee-
maa jirtu hundumaas akkuma kana in
godha.
22 Egaa Waaqayyo gooftaan kee
ofii isaatii waan siif loluuf ati isaan hin
sodaatin!" nan jedhe*.
**22 1:29-30*

Museen Blyya Kana'aanitti Galuu Dhowwamuu Isaa

23 Ani yommus cimsee Waaqay-
yoon nan kadhadhe;
24 kadhanni koos,
"Yaa Waaqayyo gooftaa, ati guddina
kee fi harka kee isa aango-qabeessa
garbicha keetti argisiisuu jalqabdeetta;
waaqayyolii keessaa isa kamtu waaqa
irraa yookiis lafa irraa akka kee gocha
akkasii fi hojii aangoo hojjechuu dan-
da'a ree?
25 Ani ce'ee Yordaanos ga-
maa lafa gaarii, biyya gaarii isa ba'ees-
sa sana, Liibaanoninis akkan ilaaluuf
sin kadhadha" kan jedhu ture.
26 Waa-
qayyo garuu sababii keessaniif anatti
dheekkame malee, anaaf hin dhageen-
nye; inni, "Si ga'a, waa'ee kanaa

deebitee anatti bin dubbatin*! 27 Ati laga Yordaanos kana hin ceetu; gubbee tulluu Phiisgaatti ol ba'i, ol jedhii biyyicha gara lixa-biiftuutti, gara bitaatti, gara mirgaatti, gara ba'a-biiftuuttis ija keetiin ilaali! 28 Iyaasuunis immoo saba kana dura bu'ee dhaqee, biyya ati argitu kana akka isaan dhaalan in godha; ati isa ajaji, gorsi, jajjabeessis!" jedhe*. 29 Yommus nuyi dachaa fuullee Bet-Phe'or keessatti in hafne.

**26 Lak 20:12*
**28 31:3,7*

Museen Akka Isaan Abboommii Waaqayyoo Eeganiif Gorsuu Isaa

4 1 Museen itti fufee saba sanaan, "Ammas isin yaa saba Israa'el, akka jiraattaniif, biyya Waaqayyo gooftaan inni kan abboota keessanii isiniif kennuttis galtanii akka qabattaniif, seerrataa fi wanta qajeelaa ta'e akka gootaniif isa ani isin barsiisu kana dhaggeeffadhaa*! 2 Abboommota Waaqayyo gooftaa keessanii eegaa malee, dubbii ani isin abboometti waan tokko hin dabalinaa, waan tokkos irraa hin hir'isinaa*! 3 Wanta Waaqayyo tulluu Phe'oritti bojjete iji keessan argeera; Waaqayyo gooftaan keessan namoota Ba'aal isa Phe'or waaqessan hundumaa isin gidduudhaa balleesseera*. 4 Isin warri Waaqayyo gooftaa keessanitti jabaattanii dhaabattan hundinuu garuu, hamma bar'aatti jirtu. 5 Kunoo, isin biyya dhuunfaa keessan godbachuudbaaf itti galtan keessatti akka hojjettaniif, ani akkuma Waaqayyo gooftaan keessan na abboometti seerrataa fi wanta qajeelaa ta'e isin barsiiseera. 6 Kun saba hundumaa duratti ogummaadhaa fi hubannaa keessan waan ta'uuf, isaan seerrata kana hundumaa yeroo dhaga'an, 'Dhuguma sabni guddaan kun saba ogeessaa fi hubataa dha' isiniin in jedhu; kanaaf isin kana duukaa bu'aa eegaa! 7 Akkuma Waaqayyo gooftaan keenya yeroodhuma nuyi isa waammannutti nutti dhi'aatu kanatti, sabni guddaan waaqayyoliin isaa isatti dhi'aatan isa kam ree*? 8 Sabni guddaan seerrataa fi firdii isa qajeelaa akka seera isa ani har'a isin dura kaa'u kana hundumaa qabu isa kam ree*?

**1 Lew 18:5*
**2 12:32; Fak 30:6; Mul 22:18-19*
**3 Lak 25:1-9*
**7 4:32-34; Far 145:18*
**8 Er 8:8; Far 147:19-20*

9 "Isin garuu dammaqaa, wanta ijaan argitan akka hin irraanfannetti, bara jireenya keessanii guutuus garaa keessan keessaa akka hin badnetti of eeggadhaa! Ijoollee keessan, ijoollee ijoollee keessaniis barsiisaa*! 10 Gaafa isin Siinaatti Waaqayyo gooftaa keessan dura dhaabattan, 'Sabni kun bara lafa irra jiraatan hundumaatti ana sodaachuu akka baraniif, ijoollee isaaniis akkasuma akka barsiisaniif, ani dubbii koo akka dhaga'an nan godha, atis na biratti walitti isaan qabi!' jedhec Waaqayyo anatti in dubbate" jedhe*. 11 Gaafas isin itti dhi'aattanii, miilla tulluu sanaa jala akka dhaabattan, tulluu duumessi gurraachi dukkanaa'aan itti uffifame sana irraas ibiddi hamma bantii waaqaatti ol akka boba'e, 12 yommus Waaqayyo ibidda sana gidduudhaa isinitti akka dubbate, isinis sagalee isa isinitti dubbatame sana dhageessaniittu, garuu sagalee duwwaa malee, bifa tokko illee akka hin argin, 13 inni kakuu isaa isinitti akka beeksisc, abboommii kurnan isa akka isin gootaniif isin abboome sanas inni gabatoota dhagaa lama irratti akka caafe*, 14 yeroo sana seerrataa fi wanta qajeelaa ta'e, isa isin biyya dhaaluuf jettan keessatti eegdan akkan isin barsiisuuf Waaqayyo akka na abboomes ijoollee keessanitti ijoollee ijoollee keessaniittis himaa!

**9 Far 103:2; Kes 4:23; 6:12; 8:11*
**10 Bau 19:17-20; Kes 6:7*
**13 Bau 24:12; 31:18*

Waaqayyolii Tolfaman Qabaachuu Irraa Of Eeggachiisuu Isaa

15 Kanaafis isin ofii keessaniif of eeggadhaa! Isin gaafa Waaqayyo Siinaatti ibidda gidduudhaa isinitti dubbate sana bifa tokko illee hin argine; 16 isin fakkaattii waan tokkootiin bifa qirixame tolfacbuudhaan karaa irraa akka hin kaanneef of eeggadhaa! Bifa waan tokko illee, kan dhiiraa yookiis kan dubartii*, 17 fakkaattii bineensa lafa irraa tokko illee, fakkaattii waan baal'eedhaan qilleensa keessa balali'uu tokko illee, 18 fakkaattii wanta lafa irra

munyuuquu, fakkaattii qurxummii lafa jala bishaan keessa jiruu tokko illee tolfacbuu irraa of eeggadhaa! 19 Gara waaqaatti ol ilaaltanii, biiftuu, ji'a, urjoota, macca waaqa keessaa hundumaas yeroo argitan, walaalcbifamtanii, warra Waaqayyo gooftaan keessan saba guutummaa bantii waaqaa jala jiraniif kenne sanaaf akka hin saganneef, isaaniifis akka hin hojjenneef of eeggadhaa*! 20 Waaqayyo garuu, biyya Gibxii isa akka iddoo ibidda sibiila itti baqsanii sana keessaa isin fuudhe, akka har'aa kana saba dhuunfaa isaa akka taataniif as isin fide*. 21 Waaqayyo sababii keessaniif anatti aaree, ani laga Yordaanos akkan bin ceeneef, biyya isa gaarii Waaqayyo gooftaan keessan dhaala godhee isiniif kennuttis akkan hin galleef in kakate*. 22 Kanaaf ani biyya kanatti nan du'a malee, laga Yordaanos gamatti hin ce'u; isin garuu ceetanii biyya gaarii sana in dhaaltu. 23 Isin kakuu Waaqayyo gooftaan keessan isinii wajjin gale akka hin irraanfannetti, bifa fakkeenyaa isa Waaqayyo gooftaan keessan isin dhowwe fakkaattii waan tokkootiin akka hin tolfannettis of eeggadhaa*! 24 Waaqayyo gooftaan keessan ibidda xaph godhuu dha, Waaqayyo hinaafaa dhas*.

**16 Bau 20:4; Rom 1:23*
**19 17:2-4; Rom 1:23; 2Mot 17:16; Er 8:2*
**20 Bau 19:5-6; 1Mot 8:51; Isa 48:10; Er 11:4*
**21 1:37; 3:26*
**23 4:9*
**24 9:3; Bau 20:5; Ibr 12:29*

25 Isin ijoollee godbattanii ijoollee ijoollee keessanii yommuu argitan, biyyicha keessas yeroo dheeraa yommuu turtan, fakkaattii waan tokkoon bifa fakkeenyaa tolfacbuudhaan yoo karaa irraa kaattan, tuttuqxanii isa aarsuudhaafis wanta Waaqayyo gooftaa keessan duratti bamaa ta'e yoo hojjettan, 26 ani har'a waaqaa fi lafa waamee isin irratti dhugaa nan baasisa; biyya isa dbaaluudhaaf Yordaanosin ceetanii itti adeemtan kana irraa daftanii raawwattanii in balleeffamtu; isin raawwattanii in dhumtu malee yeroo dheeraa isa irra hin jiraattan*. 27 Waaqayyo saba warra kaan gidduu isin in bittimsa, lakkoobsi keessan muraasatee saba warra Waaqayyo isaan gidduutti isin bittimse keessattis muraasa taatanii in haftu. 28 Yommus isin achitti waaqayyolii warra muka irraa, dhagaa irraas harki namaa tolche, warra hin arginee fi warra hin dhageenyeef, warra hin nyaannee fi warra hin fuunfanneefis in hojjettu*. 29 Garuu achitti Waaqayyoon gooftaa keessan in barbaaddattu; isin garaa keessan guutuudhaan, yaada keessan guutuudhaanis yoo isa barbaaddattan isa in argattu*! 30 Isin yeroo rakkattan, dubbiin kun hundinuus yeroo isin irra ga'u, bara booddeetti gara Waaqayyo gooftaa keessaniitti in deebitu, dubbii isaatiifis in abboomamtu. 31 Waaqayyo gooftaan keessan, Waaqayyo araara-qabeessa waan ta'eef, isin hin gatu, isin hin balleessu; kakuu isa cimsee abboota keessanii wajjin gale sanas hin irraanfatu*.

**26 30:19; Isa 1:2*
**28 28:36; Far 115:4-7*
**29 Far 27:8; Er 29:13-14; Isa 10:20-22*
**31 Far 103:8*

32 Erga Waaqayyo nama biyya lafaa irratti uumee jalqabee waggoota isin dura darban keessatti dubbiin guddaan akkasii takkaa ta'ee yookiis dhaga'amee beeka yoo ta'eef gaafadhaa! Daarii waaqaa gar tokkoo hamma gara isa kaaniittis iyyaafadhaa! 33 Akka isin sagalee Waaqayyoo dhageessanii fayyaatti jiraattan kana, sabni tokko ibidda gidduudhaa utuu inni itti dubbatuu takkaa dhaga'ee beekaa*? 34 Akka isa Waaqayyo gooftaan keessan biyya Gibxiitti fuula keessan duratti isiniif godhe, waaqayyolii keessaa yaaliidhaan, milikkitaan, lolaan, harka aango-qabeessaan, irree diriiraadhaan, wanta gurguddaa nama naasisuunis dhaqee, saba tokko saba warra kaan keessaa fudhatee kan isaa kan godhate tokko jiraa*? 35 Isin garuu gooftichi Waaqayyo akka ta'e, isa bukkeettis kan biraa akka hin jirre akka beektaniif, isinitti argisiifameera*. 36 Inni isin gorsee deebisuudhaaf waaqa irraa sagalee isaa akka dhageessan godhe; lafa irratti ibidda isaa isa guddaa isin argisiise; ibiddicha gidduudhaas dubbii isaa in dhageessan*. 37 Inni abboota keessan waan jaallateef, sanyii isaaniis isaan boodeedhaan fo'atee, ofii isaatii isin duratti argamee, humna isaa isa guddaadhaan biyya Gibxii keessaa isin in baase*.

38 Akka har'a asitti isin galche kana,
yommus biyya isaaniis dhaala godhee
isiniif kennuudhaaf, saba gurguddi-
naan, aangoodhaanis isin caalan fuula
keessan duraa ari'ee in baase. 39 Kanaa-
fis har'a gooftichi ol waaqa irratti, gad
lafa irrattis Waaqayyo akka ta'e, kan
biraas akka hin jirre beekaa, yaadattis
qabadhaa! 40 Kanaaf isiniif, isin bood-
dees ijoollee keessaniif akka tolutti,
biyya Waaqayyo gooftaan keessan bara
bundumaaf isiniif kennu keessattis bar-
ri keessan akka dheeratutti, seerrata
isaa fi abboommii isaa warra ani har'a
isin abboomu eeguun isiniif in ta'a.
**33 Bau 20:19*
**34 7:19*
**35 32:39*
**36 Bau 19:16-18; 20:18-20*
**37 7:8,13; 10:15*

Mandaroonni Sadii Kooluuf Kennamuu Isaanii

41 Ergasii Museen mandaroota
Yordaanos irraa gara ba'a-biiftuu jiran
sadii addaan in baase. 42 Kunis namni
utuu bin beekin, duraanis haala utuu
irraa bin qabaatin nama ajjeesee, man-
daroota kana keessaa isa tokkotti yoo
baqate akka jiraatuuf ture. 43 Manda-
roonni sunis, Bezer isa bakkee diriiraa
lafa onaa keessaa gosa Ruubeniif ken-
name; Amoot isa Giil'aad keessaa gosa
Gaadiif kenname; Golaan isa Baashaan
keessaa gosa Minaaseetiif kenname
turan*.
**41-43 Lak 35:9-28; Iya 20:8-9*

Waa'ee Seera Waaqayyoo Isa Isaanlif Kennamee Yaadachiisuu Isaa

44 Seerri Museen Israa'eloota dura
kaa'e kanatti aanee kan jiruu dha.
45 Isaanis dhuga-baatota, seerrata, wan-
ta qajeelaa ta'es warra Museen yeroo
Israa'eloonni biyya Gibxii ba'an itti
dubbatee dha. 46 Inni laga Yordaanos
irraa gara ba'a-biiftuu fuullee Bet-
Pbe'or biyya Sihoon mootii Amoorotaa
isa Hesbboon keessa jiraatu sanaatti
ture; isa immoo Musee fi Israa'eloonni
yeroo Gibxii ba'anii dhufan in ballees-
san. 47 Yommus isaan biyya isaa, biyya
Oog mootii Baasbaanis, biyya mootota
Amoorotaa lamaan warra dacbaa Yor-
daanos keessaa gara ba'a-biiftuu turan
sana in qabatan. 48 Biyyichi Aro'er isa
qarqara laga Aarnonii jalqabee hamma
tulluu Siiyon isa Hermoon jedhamuutti,
49 guutummaa Arabaayi isa Yordaanos
irraa gara ba'a-biiftuu jiruutti, hamma
galaana Arabaayi isa miilla tulluu
Phiisgaa jalaattis in bal'ata ture.

Museen Abboommii Kurnan Isaan Yaadachiisuu Isaa

(Bau 20:1-17)

5 1 Yommus Museen guutummaa Is-
raa'el walitti waamee, "Yaa Is-
raa'el, seerrata, wanta qajeelaa ta'e isa
ani har'a isinitti dubbadhu kana dha-
ga'aa! Isaan baraa, jabeessaa eegaas!
2 Waaqayyo gooftaan keenya tulluu
Siinaa gubbaatti kakuu nuuf galeera*.
3 Har'a Waaqayyo nuyi warra amma
jirru kanaa wajjin kakuu kanatti gale
malee, abboota keenyaa wajjin miti.
4 Waaqayyo tulluu irratti fuula keessan
duraa ibidda gidduudhaa isinitti in
dubbate. 5 Ani yeroo sana sababii isin
ibiddicha sodaattanii tullichatti ol hin
ba'in haftaniifan dubbii Waaqayyoo
isinitti himuuf Waaqayyoo fi isin gid-
duu dhaabadhe; inni,
6 'Ani Waaqayyo, gooftaa kee isa mana
garbummaa biyya Gibxii keessaa si
baasee dha.
7 " 'Waaqayyolii kan biraa tokko
illee ana bukkeetti hin qabaatin*! 8 Bifa
qirixame, fakkeenya wanta ol waaqa
irra jiruu, gad lafa irra jiruu yookiis
bishaan keessa lafa jala jiruu hin tolfa-
tin*! 9 Ati bifa fakkeenyaa kanaaf hin
sagadin, isaafis bin hojjetin! Ani Waa-
qayyo gooftaan kee Waaqayyo hinaafaa
dha; cubbuu abbootaas bamma dhaloota
sadii, hamma dhaloota afuriittis harka
ijoollee warra na jibbanii keessaa nan
barbaada. 10 Dhaloota warra na jaallata-
nii abboommii koo eeganiitti garuu,
kumaatama isaaniitti gaarummaa koo
nan argisiisa.
**2 Bau 19:5; 24:1-8*
**7 Bau 20:3; Kes 11:16,28*
**8 27:15*

11 " 'Waaqayyo nama akkasumaan
maqaa isaa dha'u adaba malee waan
hin dhiifneef, ati maqaa Waaqayyoo
gooftaa kectii akkasumaan hin dha'in!
12 " 'Waaqayyo gooftaan kee akka si
abboometti, guyyaa Sanbataa qulqulli-
natti eegi! 13 Guyyaa ja'a hojii kee hoj-
jedhu, jiruu kees hundumaa godhadhu!

14 Guyyaan inni torbaffaan garuu Sanba-
ta Waaqayyo gooftaa keetiif eegamuu
dha; isatti ati, ilmi kee, intalli kee,
hojjetaan kee, hojjettuun kee, qotiyyoon
kee, harreen kee, boriin qe'ee kee hun-
dinuu, galaan kellaa kee keessa jirus
hojii tokko illee hin hojjetin! Hojjetaan
kee fi hojjettuun kee akkuma kee haa
boqotan! 15 Ati biyya Gibxiitti garbicha
akka turte, Waaqayyo gooftaan kee har-
ka jabaadhaan, irree ol fuudhamaadhaa-
nis achii akka si baase yaadadhu; Waa-
qayyo gooftaan kee kanaaf guyyaa San-
bataa akka eegduuf si abboome*.
**15 15:15; 16:12; 24:18,24*

16 " 'Biyya Waaqayyo gooftaan
kee siif kennu keessa bara dheeraa
akka jiraattuuf, gaariis akka siif ta'uuf,
akkuma Waaqayyo gooftaan kee si
abboometti abbaa kee fi haadha keef
ulfina kenni!
17 " 'Hin ajjeesin!
18 " 'Hin ejjin!
19 " 'Hin hatin!
20 " 'Nama irratti sobaan dhugaa
hin ba'in!
21 " 'Haadha manaa namaa duraa
fudhachuudhaaf hin hawwin; mana na-
maa, maasii isaa, bojjetaa isaa, bojjet-
tuu isaa, qotiyyoo isaa, barree isaa
yookiis waanuma kan isaa ta'e duraa
fudhachuudhaaf hin hawwin*!'
**21 Mik 2:2*

22 "Waaqayyo tulluu gubbaadhaa
ibiddaa fi duumessa gidduudhaa, duu-
messa gurraacha limixii keessaas saga-
lee guddaadhaan dubbii kana guutum-
maa walga'ii keessanitti dubbatee, ga-
batoota dhagaa lamatti isaan caafee
anatti kenne malee, wayyis itti hin
daballe*.
**22 Bau 24:12; 31:18*

Museen, Waaqayyoo Fi Saba Gidduu Dhaabachuu Isaa

(Bau 20:18-21)

23 "Gaafas isin ibiddi tullicha irraa
utuu boba'uu dukkana keessaa sagalee
yommuu dhageessan, dura-buutonni
gosa keessanii hundinuu maanguddoonni
keessanis na bira dhufanii,
24 'Kunoo, Waaqayyo gooftaan keenya
ulfina isaa fi guddina isaa nu argisii-
seera, nuyis ibiddicha gidduudhaa sa-
galee isaa dhageenyeerra; Waaqayyo
namatti dubbatee, nama utuu hin du'in
hafu, nuyi har'a argineerra*. 25 Ammas
deebinee sagalee Waaqayyo gooftaa
keenyaa yoo dhageenye nuyi in duuna,
ibiddi guddaan kunis xaph nu godha,
egaa maaliif dhumna ree? 26 Nama
foon uffate hundumaa keessaa eenyutu
Waaqayyo inni jiraataan ibidda gid-
duudhaa utuu dubbatuu dhaga'ee, akka
keenya kana utuu hin du'in bafe ree?
27 Ati itti dhi'aadhuu waan Waaqayyo
gooftaan keenya jedhu hundumaa dha-
ga'i, wanta Waaqayyo gooftaan kee-
nya sitti dubbatu hundumaas nutti
himi! Nuyi in dhageenya, in abboo-
mamnas' jettan.
**24 Bau 33:20; Kes 4:12-13,33*

28 "Waaqayyo dubbii isin anatti
dubbattan kana yommuu dhaga'e, inni
anaan, 'Isa jarri kun sitti dubbatan
dhaga'eera:- Isaan wanta dubbatan
hundumaa ba'eessa dubbatan. 29 Isaa-
niif ijoollee isaaniifis bara baraan
gaarii akka ta'uuf, ana sodaachuu-
dhaaf, abboommii koo hundumaas ee-
guudhaaf yeroo hundumaa garaa ak-
kasii utuu qabaatanii attam gaarii
dba*! 30 Ammas dhaqiitii:- Godoow-
wan keessanitti deebi'aa isaaniin je-
dhi! 31 Ati garuu deebi'ii as na bira
dhaabadhu, anis abboommota, seerra-
ta, waan qajeelaa ta'e hundumaas sitti
nan hima; ati immoo biyya ani akka
isaan qabataniif isaaniif kennu kees-
satti isa akka eeganiif isaan in barsiif-
ta' jedhe. 32 Egaa of eeggadhaatii ak-
kuma Waaqayyo gooftaan keessan
isin abboometti isa eegaa, isa irraas
gara mirgaatti yookiis gara bitaatti hin
gorinaa*! 33 Isin akka jiraattanitti,
gaariis akka isiniif ta'utti, biyya isa
qabachuuf jirtan keessas bara dheeraa
akka jiraattanitti, karaa Waaqayyo
gooftaan keessan isin abboome bun-
dumaa irra deddeebi'aa!" jedhe.
**29 4:10; 29:3*
**32 4:2; 28:14; Iya 1:7; Fak 4:27*

Waaqayyoon Jaallachuun Abboommii Isa Caalu Ta'uu Isaa

6 1 Ammas abboommiin, seerranni,
wanti qajeelaa ta'es, inni Waaqay-
yo gooftaan keessan biyya dhaaluu-
dhaaf itti adeemtan keessatti akka
hojjettaniif isin barsiisuu na abboo-
me, kanatti aanee kan jiruu dba.
2 Kunis isin guutummaa bara jireenya

keessaniitti seerrata isaa fi abboommii isaa warra ani isin, ijoollee keessan, Ijoollee ijoollee keessaniis abboomu, eeguudhaaf Waaqayyoon gooftaa keessan akka sodaattaniif, barri keessanis akka isiniif dheeratuuf kan kennamanii dha*. 3 Egaa yaa Israa'el dhaga'i! Gaarii akka siif ta'uuf, akkuma Waaqayyo inni kan abboota keetii si abdachiisettis biyya aannanii fi damma baasu sana keessatti guddaa baay'achaa akka adeemtuuf wanta kana of eeggadhuu hojjedhu*!

**2 4:10*
**3 Luq 11:28*

4 Yaa Israa'el dhaga'i! Waaqayyo gooftaan keenya Waaqayyo isa tokkicha*! 5 Ati Waaqayyoon gooftaa kee garaa kee guutuudhaan, humna kee guutuudhaanis jaalladhu*! 6 Dubbiin ani har'a si abboomu kunis garaa kee keessa haa taa'u*! 7 Isas keessa deddeebi'ii ijoollee kee barsiisi! Yeroo mana kee keessa teessu, karaa irra yeroo adeemtu, yeroo ciiftu, yeroo kaatus waa'ee isaa dubbadhu*! 8 Ati akka milikkitaatti harka kee irratti isa hidhadhu! Ija kee durattis kan rarra'u haa ta'u*! 9 Michichila balbala mana keetii fi karra keetii irratti isa caafi!

**4 Mar 12:29-30; 1Qor 8:6*
**5 Mat 22:37; Kes 10:12; 2Mot 23:25*
**6 11:18-20*
**7 Uma 18:19*
**8 Bau 13:9*

Abboomamuu Diduu Irraa Of Eeggachiisuu Isaa

10 Waaqayyo gooftaan kee biyya, mandaroota gurguddaa fi gaggaarii warra ati hin ijaarin siif kennuudhaaf abboota kee Abrahaamii fi Yisihaqiif, Yaaqoobiifis kakate kanatti yeroo si galchu*, 11 manneen mi'a gaggaarii ati itti hin guutiniin guutaman, boolla bishaanii warra ati ofii hin qotin, iddoo dhaabaa waynii fi mukkeetii ejersaa warra ati ofii hin dhaabin yeroo argattu, nyaattees yeroo quuftu*, 12 Waaqayyoon isa biyya Gibxii, mana garbummaa keessaa si baase sana akka hin irraanfannetti of eeggadhu*!

**10 Uma 12:7*
**11 8:10*
**12 4:9*

13 Ati Waaqayyoon gooftaa kee sodaadhu, isaafis hojjedhu, maqaa isaatiinis kakadhu*! 14 Ati waaqayyolii biraa, waaqayyolii saba warra naannoo kee jiranii, hin waaqessin! 15 Waaqayyo gooftaan kee inni si gidduu jiru, Waaqayyo hinaafaa waan ta'eef, dheekkamsi Waaqayyo gooftaa keetii si irratti akka hin bobaanetti, inni irra lafaa irraa akka si hin balleessinetti of eeggadhu*!

**13 10:20; Mat 4:10*
**15 Bau 20:5*

16 Waaqayyoon gooftaa kee kanaan dura Maasaatti akka qorte isa hin qorin*! 17 Ati abboommota, wanta isaaf dhugaa ba'aniif, seerrata Waaqayyo gooftaa keetii warra inni si abboome cimsii eegi! 18 Gaarii akka siif ta'utti, biyya Waaqayyo abboota keetiif kennuudhaaf kakate sanattis galtee qabeenya kee akka isa godhattuuf, ati wanta qajeelaadhaa fi Waaqayyo duratti gaarii ta'e godhi! 19 Waaqayyo akkuma jedhe diinota kee hundumaa si duraa ari'ee in baasa*.

**16 Bau 17:1-7; Mat 4:7*
**19 Bau 23:27-28*

20 Gara fuula duraattis ilmi kee, "Wanti isaaf dhugaa ba'u, seerranni, wanti qajeelaa ta'es inni Waaqayyo gooftaan keenya si abboome kun maal fa'i?" jedhee yoo si gaafate*, 21 ati immoo ilma keetiin, "Nuyi biyya Gibxiitti garboota mootii biyya sanaa turre; Waaqayyo garuu irree jabaadhaan biyya Gibxii nu baase*; 22 Waaqayyo milikkita, dinqii gurguddaadhaa fi sodaachisaa biyya Gibxii irratti, mootii Gibxii irratti warra mana isaa keessa jiraatan irrattis fidee ija keenya duratti argisiise. 23 Inni biyya isa abboota keenyaaf kennuudhaaf kakuudhaan abdachiise sana nuuf kennee, itti nu galchuudhaaf achi keessaa nu baase. 24 Waaqayyo egaa yeroo hundumaa gaarii akka nuuf ta'uuf, innis akkuma har'aa kana jireenyatti akka nu eeguuf, nuyi Waaqayyoon gooftaa keenya akka sodaannutti, seerrata isaa kana hundumaa eeguu nu abboome*. 25 Nuyis akkuma inni nu abboometti, Waaqayyo gooftaa keenya duratti abboommii isaa kana hundumaa gochuudhaaf yoo of eegganne,

qajeelummaatti nuuf in lakkaa'ama" in jetta.

**20 Iya 4:6-7; Bau 13:14*
**21 5:15; Far 44:2*
**24 4:1*

Sabni Israa'el Saba Warra Kaanli Wajjin Akka Walii Hin Galle Dhowwamuu Isaanii

(Bau 34:11-16)

7 1 Waaqayyo gooftaan kee biyya ati itti galtee qabachuuf jirtutti yommuu si geessu, biyyicha keessaa Heetota, Girgaashota, Amoorota, Kana'aanota, Pheriizota, Hiiwota, Yibusoota saba si caalaa baay'atanii fi jajjabaatan, saba baay'ee kana torban si duraa oofee in baasa*. 2 Waaqayyo gooftaan kee harka kee keessa isaan yommuu buusu, atis isaan yommuu rukuttu, hunduma isaanii ajjeesi malee, isaanii wajjin kakuutti hin galin, oo'as isaan hin argisiisin! 3 Isaanitti hin soddoomin, intaloota kee ilmaan isaaniitti hin heerumsiisin, ilmaan kees intaloota isaanii hin fuusisin*! 4 Kanaa achi isaan ilmaan kee waaqayyolii biraaf akka hojjetaniif Waaqayyo biraa in deebisu, dheekkamsi Waaqayyoo si irratti in boba'a, dafees si balleessa. 5 Kanaaf ati iddoo aarsaa isaanii diigi, utuboota dhagaa qulqullaa'aatti ilaalaman sanas caccabsi, mukkeetii isaan qiqqirixanii waaqayyittii tolfamtuuf dhaabanis jigsi! Bifa fakkeenya isaaniis ibiddaan gubi! Kunoo, akkas isaan godhi*! 6 Ati Waaqayyo gooftaa keetiif saba qulqullaa'aa dha; Waaqayyo gooftaan kee akka ati addaan baatee saba dhuunfaa isaa taatuufitti, saba biyya lafaa irra jiran hundumaa keessaa si fo'ateera*.

**1 31:3; HoE 13:19*
**3 Bau 34:15-16*
**5 12:2-3*
**6 Bau 19:5; Kes 4:20; Tit 2:14; 1Phe 2:9*

7 Waaqayyo sababii ati saba lafa irraa keessaa lakkoobsatti baay'attuuf si jaallate yookiis si fo'ate miti, ati saba lafa irraa keessaa lakkoobsatti muraasa*. 8 Waaqayyo garuu waan si jaallateef kakuu abboota keetiif kakates waan eeguu barbaadeef, irree jabaadhaan mana garbummaa keessaa, harka Fara'oon mootii Gibxii jalaa si fure*. 9 Egaa Waaqayyo gooftaan kee Waaqayyoo dha, isa beeki! Inni Waaqayyo amanamaa dha; inni warra isa jaallatanii abboommii isaa eeganiif hamma dhaloota kumaatti kakuu isaa in eega, gaarummaa isaas isaan in argisiisa*. 10 Warra isa jibban garuu isaan balleessuudhaan gatii isaanii mataa isaaniitti in deebisa; inni warra isa jibbanitti achumaan dafee gatii isaanii mataa isaaniitti in deebisa*. 11 Egaa ati abboommii, seerrata, wanta qajeelaa ta'es warra ani har'a si abboomu kana eegi!

**7 9:4-5*
**8 4:37; Hos 11:1*
**9 Bau 20:5-6; Nah 1:5; Dan 9:4*
**10 Naho 1:2*

Eebba Abboomamuu Keessaan Dhufu.

(Kes 28:1-14; Lew 26:3-13)

12 Waan qajeelaa ta'e kana gaarii gootee yoo eegde, Waaqayyo gooftaan kee abboota keef isa kakate kakuu isaa siif in eega, gaarummaa isaas si argisiisa*. 13 Inni si jaallata, si eebbisa, si baay'isas; inni biyya siif kennuuf abboota keetiif kakate keessatti dhala kee, midhaan maasii kee keessaa, waynii kee, dhadhaa ejersaa kee in eebbisa; saawwan kee fi bushaayee kee siif baay'isuudhaan si eebbisa. 14 Ati saba hundumaa caalaa in eebbifamta; nama kee keessaa dhiirris dubartiinis dhala kan dhabu, saawwan kee keessaas kan maseenu hin jiru. 15 Waaqayyo dhukkuba hundumaa sittii in qaba; inni dhukkuba hamaa ati biyya Gibxiitti beektu sana warra si jibban hundumaatti fida malee, sitti hin fidu*. 16 Saba Waaqayyo gooftaan kee dabarsee sitti kennu hundumaa balleessi malee, isaaniif hin oo'in! Kiyyoo waan sitti ta'uuf waaqayyolii isaaniif hin hojjetin*!

**12 Bau 23:22-31*
**15 Bau 15:26*
**16 7:1-4; Bau 23:33; 34:12; Iya 23:13*

17 Ati, "Sabni kun lakkoobsattoo ana caaluu attamittan achii isaan baasa ree?" jettee garaa keetti in yaadda ta'a; 18 garuu wanta Waaqayyo gooftaan kee Fara'oonii fi warra Gibxii hundumaa irratti hojjete ba'eessa godhii yaadadhu malee, isaan hin sodaatin! 19 Ati yaalii isa guddaa ija keetiin

argite sana, milikkita, dinqii, harka jabaa, irree ol fuudhamaas isa Waaqayyo gooftaan kee ittiin si baase sana yaadadhu! Waaqayyo gooftaan kee saba ati amma sodaattu kana hundumaas akkasuma in godha*. 20 Kanuma irratti iyyuu warri hafanii si duraa dhokatan hamma balleeffamanitti Waaqayyo gooftaan kee soonsa isaanitti in erga*. 21 Waaqayyo gooftaan kee, Waaqayyo inni guddaanii fi sodaatamaan sun sii wajjin waan jiruuf isaan hin sodaatin! 22 Waaqayyo gooftaan kee saba kana irraa jalaan si duraa oofee in baasa, bineensi akka sitti hin baay'annetti immoo hunduma isaanii al tokkoon hin balleessin! 23 Waaqayyo gooftaan kee harka kee keessa isaan in buusa; hamma isaan dhumanittis badiisa guddaa isaanitti in fida. 24 Inni mootota isaanii harka kee keessa in buusa; maqaa isaaniis waaqa jalaa in balleessita; namni tokko illee si dura dhaabachuu hin danda'u, ati isaan in balleessita. 25 Bifa fakkeenya waaqayyolii isaanii ibiddaan gubi! Inni kiyyoo akka sitti hin taanetti warqee fi meetii waaqayyolii isaaniitti uffifame hin hawwin! Inni Waaqayyo gooftaa kee duratti ciigga'amaa waan ta'eef, isa hin fudhatin! 26 Inni abaaramaa waan ta'eef, atis akkuma isaa abaaramaa akka hin taanetti raawwattee isa ciigga'i, isa tuffadhus malee, wanta ciiggaasisaa mana keetti hin galchin!

**19 4:34; 29:2*
**20 Bau 23:28-30*

Waaqayyoon Akka Hln Irraanfanneef Gorfamuu Isaanii

8 1 Ammas isin akka jiraattaniif, akka baay'attaniif, biyya Waaqayyo abboota keessaniif kennuudhaaf kakuudhaan abdachiise sanattis galtanii qabeenya keessan akka godhattaniif, isin of eeggadhaatii abboommii ani har'a isin abboomu hundumaa eegaa*! 2 Waaqayyo gooftaan keessan gad isin deebisuudhaaf garaa keessan keessa waan ture, abboommii isaa in eegduu fi hin eegdanii keessan beekuudhaaf, qoree isin ilaaluudhaafis jedhee, karaa inni lafa onaa sana keessa waggaa afurtama kana isin adeemsisaa ture yaadadhaa*! 3 Yommus namni dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'uun malee, buddeena duwwaadhaan akka hin jiraanne isin barsiisuudhaaf, inni isin beelessee gad isin deebise; kana boddee immoo maannaa, isa isin abboonni keessanis hin beekin isin soore*. 4 Waggaa afurtamman kanas uffanni keessan isin irratti hin dhumne, miilli keessan hin iitofne*. 5 Egaa namni ilma isaa akkuma adabatu, Waaqayyo gooftaan keessanis immoo isin adabachuu isaa garaatti qabadhaa*!

**1 4:1*
**2 Bau 15:25; Far 95:9-10*
**3 Mat 4:4*
**4 29:4*
**5 Er 30:11; 46:28; Ibr 12:7; Fak 3:11-12*

6 Egaa karaa isaa irra adeemuudhaan, isa sodaachuudhaanis abboommii Waaqayyo gooftaa keessanii eegaa! 7 Waaqayyo gooftaan keessan biyya gaariitti, isa dachaan isaa fi tulluun isaa burqaa bishaanii, ijoo bishaanii fi bishaan lafa jalaa qabutti isin in galcha. 8 Biyyichi biyya qamadii, biyya garbuu, biyya mukkeetii waynii, biyya mukkeetii harbuu, biyya rumaanii, biyya mukkeetii ejersaa fi biyya dammaa ti. 9 Biyya ati utuu hin beela'in buddeena nyaattu, biyya ati keessatti waan tokko illee hin dhabnee dha; dhagaan biyyichaa sibiila qaba, tulloota isaa keessaas sibiila diimaa qottee in baafta. 10 Atis nyaattee in quufta, biyya gaarii inni siif kenne sanaafis Waaqayyoon gooftaa kee ulfinaan in jajatta.

11 Egaa ati abboommii isaa, wanta qajeelaa ta'e, seerrata isaas warra ani har'a si abboomu eeguu dhiisuudhaan, Waaqayyoon gooftaa kee akka hin irraanfannetti of ceggadhu*! 12 Kanaa achi ati yeroo nyaattee quuftu, manneen gaggaariis ijaarrattee yeroo keessa jiraattu, 13 saawwan kee fi bushaayeen kee yeroo wal horan, meetiin kee fi warqeen kee yeroo baay'atu, wanti ati qabdu hundinuus yeroo guddatu, 14 yommus ati garaa keetti ol of qabuu in jalqabda, Waaqayyoon gooftaa kee isa biyya Gibxii mana garbummaa sana keessaa si baases in irraanfatta. 15 Inni isa si geggeessee lafa onaa bal'aa fi sodaachisaa, lafa gogaa bishaan hin qabne, lafa bofni hadhaa qabuu fi torbaanqabaan kan keessa guute sana keessa si dabarsee dha, isa dhagaa

qarsaa keessaa bishaan siif baasee dhas*; 16 isa gad si deebisuudhaaf, qorees si ilaaluudhaaf, gara dhumaatti immoo gaarii siif gochuudhaaf lafa onaa keessatti, maannaa wanta abboonni kee iyyuu hin beekne si sooree dha*. 17 Kanaaf garaa keetti, "Humna koo fi jabina irree kootu badhaadhummaa kana anaaf kenne" in jetta ta'a. 18 Garuu Waaqayyo gooftaan kee akkuma har'a godhe kana, kakuu isa abboota kee abdachiise cimsuudhaaf jedhee, ati badhaadhummaa akka argattuuf, humna waan siif kennuuf isa yaadadhu*!

**11 4:9*
**15 Bau 17:1-7*
**16 8:2-3*
**17-18 Far 44:3-8*

19 Ati Waaqayyoon gooftaa kee irraanfattee, waaqayyolii warra kaan duukaa buutee isaaniif yoo hojjette, yoo sagaddeefis garuu, raawwattee akka ati baddu, ani har'a sitti dhugaa nan ba'a. 20 Ati Waaqayyo gooftaa keef dhaga'uu waan hin jaallatiniif, akkuma saba warra Waaqayyo fuula kee duraa balleessee atis akkasuma in badda.

Ahboomamuu Diduu Saha Israa'el

9 1 Dhaga'i yaa Israa'el! Ati har'a mandara gurguddaa dheerinni dallaa isaanii waaqa keessa ga'u saba warra kaan warra guddinaa fi humnaan si caalan irraa fudhachuudhaaf laga Yordaanos in ceeta*. 2 Jarri sunis sanyii Aanaaqotaa ti; isaan jajjaboodhaa fi dhedheeroo dha; ati iyyuu isaan in beekta, waa'ee isaaniifis, "Eenyutu sanyii Aanaaq dura dhaabachuu danda'a?" jedhamee akka dubbatamu dhageesseetta*. 3 Egaa har'a inni akka ibidda xaph godhuutti si dura adeemu Waaqayyo gooftaa kee akka ta'e beeki! Inni si duraa isaan in balleessa, harka kee jalas isaan in galcha; yommus ati akkuma Waaqayyo si abdachiisetti biyya keessaa isaan in baafta, daftees isaan in fixxa*.

**1 1:28*
**2 Lak 13:32-33*
**3 4:24*

4 Yommuu Waaqayyo gooftaan kee isaan si duraa ari'ee baasu, ati immoo, "Waaqayyotu qajeelina koof jedhee akka ani biyya kana qabadhuuf as ana galche" jettee garaa keetti hin yaadin! Waaqayyo gooftaan kee garuu sabni kun jal'oota waan ta'aniif, si duraa oofee isaan in baase. 5 Waaqayyo gooftaan kee saba kana jal'ina isaatiif jedhee si duraa oofaa waan jiruuf, biyya kana qabachaa jirta malee, qajeelina kee yookiis gara-tolina keetiif miti; Waaqayyo isa abboota kee Abrahaamii fi Yisihaqiif, Yaaqoobiifis kakate sana fiixaan baasuudhaaf kana in godha*. 6 Waaqayyo gooftaan kee sababii qajeelina keef biyya gaarii kana akka qabattuuf akka siif hin kennin egaa beeki! Ati dhuguma saba boqu-jabeessa.

**4-5 8:17*

7 Ati lafa onaa keessatti Waaqayyo gooftaa kee attam akka aarsite yaadadhu, hin irraanfatinis! Gaafa biyya Gibxii baatee jalqabdee hamma guyyaa iddoo kanatti galteetti Waaqayyo irratti ka'aa turte. 8 Ati Waaqayyoon Siinaatti iyyuu aarsinaan, inni sitti dheekkamee si balleessuuf yaade. 9 Yommuu ani gabatoota dhagaa, gabatoota kakuu isa Waaqayyo wanta sii wajjin kakuutti gale irratti caafe sana fuudhuudhaaf gara tullichaatti ol ba'e, guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama tullicha irra nan taa'e; yeroo sana ani buddeena hin nyaanne bishaanis hin dhugne*. 10 Waaqayyo yommus gabatoota dhagaa lamaan warra quba isaatiin irratti caafe sana anatti in kenne; dubbiin Waaqayyo gaafa isin walitti qabamtan sana tullicha irraa ibidda gidduudhaa isinitti dubbate hundinuu isaan irratti caafamanii jiru turan*. 11 Waaqayyo guyyaan afurtamnii fi halkan afurtamni erga dhumee boddee, gabatoota dhagaa lamaan, gabatoota kakuu sana anatti in kenne. 12 Gaafas Waaqayyo, "Jarri kee warri ati biyya Gibxii baafte in manca'an, dafanii karaa ani isaan abboome irraa jal'atanii, bifa baqfamaa in tolfatan; kanaaf ka'ii, ariifadhuu gad bu'i!" naan jedhe.

**9 Bau 24:18; 34:28*
**10 Bau 31:18*

13 Ammas Waaqayyo, "Ani jara kana argeera, kunoo isaan boqu-jaboota; 14 ana dhiisi, maqaa isaanii waaqa jalaa haxaa'ee nan balleessa; sin immoo saba isaan caalaa jabaatuu fi baay'atuuf abbaa nan godha" jedhee

anatti in dubbate. 15 Yommus ani ibiddi tullicha irraa utuu boba'aa jiruun deebi'ee gabatoota kakuu sana lamaan harka lachuutti baadhee, tullicha irraa gad bu'e. 16 Yeroon ilaale, kunoo, akka isin Waaqayyo gooftaa keessan yakkitan, bifa baqfamaa akka jabbiitti tolfattanii, karaa Waaqayyo isin abboome irraas daftanii akka jal'attan nan arge. 17 Ani kana irrattan ija keessan duratti gabatoota sana lamaan of harkaa darbadhee caccabse. 18 Sababii isin Waaqayyoon tuttuqxanii aarsuudhaan isa duratti hamaa gootanii, cubbuu hundumaa hojjettaniif ani ammas deebi'ee guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama fuula Waaqayyoo duratti addaan nan gombifame; yeroo sana ani buddeena hin nyaanne, bishaanis hin dhugne*. 19 Waaqayyo aaree isin balleessuudhaaf waan isinitti qophaa'eefan, ani aarii isaa fi dheekkamsa isaa sodaadhe; Waaqayyo garuu ammas immoo anaaf in dhaga'e*. 20 Yommus Waaqayyo baay'isee Aaronitti dheekkame, isa ajeesuus in barbaade; ani garuu achumaan Aaroniifis immoo nan kadhadhe. 21 Dibicha keessan isa isin tolfattanii cubbuu isinitti ta'e sana fuudheen ibiddaan gubee caccabsee, hamma inni awwaara ta'utti daakee, awwaara isaa immoo bishaan tulluu jalaa gad yaa'utti naqe.

**18 9:9*
**19 Ibr 12:21*

22 Isin immoo Tabeeraatti, Maasaatti, Qibrot-Hatawaattis Waaqayyoon in aarsitan*. 23 Yommuu Waaqayyo, "Dhaqaatii biyya ani isiniif kenne qabadhaa!" jedhee, Qaadesh-Barne'aadhaa isin erge; isin immoo abboommii Waaqayyo gooftaa keessan irratti kaatan, isa hin amanne, isaafis hin dhageenye*. 24 Erga gaafa inni isinii wajjin wal bareetii jalqabee isin Waaqayyo irratti ka'uu hin dhiifne.

**22 Bau 17:7; Lak 11:3; 11:34*
**23 Lak 13:17,31; 14:1-4; Ibr 3:16*

25 Sababii Waaqayyo "Isinan balleessa" isiniin jedheefan, guyyaa afurtamaa fi halkan afurtamman sana fuula Waaqayyoo duratti addaan gombifame*. 26 Yommus ani Waaqayyoon kadhadhee, "Yaa Waaqayyo gooftaa, saba dhuunfaa kee warra ati humna kee isa guddaadhaan furte, irree jabaadhaanis biyya Gibxii baafte kana hin balleessin! 27 Ati hojjetoota kee Abrahaamii fi Yisihaqiin, Yaaqoobiinis yaadadhu malee, boqu-jabinaa fi jal'ina yookiis cubbuu saba kanaa hin ilaalin! 28 Kanaa achi warri ati biyya isaaniitii nu baafte, 'Waaqayyo biyya isaan abdachiisetti isaan galchuu hin dandeenye, inni sababii isaan jibbeef lafa onaatti isaan fixuudhaaf achii isaan baase' in jedhu*. 29 Isaan saba kee ti, saba dhuunfaa kee, warra ati humna kee isa guddaadhaa fi irree kee isa jabaadhaan baaftee dha" jedhe.

**25 9:18-19*
**28 32:27; Lak 14:15-16; Far 115:1-2*

Museen Si'a Lammaffaa Abboommicha Fuudhuu Isaa

(Bau 34:1-10)

10 1 Yeroo sanatti Waaqayyo anatti in dubbate; inni, "Gabatoota dhagaa akka warra duraa sana lama baasii soofi, tulluu irratti gara koo kottu! 2 Sanduuqa mukaa tokkos tolchi! Ani immoo sagalee gabatoota duraa warra ati cabsite sana irra turan gabatoota kana irratti nan caafa; atis sanduuqicha keessa isaan in keessa" jedhe.

3 Kana irratti ani muka laaftoo irraa sanduuqa nan hojjedhe, gabatoota dhagaa akka warra duraa sanas lama baasee nan soofe; gabatoota sana lamaanis harkatti qabadhee gara tulluutti ol nan ba'e. 4 Yommus Waaqayyo akkuma isa caaffata duraa sana irra ture, abboommii kurnan warra inni gaafa walga'ii sana tulluu irratti ibidda gidduudhaa isinitti dubbate, irratti in caafe; kana booddee Waaqayyo gabatoota sana anatti in kenne. 5 Ani tulluu irraa deebi'ec gad bu'ee, gabatoota sanas akkuma Waaqayyo na abboome sanduuqa isan tolche sana keessa nan kaa'e; isaanis sanduuqichuma keessa jiru.

6 Israa'eloonni Be'erot isa kan sanyii Yaa'aakaanii ka'anii gara Moseroot in adeeman; achitti Aaron du'ee, achumattis in awwaalame; Ele'azaar ilmi isaas qooda isaa luba ta'ee in hojjeta ture*. 7 Isaan achii ka'anii immoo gara Gudgodaatti, Gudgodaadhaa ka'aniis gara Yoxbaataa biyya isa burqituu bisbaanii qabutti in adeeman. 8 Waaqayyo yommus gosi Lewwii hamma har'aatti akkuma gochaa jiran, sanduuqa kakuu isaa baatanii isa dura dhaabatanii isaaf akka hojjetaniif, maqaa isaatiinis akka eebbisaniif addaan isaan in baase*. 9 Kanaafis gosi Lewwii obboloota isaanii wajjin qooda yookiis dhaala hin arganne; egaa akkuma Waaqayyo gooftaan kee isatti dubbatee ture dhaalli isaa Waaqayyoo dha*.

**6 Lak 33:30-33,38*
**8 Lak 3:5-8; Kes 31:9,25; 33:10*
**9 Lak 18:20*

10 Yommus ani akkuma si'a duraa sana guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama tulluu sana irra nan ture; Waaqayyo yeroo sanas immoo anaaf dhaga'eera, inni isin balleessuu hin jaallanne*. 11 Yommus Waaqayyo, "Sabni kun biyya ani isaaniif kennuudhaaf abboota isaaniitiif kakadhe sanatti galanii, biyyicha dhaala isaanii akka godhataniif, ka'i, isaan dura bu'ii adeemi!" jedhee anatti in dubbate.

**10 9:18; Bau 34:28*

Wantl Waaqayyo Isaan Irraa Barbaadu Itti Himamuu Isaa

12 Ammas yaa Israa'el, Waaqayyoon gooftaa kee sodaachuu, karaa isaa hundumaa irra adeemuu, isa jaallachuu, garaa kee guutuudhaan, jireenya kee guutuudhaanis Waaqayyo gooftaa keef hojjechuu malee, Waaqayyo gooftaan kee maal si irraa barbaada*? 13 Gaarii akka siif ta'uufis abboommii fi seerrata Waaqayyoo warra ani har'a si abboomu kana eeguu malees maal si irraa barbaada? 14 Kunoo, bantiin waaqaa fi bantiin waaqaa inni bantiiwwan waaqaa gararraa jirus, laftis wanta isa irra jiru hundumaa wajjin kan Waaqayyo gooftaa keetii ti. 15 Haa ta'u iyyuu malee, Waaqayyo abboota kee duwwaa jaallatee yaada irra kaa'ate; isaan booddeedhaanis akkuma har'aa kana isin sanyii isaanii iyyuu saba warra kaan hundumaa keessaa isin fo'ate*.

**12 Mik 6:8*
**15 4:37; 7:6*

16 Kanaafis isin yaada garaa keessanii isa haguugame qulleeffadhaa, si'achis deebitanii boqu-jabeeyyii hin ta'inaa*! 17 Egaa Waaqayyo gooftaan keessan waaqayyolii irratti Waaqayyoo dha, gooftaa gooftotaa, Waaqayyo isa guddaa, isa aango-qabeessa, isa sodaatamaa dhas; inni nama wal hin caalchisu, gabbarsuus hin fudhatu*. 18 Inni ijoollee abbaan irra hin jirreef, dubartii abbaan manaa irraa du'eefis firdii qajeelaa in kenna; inni nama galaa in jaallata, nyaataa fi uffatas in kennaaf. 19 Isinis biyya Gibxiitti galaa waan turtaniif, warra galaa sana jaalladhaa*!

**16 30:6; Uma 17:9-14*
**17 2Sen 19:7; HoE 10:34; 1Xim 6:15*
**19 Bau 22:20-21; Kes 27:19*

20 Ati Waaqayyoon gooftaa kee sodaadhu, isaaf hojjedhu, isatti maxxani, maqaa isaatiinis kakadhu*! 21 Inni isa ati jajattuu dha, inni Waaqayyo kee isa wanta gurguddaa fi sodaachisaa ati ija keetiin argite siif godhee dha. 22 Abboonni kee nama torbaatama ta'anii biyya Gibxiitti gad bu'an, amma garuu Waaqayyo gooftaan kee akka urjoota waaqa keessaa akka baay'attu si godhe*.

**20 4:10*
**22 Uma 46:27; 15:5*

Waaqayyoon Akka Jaallataniif, Akka Isaaf Abboomamanlifis Gorsuu Isaa

11 1 Kanaaf ati Waaqayyo gooftaa kee jaalladhu, wanta inni si irraa barbaadu, seerrata isaa, wanta qajeelaa ta'e, abboommii isaas yeroo hundumaa eegi*! 2 Ani ijoollee kee warra adaba Waaqayyo gooftaa keetii, guddina isaa, harka isaa isa jabaa, irree isaa isa cimaa hin beeknetti yookiis hin arginettan dubbadha utuu hin ta'in, sitti akkan dubbadhu ati har'a beeki! 3 Milikkitaa fi hojii isaa isa inni biyya Gibxii keessatti Fara'oon mootii Gibxii fi biyya isaa hundumaa irrattis godhe, 4 wanta inni yommuu isaan si ari'uuf si duukaa bu'an loltuu warra Gibxii, fardeen isaanii fi konkolaattota isaanii godhe, akka inni bishaan galaana diimaa isaan irra garagalche, akka Waaqayyo raawwatee isaan balleesses beeki*! 5 Hamma gaafa ati iddoo kana dhufteetti wanta inni lafa onaatti siif godhe, 6 gosa Ruuben keessaa Daataanii fi Abiiram ilmaan Eliiyaab wanta inni godhe, Israa'el hundumaa gidduutti lafti afaan isaa banee, maatii isaanii fi dunkaana isaanii, wanta isaan qaban horii isaanii hundumaa wajjin akka isaan liqimse hubadhu*! 7 Hojii

guddaa Waaqayyo hojjete kana hundumaa iji kee argeera.
**1 6:4-5*
**4 Bau 14:25,27*
**6 Lak 16:25-34*

8 Ammas akka jabaattee ceetee biyyicha qabattuuf abboommii ani har'a si abboomu kana hundumaa eegi! 9 Biyya Waaqayyo abboota kee fi sanyii isaaniitiif kennuudhaaf kakate, biyya aannanii fi damma baasu sana keessa bara dheeraa in jiraatta*. 10 Biyyi ati itti galtee, qabachuudhaaf jirtu kun akka biyya Gibxii isa ati keessaa baatee dhufte, isa yeroo sanyii facaafattu akka nama biqiltuu guddisuutti miillaan deddeebitee bishaan itti jal'iftee obaafattu sanaa miti. 11 Biyyi ati qabachuudhaaf itti lixuuf adeemaa jirtu, biyya gaaraa fi dachaa qabu, biyya waaqa irraa bokkaa argatuu dhas. 12 Biyyichi biyya Waaqayyo gooftaan kee ilaaluu dha; iji Waaqayyo gooftaa keetii jalqaba waggaatii hamma dhuma waggaatti yeroo hundumaa isa in to'ata.
**9 Bau 3:17*

13 Ati abboommii ani har'a si abboomu kana jabeessitee yoo eegde, Waaqayyoon gooftaa kee yoo jaallatte, garaa kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaanis yoo isaaf hojjette, 14 inni immoo lafa kee irratti yeroo yeroo isaatti bokkaa in roohsa, ati midhaan kee fi waynii kee, dhadhaa ejersaa kees akka galfattutti, bokkaa arfaasaa fi bokkaa hirraa siif in roobsa. 15 Inni bakkeedhaa horii keetiif marga in kenna; atis in nyaatta in quuftas*. 16 Garaan kee akka hin gowwoomne, garagaltees waaqayyolii biraatiif akka hin hojjenne, akka hin saganneefittis of eeggadhu*! 17 Kanaa achi dheekkamsi Waaqayyoo si irratti in boba'a; bokkaan akka hin roobnetti inni bantii waaqaa in cufa, laftis midhaan hin kennu; yommus ati biyya gaarii isa Waaqayyo siif kennu irraa daftee in badda*.
**13-15 7:12-15; 28:1-14*
**16 Bau 20:3*
**17 Lew 26:19-20*

18 Kanaafis dubbii koo kana garaa kee keessa, yaada kee keessas kaa'adhu, milikkitaaf akka siif ta'uttis harka keetti hidhadhu, akka seenaattis ija kee lamaan gidduutti rarraafadhu! 19 Mana kee keessa yommuu teessu, karaa irra yommuu adeemtu, yommuu ciiftu, yommuu kaatus waa'ee isaanii dubbadhu, ijoollee kees ittiin barsiisi! 20 Michichila balbala mana keetii fi karra kee irratti isaan caafi*! 21 Yommus barri kee fi harri ijoollee kee biyya Waaqayyo abboota keef kennuudhaaf kakate keessatti hamma hantiiwwan waaqaa lafa gararraa jiranitti in dheerata.
**18-20 6:6-9*

22 Abboommii ani har'a si abboomu kana hundumaa cimsitee yoo eegde, Waaqayyo gooftaa kees yoo jaallatte, karaa isaa hundumaa irra yoo adeemte, isatti yoo maxxante, 23 Waaqayyo immoo saba kana hundumaa si duraa in kaasa; ati immoo saba si caalaa guddaadhaa fi humna-qabeessa in dhaalta. 24 Iddoon faanni miilla kee irra ejjetu hundinuu kan kee in ta'a; daariin lafa keetiis lafa onaadhaa ka'ee hamma Liibaanonitti, laga Efraaxiisii ka'ee immoo hamma galaana isa guddaa gara lixa-biiftuu jiruutti in adeema. 25 Waaqayyo gooftaan kee akkuma si abdachiise naasisuu kee fi sodaachisuu kee biyya miilli kee keessa ejjete hundumaa irra in buusa, namni si dura dhaabachuu danda'us hin jiru*.
**25 Bau 23:27*

26 Ilaa! Ani har'a eebbaa fi abaarsa si dura nan kaa'a*. 27 Abboommii Waaqayyo gooftaa keetii isa ani har'a si abboomu kana yoo eegde, kun eebba siif ta'a; 28 abboommii Waaqayyo gooftaa keetii yoo eeguu dhaabaatte, karaa isaa isa ani har'a si abboomu kana irraas yoo jal'atte, waaqayyolii biraa warra dur hin beekne duukaas yoo buute, kun abaarsa sitti ta'a. 29 Yommuu Waaqayyo gooftaan kee biyya ati dhaqxee qabachuuf jirtutti si galchu, tulluu Geriiziim irraa eebba, tullun Ebaal irraa abaarsa in labsita*. 30 Tulloonni kun Yordaanos gama, biyya Kana'aanotaa isa karaa gara lixa-biiftuutiin Arabaayi keessa fuullee mandara Giilgal, qilxuu Mooree bukkee jiru keessatti argamu mitii ree*? 31 Ati biyya Waaqayyo gooftaan kee siif kennu dhaqxee qabachuudhaaf laga Yordaanos ce'uuf jetta; biyyicha fudhattee yommuu isa keessa jiraattu, 32 seerrataa fi wanta qajeelaa ta'e isa ani har'a si dura kaa'u kana hundumaa akka eegduuf of eeggadhu!
**26 30:1,5,19*
**29 27:12-13; Iya 8:33-34*
**30 Uma 12:6*

Iddoon Sagadaa Inni Tokkichi Beekamuu Isaa

12 1 Isin biyya Waaqayyo gooftaan inni kan abboota keessanii guutummaa bara lafa irra jiraattan hundumaatti qabeenya keessan akka godhattaniif isiniif kenne sanatti in galtu; isin biyyicha keessatti of eeggannaadhaan hojjechuun immoo kan isiniif ta'u seerrannii fi wanti qajeelaan kanatti aance isa jiruu dha. 2 Sabni isin lafa gad dhiisiftan tulluu dhedheeraa irratti, gaara irratti, muka baala qabu hundumaa jalatti waaqayyolii isaaniif iddoo isaan itti sagadaa turan hundumaa raawwadhaa balleessaa! 3 Iddoo aarsaa isaanii diigaa, utuboota dhagaa qulqullaa'ootti ilaalaman sanas caccabsaa, mukkeetii qiqqirixamanii bifa "Asheeraa" waaqayyittii tolfamtuutiin dhaabamanis ibiddaan gubaa, bifa waaqayyolii tolfamoo isaaniis kukkutaa, maqaa isaaniis iddoo sana irraa balleessaa*!
**2-3 7:5,25; Bau 34:13; 2Mot 16:4; Er 2:20; His 6:13*

4 Isin garuu akka isaaniitti Waaqayyo gooftaa keessaniif hin sagadinaa! 5 Lafa Waaqayyo gooftaan keessan maqaa isaa itti waamsisuudhaaf, iddoo huufata isaas godhachuudhaaf gosa keessan hundumaa keessaa fo'atu barbaaddadhaa, achis dhaqaa*! 6 Achitti qalma gubamuuf aarsaa keessan, kudhan keessaa tokkoo keessan, kennaa addaan kennitan, aarsaa wareegaa keessan, kennaa fedha keessaniin kennitan, saawwa keessaa, bushaayee keessaas angafa kan dhalatu dhi'eessaa! 7 Achitti fuula Waaqayyo gooftaa keessanii duratti nyaadhaa! Waanuma isin hojjettan hundumaanis Waaqayyo gooftaan keessan waan isin eebbiseef isin gammadaa, maatiin keessanis haa gammadan*!
**5 12:14; 15:20; 16:16; 17:8*
**7 12:18; 14:26; 16:11,14*

8 Isin akka nuyi har'a adduma addaan wanta nutti tole hojjennu kana hin godhinaa! 9 Isin amma illee iddoo boqonnaa fi dhaala isa Waaqayyo gooftaan keessan isiniif kennu sana bira hin geenye. 10 Garuu laga Yordaanosin in ceetu, biyya Waaqayyo gooftaan keessan akka dhaaltaniif isiniif kennu keessas in jiraattu; isin nagaatti akka jiraattaniif, inni diinota naannoo keessan jiran hundumaa irraa akka boqottan in godha*. 11 Yommus isin wanta ani isin abboomu hundumaa, qalma keessan isa gubamu, aarsaa keessan, kudhan keessaa tokko, kennaa addaan kennitan, wareega keessan isa Waaqayyoof wareegdan hundumaas, iddoo isa Waaqayyo gooftaan keessan maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti in dhi'eessitu. 12 Achitti isin, ilmaan keessan, intaloonni keessan, hojjetoonni keessan warri dhiiraa, warri dubartiis akkasumas Lewwoonni warri kellaa mandaroota keessanii keessa jiran, warri isinii wajjin hirmaata yookiis dhaala hin qabne fuula Waaqayyo gooftaa keessanii duratti haa gammadan*! 13 Egaa qalma kee isa gubamu sana iddoodhuma argitetti akka hin dhi'eessineef of eeggadhu! 14 Iddoo Waaqayyo gosa kee keessaa fo'atu tokkotti aarsaa kee dhi'eessi, achitti wanta ani si abboome hundumaa godhi*!
**10 Iya 1:13; 21:44; Far 95:11*
**12 Lak 18:20*
**14 12:5; Iya 22:16*

15 Garuu yeroodhuma garaan kee dharra'u hundumaa, kellaa mandaroota kee keessatti akkuma eebba Waaqayyo gooftaan kee siif kenneetti horii kee keessaa qalii foon nyaadhu, isas immoo akkuma nama foon kuruphee fi foon borofaa nyaatuutti, inni qullaa'aa ta'ee fi inni qullaa'aa hin ta'in haa nyaatu*! 16 Dhiiga isaa garuu akkuma bishaanii lafatti gad naqi malee hin nyaatin*! 17 Midhaan kee keessaa, cuunfaa waynii kee keessaa, dhadhaa ejersaa kee keessaa harka kurnaffaa isa baaftu, saawwan kee keessaa, bushaayee kee keessaas isa angafa dhalatu yookiis wareega isa wareegde, aarsaa fedha keen dhi'eessitu, kennaa addaa isa dhi'eessitu garuu kellaa mandara kee keessatti hin nyaatin! 18 Iddoo Waaqayyo gooftaan kee fo'atu sanatti

fuula Waaqayyo gooftaa kee duratti isa nyaadhu! Ati ilma kee, intala kee, hojjetaa kee, hojjettuu kee, nama Lewwii mandara kee keessa jiruu wajjin nyaadhu, waan bojjettu hundumaattis fuula Waaqayyo gooftaa kee duratti gammadi*! 19 Biyya kee keessa hamma jiraattutti, warra Lewwootaa akka hin ganne of eeggadhu!

**15 Lak 12:22*
**16 Lew 3:17; 17:10-14*
**18 14:23*

20 Erga Waaqayyo gooftaan kee akkuma si abdachiisetti daarii biyya keetii siif bal'isee immoo, garaan kee foon nyaacbuu yommuu dharra'u, ati, "Amma foon nyaacbuu nan barbaada" in jetta; akkuma garaan kee dharra'ettis foon in nyaatta. 21 Iddoon Waaqayyo akka maqaan isaa itti waamamuuf fo'atu si irraa yoo fagaate immoo kanaan dura akkuman si abboome, saawwan kee fi busbaayee kee warra Waaqayyo siif kenne keessaa tokkuma qaladhu! Kellaa mandara kee keessatti hamma garaan kee barbaade nyaadhu! 22 Isas akkuma foon kuruphee fi foon borofaa nyaatamutti nyaadhu, inni qullaa'aa ta'ee fi inni qullaa'aa hin ta'in haa nyaatu*! 23 Ati garuu dhiiga akka hin nyaanne hubadhu! Dhiigni lubbuu waan ta'eef, lubbuu foonii wajjin hin nyaatin*! 24 Dhiiga akkuma bishaaniitti lafatti gad naqi malee hin nyaatin! 25 Ati ija Waaqayyoo duratti wanta qajeelaa yeroo hojjettu, siif, si booddeedhaanis ijoollee keetiif gaarii akka ta'uuf isa hin nyaatin! 26 Wanta qullaa'aa isa qabdu sanaaf aarsaa wareegde sana duwwaa fudhadhuutii gara iddoo isa Waaqayyo fo'atu sana dhaqi! 27 Aarsaa qalma gubamuu immoo foon isaa fi dhiiga isaa iddoo aarsaa isa kan Waaqayyo gooftaa keetii irratti dhi'eessi! Dhiigni aarsaa keetii iddoo aarsaa isa kan Waaqayyo gooftaa keetii irratti baa dhangalaafamu, foon isaa garuu ati nyaadbu! 28 Ammas ati ija Waaqayyo gooftaa keetii duratti waan gaarii fi waan qajeelaa yeroo hojjettu, siif, si booddeedhaanis ijoollee keetiif bara baraan gaarii akka ta'uuf, dubbiin amma si abboomu kana hundumaa of eeggadhuutii dhaggeeffadhu!

**22 12:15*
**23 12:16*

Waaqayyolii Tolfamoo Irraa Of Eeggachiisuu Isaa

29 Waaqayyo gooftaan kee iddoo ati qabachuuf dhaqxu irraa, saba warra achi jiran fuula kee duraa raawwatee in balleessa; ati immoo biyya isaanii isaan irraa fudhattee keessa in jiraatta. 30 Erga isaan fuula kee duraa balleeffamanii booddee garuu, "Anis akkuma isaanii akkan godhuuf, sabni kun attamitti waaqayyolii isaaniif hojjechaa turan?" jettee waa'ee waaqayyolii isaanii iyyaafattee kiyyootti akka bin galleef of eeggadhu*! 31 Isaan waanuma ciiggaasisaa Waaqayyo jibbu waaqayyolii isaaniif godhanii, ilmaan isaanii fi intaloota isaanii iyyuu ibidda keessa buusanii waaqayyolii isaaniif gubaniiru; ati garuu Waaqayyo gooftaa keef akkas hin godhin!

32 Waanuma ani si abboome of eeggadhuutii godhi malee, isa irratti hin dabalin, isa irraas hin hir'isin!

**30 Bau 23:24; His 20:32*

Waaqayyolii Kan Biraa Doukaa Akka Hin Buuneef Gorsuu Isaa

13 1 Raajiin yookiis namni abjuu abju'atu tokko isin gidduudbaa ka'ee milikkita yookiis dinqii yoo isinitti hime, 2 milikkinni yookiis dinqiin inni duraan isinitti hime fiixaan yoo ba'e, inni egaa, "Waaqayyolii kan biraa in waaqessina, in hojjennaafis" jedhee, warra isin dur bin beeknetti yoo isin geesse, 3 isin dubbii raajii sanaa yookiis namicha abjuu abju'atu sanaa hin dhaga'inaa! Waaqayyo gooftaan keessan akka isin garaa keessan guutuudbaan, yaada keessan guutuudhaanis isa jaallattan beekuudhaaf qoree isin in ilaala. 4 Isin Waaqayyo gooftaa keessan duukaa bu'aa, isa sodaadhaa, abboommii isaa eegaa, sagalee isaa dhaga'aa, isaaf bojjedhaa, isattis maxxanaa*! 5 Raajiin yookiis namichi abjuu abju'atu sun immoo Waaqayyo gooftaa keessan isa biyya Gibxii isin baase, mana garbummaa keessaas isin fure irratti akka kaatan, karaa akka isin irra adeemtaniif Waaqayyo gooftaan keessan isin abboome irraas akka jal'attan waan godheef haa ajjeefamu! Akkasitti hamaa of gidduudhaa balleessaa!

**4 4:29; 8:2*

6 Obboleessi kee haadhoon kee, ilmi kee, intalli kee, haati manaa kee jaallalleen kee yookiis firri kee inni ati akka lubbuu keetti jaallattu, "Kottu dhaqnee waaqayyolii kan biraatiif hojjennaa" jedhee dhoksaatti si wallaalchisee, warra abboonni kee, atis bin beeknetti si geessee*, 7 "Waaqayyolii saba warra sitti dhi'oo naannoo kee yookiis daarii lafaa gar tokko hamma gara kaaniitti sittii fagoo jiraniif hojjennaa" yoo jedhe, 8 ati isaaf tole hin jedhin, bin dhaggeeffatiniif, garaan kee isaaf bin oo'in, isa hin mararsiifatin, bin dhoksinis! 9 Isa ajjeesuudhaaf ati duraan dursi barka ol fudhadhu! Kana booddee immoo sabni hundinuu barka ol itti haa fudhatu! Ati akkasitti isa ajjeesi! 10 Inni Waaqayyo gooftaa kee isa biyya Gibxii mana garbummaa keessaa si baase irraa gara si galchuu waan yaadeef, ati dhagaadhaan rukutii isa ajjeesi*! 11 Yommus warri Israa'el hundinuu kana in dhaga'u, in sodaatus, isaan keessaas hammina akkasii namni tokko illee deebi'ee hin hojjetu*.

**6 18:20; 19:19; 1Qor 5:9,13*
**10 17:7; Yoh 8:7*
**11 21:21*

12 Mandaroota Waaqayyo gooftaan keessan akka isin keessa jiraattaniif isiniif kennu keessaa mandara isa tokko keessatti wanti tokko utuu dubbatamuu yoo dhageessan, 13 kunis namoonni ilmaan Beliyaal ta'an tokko isin gidduudhaa ba'anii, "Kottaa dhaqnee waaqayyolii kan biraatiif hojjennaa" jedhanii, warra isin dur hin beeknetti isin geessanii, namoota mandara isaanii sana karaa irraa yoo kaachisan, 14 wanti jibbisiisaan akkasii kun isin gidduutti dhugumaa hojjetameera yoo ta'e, iyyaafadhaa, qoraa, ba'eessa godhaa gaafadhaa! 15 Warra mandara sana keessa jiraatan hundumaa billaadhaan ajjeesaa! Saba sanaa fi horii isaanii hundumaa qara billaatiin raawwadhaa balleessaa! 16 Wanta mandaricha keessaa booji'ame hundumaa iddoo walga'ii mandarichaa walakkaatti walitti qabaatii, akka qalma gubamuutti Waaqayyo gooftaa keessan duratti mandarichaa wajjin ibiddaan gubaa! Inni gubame sunis bara hundumaaf tuulamee haa taa'u malee deebi'ee hin ijaaramin*. 17 Wanta abaarame kana keessaa tokko illee barka keessan keessatti hin argamu yoo ta'e, Waaqayyo aarii isaa isa sodaachisaa irraa deebi'ee akkuma abboota keessaniif kakatetti araara isinitti in argisiisa, isiniif in oo'a, isin in baay'isas. 18 Isin sagalee Waaqayyo gooftaa keessanii yoo dhageessan, abboommii isaa isa ani har'a isin abboomu kana hundumaas yoo eegdan, wanta ija Waaqayyo gooftaa keessanii duratti qajeelaa ta'es yoo hojjettan, inni immoo kana isiniif in godha.

**16 20:16-18*

Amala Boo'icha Warra Kana'aan Irraa Dhowwamuu Isaanii

14 1 Isin ijoollee Waaqayyo gooftaa keessanii ti; kanaaf warra du'aniif of hin murmurinaa, gubbee mataa keessaniis bin baaddatinaa*! 2 Isin saba Waaqayyo gooftaa keessaniif qulqullooftanii dha; Waaqayyo saba dhuunfaa isaa akka taataniif, saba irra lafaa irra jiran hundumaa keessaa addumaan isin fo'ateera*.

**1 Lew 19:27-28; Er 47:5; His 7:18; Kes 1:31*
**2 Bau 19:5*

Nyaata Qullaa'aa Ta'ee Fi Nyaata Qullaa'aa Hin Ta'in

(Lew 11:1-47)

3 Ati wanta ciiggaasisaa tokko illee hin nyaatin! 4 Horii qe'ee fi wanta daggalatti galan keessaa kan ati nyaattu kanatti aananii jiru; saawwa, boolaa, reettii, 5 borofa, kuruphee, gaaf-torbo, bosonuu, qorkee, qelejjee, hoolaa tulluu, 6 horii qe'ee fi wanta daggalatti galan keessaa isa kotteen isaa baqaqee lamatti hiramuu fi kan alala guuru hundumaa nyaachuu in dandeessa; 7 garuu warra alala guuranii, kotteen isaanii baqaqe keessaa iyyuu gaala, illeettii, osolees hin nyaatin! Isaan kun alala in guuru, garuu kotteen isaanii gargar bin hiramne; isaan si duratti xuraa'oo haa ta'an! 8 Boyyeen immoo kotteen isaa baqaqaa yoo ta'e iyyuu alala waan hin guurreef si duratti xuraa'aa haa ta'u! Foon isaanii bin nyaatin, raqa isaaniitti hin bu'in!

9 Warra bishaanitti galan hundumaa keessaa immoo kanatti aananii kan jiran nyaadhu! Waanuma waan akka

baallee fi qola qabu nyaadhu! 10 Waanuma waan akka baallee fi qola hin qabne immoo hin nyaatin! Inni si duratti xuraa'aa haa ta'u! 11 Simbirrootaa fi allaattota warra akka qullaa'ootti ilaalaman hundumaa nyaadhu! 12 Warra kanatti aananii jiran immoo hin nyaatin! Joobira, domboo, gogocoroon, 13 rumicha, foggi, culullee akka qomoo qomoo isaatti, 14 qurruu akka qomoo qomoo isaatti, 15 guchii, simbira ekeraa, allaattii bishaanii, corofee akka qomoo qomoo isaatti, 16 haadha onaa, hurunguu guddaa, indaanqoo bishaanii, 17 haadha waaqoo, allaattii raqaa, haadha quufoo, 18 allaattii hawaannisaa, huummoo, haadha gaayyee akka qomoo qomoo isaatti, simbira halkaniis.

19 Munyuuqaan baallee qabu hundinuu si biratti xuraa'aa haa ta'u, isa hin nyaatin! 20 Uumama baallee qabu isa akka qullaa'aatti ilaalamu garuu nyaadhu*! 21 Ati saba Waaqayyo gooftaa keetiif qulqulloofte waan taateef, ofiin-du'ii tokko illee hin nyaatin, galaan dallaa kee keessa jiru akka nyaatuuf isaaf kenni yookiis ormatti gurguradhu!

Ilmoo reettiis aannan haadha isheetiin hin affeelin*.

**3-20 Lew 11:1-19*
**21 Bau 22:30; 23:19; Lew 17:15*

Kudhan Keessaa Tokko Baasuuf Seerri Kennamuu Isaa

22 Ati dhugumaan wanta waggaa waggaatti lafa kee irraa galfattu hundumaa keessaa kudhan keessaa tokko baasuun si irra jira*. 23 Ati guutummaa bara jireenya keetii Waaqayyoon gooftaa kee sodaachuu akka bartutti, kudhan keessaa tokko midhaan keettii, kan daadhii waynii keettii, kan dhadhaa ejersaa keettii, isa saawwan kee fi bushaayee kee keessaa angafa dhalates, iddoo Waaqayyo gooftaan kee maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atutti, fuula isaa duratti nyaadhu*! 24 Yeroo Waaqayyo si eebbisutti immoo kudhan keessaa tokkoo sana geessuudhaaf iddoon Waaqayyo gooftaan kee maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sun si irraa fagaatee karaan isaa yoo sitti dheerate, 25 ati horiitti isa calleessi! Horichas gudunfii harkatti qabadhuu gara iddoo Waaqayyo gooftaan kee fo'atu sanaa dhaqi! 26 Horichaanis wanta barbaadde, sangaa yookiis hoolaa yookiis daadhii waynii yookiis dhugaatii cimaa, waanuma garaan kee kajeele biti! Achitti ati fuula Waaqayyoo duratti isa nyaadhuutii gammadi! Warri mana keetiis fuula Waaqayyoo duratti isa nyaatanii haa gammadan*! 27 Sanyii Lewwii isa kellaa mandaroota kee keessa jiraatu, isa sii wajjin qooda yookiis dhaala hin hirmatin immoo hin irraanfatin*!

**22 Lew 27:30*
**23 12:17-18; 15:19-23*
**26 12:7*
**27 12:12,19*

28 Dhuma wagguma waggaa sadaffaatti immoo wanta bara sana galfatte keessaa kudhan keessaa tokko hundumaa fidiitii kellaa mandaroota kee keessa kaa'i*! 29 Waaqayyo gooftaan kee waan hojjettu hundumaan akka si eebbisutti, sanyiin Lewwii inni sii wajjin qooda yookiis dhaala hin hirmatin, galaan, ijoolleen abbaan irra hin jirre, dubartiin abbaan manaa irraa du'e, warri kellaa mandaroota keetii keessa jiraatan dhufanii isa haa nyaatan, haa quufanis!

**28 26:12-15; Lew 27:32-33*

Waggaa Itti Gatiin Namaaf Dhiifamu

(Lew 25:1-7)

15 1 Ati dhuma waggaa torbaffaa hundumaatti gatii namaaf dhiisi! 2 Akki itti gatii namaaf dhiisan kanatti fufee jira; gatiin akka namaaf dhiifamu Waaqayyo biraa labsiin waan himameef, namni obboleessa isaa nama Israa'el irraa gatii qabu, gatii sana haa dhiisuuf*! 3 Gatii orma irraa qabdu garuu irraa fudhachuu in dandeessa; waan obboleessa kee irraa qabdu immoo dhiisiif*! 4 Waaqayyo gooftaan kee biyya dhaala godhee siif kennu keessatti guddaa waan si eebbisuuf, sanyii kee keessatti dhabaan hin argamu. 5 Sagalee Waaqayyo gooftaa keetii ba'eessa gootee yoo dhaggeeffatte, abboommii isa ani har'a si abboomu kana hundumaas ba'eessa gootee yoo eegde, 6 Waaqayyo gooftaan kee akkuma si abdachiisetti si eebbisuuf jira; ati saba baay'eedhaaf in liqeessita, ofii garuu hin liqeeffattu; ati saba baay'ee irratti in moota, isaan garuu si irratti hin mo'an*.

**2 Nah 5:10; 10:32*
**3 23:19-20*
**6 28:12*

7 Obboloota kee warra mandaroota biyya kee isa Waaqayyo gooftaan kee siif kennu keessa jiraatan keessaa inni tokko dhabaa yoo ta'e, garaa itti hin jabaatin yookiis harki kee obboleessa kee isa dhabaatti hiixachuu hin dhiisin*! 8 Harka kee diriirsiif, wanta isa barbaachisu hamma ga'utti liqeessiif*! 9 Ati, "Waggaa torbaffaan inni itti liqii namaaf dhiisan dhi'aateera" jettee, obboleessa kee isa dhabaa ija hamaatiin akka hin ilaalleef, yaadni hamaan garaa kee keessatti akka hin argamneef of eeggadhu! Ati yoo waa isa dhowwatte, inni immoo Waaqayyotti si iyyata, kunis cubbuu sitti in ta'a. 10 Ati yommuu isaaf kennitu gammachuudhaan isaaf kenni malee garaan kee hin micicin! Waaqayyo gooftaan kee immoo hojii kee hundumaatti, waan harkaan qabdu hundumaattis si eebbisa*. 11 Namni deegaan biyya kee keessaa waan hin dhabamneef, obboleessa kee isa dhabaa fi deegaa biyya kee keessa jiruuf harka kee akka diriirsituuf sin abbooma*.

**7 1Yoh 3:17*
**8 Luq 6:34-35*
**10 2Qor 9:6-7*
**11 Mat 26:11; Yoh 12:8*

Akka Itti Hojjetoota Luba Baasan

(Bau 21:1-11)

12 Sanyii warra Ibrootaa keessaa dhiirri tokko sitti of gurguree yookiis dubartiin tokko sitti of gurgurtee waggaa ja'a yoo siif hojjete, waggaa torbaffaatti akka birmaduutti gad dhiisi*! 13 Yommuu akka birmaduutti gad dhiiftu immoo harka duwwaa hin adeemsisin! 14 Waaqayyo gooftaan kee guddaa waan si eebbiseef ati immoo bushaayee kee keessaa, midhaan oobdii kee keessaa, cuunfaa waynii kee keessaas isaaf kenni! 15 Ati takka biyya Gibxiitti garbicha akka tutte, Waaqayyo gooftaan kee immoo akka si fure yaadadhu! Ani kanaafan har'a isa kana si abbooma*. 16 Inni immoo si bira taa'uun waan isatti toleef sii fi maatii kee waan jaallatuuf, "Ani si biraa hin adeemu" yoo siin jedhe, 17 gara balbalaatti geessii mutaadhaan gurra isaa uri! Akkasitti inni guutummaa bara jireenya isaatti garbicha siif haa ta'u! Gurra garbittii kees immoo akkasuma godhi! 18 Yoo gad isa dhiifte garuu hojjetaan qacarame tokko waggaa ja'a kan siif hojjetu irra dachaa lama kan ta'u inni waan siif hojjeteef, akka birmaduutti gad isa dhiisuun jabaa sitti hin fakkaatin! Waaqayyo gooftaan kees wanta ati gootu hundumaatti si eebbisa.

**12 Er 34:14*
**15 5:15*

Angafa Horii Waaqayyoof Addaan Baasuu

19 Saawwan kee keessaa korommii, bushaayee kee keessaa korbeeyyii warra angafa dhalatan Waaqayyo gooftaa keetiif addaan baasi! Korommii angafa dhalataniin hin qotin! Korbeeyyii angafa dhalatan rifeensa isaanii hin murin*! 20 Iddoo Waaqayyo fo'atutti atii fi maatiin kee fuula Waaqayyo gooftaa keetii duratti waggaa waggaatti isaan in nyaattu*! 21 Garuu horiin tokko mudaa yoo qabaate, hokkolaa yookiis jaamaa yoo ta'e, hir'ina guddaas yoo qabaate, Waaqayyo gooftaa keetiif aarsaa hin dhi'eessin*! 22 Horii akkasii kana dallaa mandara kee keessatti nyaadhu! Inni qullaa'aa hin ta'in, inni qullaa'aa ta'es akkuma foon kuruphee fi foon borofaa nyaatanitti walumaa wajjin haa nyaatan*! 23 Dhiiga isaa garuu akkuma bishaanii lafatti gad naqi malee hin nyaatin*!

**19 Bau 13:12-16*
**20 14:23*
**21 Lew 22:20*
**22 12:15,22*
**23 Lew 17:10-14; Kes 12:16*

Ayyaana Faasiikaa Akka Ayyaaneffatan Godhamuu Isaa

(Bau 12:1-20)

16 1 Ati ji'a Abiib yaadadhu! Waaqayyo gooftaan kee ji'a Abiibitti halkaniin biyya Gibxii keessaa waan si baaseef ayyaana Faasiikaa Waaqayyo gooftaa keetiif ayyaanessi*! 2 Iddoo Waaqayyo maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti, ati bushaayee keessaa yookiis saawwan keessaa aarsaa Faasiikaa Waaqayyo

gooftaa keetiif dbi'eessi*! 3 Isas buddeena bukaa'aa wajjin hin nyaatin! Ati ariitiidhaan biyya Gibxii keessaa waan baateef, guutummaa bara jireenya keettis guyyaa itti biyya Gibxi keessaa baate sana akka yaadattuuf guyyaa torba maxinoo wajjin nyaadhu! Innis buddeena rakkinaa ti*. 4 Guyyoota torban sana raacitiin tokko illee guutummaa biyya keetii keessatti hin argamin! Foon ati guyyaa duraa galgala aarsaa dhi'eessite irraas guutummaa halkan sanaa irraa hafee hamma ganamaatti hin turin! 5 Aarsaa Faasiikaa, mandaroota Waaqayyo gooftaan kee siif kennu keessaa tokko keessatti iyyuu hin dhi'eessin! 6 Iddoo Waaqayyo gooftaan kee maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atu sanatti garuu, aarsaa Faasiikaa sana, galgala yeroo aduun lixxu, yeroo itti biyya Gibxii baatetti dhi'eessi! 7 Iddoo Waaqayyo gooftaan kee fo'atu sanatti isa affeelii nyaadhu! Ganama immoo deebi'ii godoo keetti gali! 8 Guyyoota ja'a maxinoo nyaadhu! Guyyaa torbaffaatti immoo Waaqayyo gooftaa keetiif walga'iin ulfina-qabeessi haa godhamu! Guyyaa sanatti hojii hin hojjetin!

**1 Bau 13:4*
**2 12:5-6*
**3 Bau 12:34,39*

Akka Itti Ayyaana Makarii Ayyaanessan

(Bau 34:22; Lew 23:15-21,33-43)

9 Haamaadhaaf guyyaa haamtuu midhaan irra keessee jalqabiitii torban torba lakkaa'i! 10 Akkuma eebba Waaqayyo gooftaa kee irraa argatteettis, aarsaa jaalala keetiin dhi'eessitu kennuudbaan Waaqayyo gooftaa keetiif ayyaaneffadhu*! 11 Ati, ilmi kee, intalli kee, hojjetaan kee, hojjettuun kee, sanyiin Lewwii warri kellaa mandaroota kee keessa jiraatan, galaan, ijoolleen abbaan irra bin jirre, dubartiin abbaan manaa irraa du'e isin gidduu kan jiraatanis iddoo Waaqayyo gooftaan kee maqaan isaa akka itti waamamuuf fo'atetti, Waaqayyo gooftaa kee duratti walii wajjin gammadaa*! 12 Atis biyya Gibxiitti garba akka turte yaadadhu! Seerrata kanas gaarii godhii eegi*!

**9-10 Bau 34:22*
**11 12:7; 10:18-19*
**12 5:15*

13 Yeroo midhaan kee oobdii irraa, waynii kees lafa cuunfaa isaatii galfattu ayyaana Gordommaa guyyaa torba ayyaaneffadhu! 14 Ayyaaneffachuu kee kanattis, ati, ilmi kee, intalli kee, hojjetaan kee, hojjettuun kee, sanyiin Lewwii, galaan, ijoolleen abbaan irra hin jirree fi dubartiin abbaan manaa irraa du'e warri kellaa mandaroota kee keessa jiraatanis, walii wajjin itti gammadaa*! 15 Ati dhugumaan akka gammaddutti, Waaqayyo gooftaan kee waan ati galfattuun, hojii barka kee hundumaanis waan si eebbisuuf, iddoo inni fo'atu sanatti ayyaanicha Waaqayyo gooftaa keef guyyaa torba ayyaaneffadhu!

**14 12:7; 10:18-19*

16 Dhiironni kee hundinuu iddoo Waaqayyo fo'atu sanatti, waggaatti si'a sadii, ayyaana Maxinootti, ayyaana Makariitti, ayyaana Gordommaattis fuula Waaqayyo gooftaa keetii duratti haa argaman! Isaan harka isaanii duwwaa Waaqayyo duratti hin dhi'aatin*! 17 Akka eebba Waaqayyo gooftaan kee siif kenneetti, namni adduma addaan hamma danda'u haa kennu!

**16 12:5*

Abboota Firdii Akka Kaafataniif Gorsuu Isaa

18 Kellaa mandaroota kee warra Waaqayyo gooftaan kee siif kennu hundumaa keessatti akka gosa gosa keetiitti abboota firdii fi geggeessitoota hojii irra dhaabi! Isaan saba sanaaf firdii qajeelaa haa kennan*! 19 Firdii hin jal'isin, hin loogin! Gabbarsuun ija warra ogeeyyii jaamsee, dubbii warra qajeelotaas waan micciiruuf, gabbarsuu hin fudhatin*! 20 Ati akka jiraattuuf, biyya Waaqayyo gooftaan kee siif kennus akka dhaaltuuf, firdii isa dhugaa duukaa bu'i*!

**18 1:16-18; Lak 11:16; Kes 25:1-3*
**19 Bau 23:1-3,6-8; 1Sam 8:3*
**20 4:1*

21 Iddoo aarsaa Waaqayyo gooftaa keetiif hojjettu bukkeetti, mukkeetii jalatti sagadan isa akka kan waaqayyittii tolfamtuu sanaa hin dhaabin*! 22 Utuboota dhagaa warra Waaqayyo gooftaan kee jibbus hin dhaabin*!

**21 7:5; 2Mat 23:4; Bau 34:13*
**22 Lew 26:1*

Wanta Ciiggaasisaa Fuula Waaqayyoo Duraa Akka Fageessan Gorsuu Isaa

17 1 Waaqayyo gooftaa kee duratti ciigga'amaa waan ta'eef, ati korma yookiis korbeessa mudaa yookiis karaa tokkoon illee hir'ina qabu Waaqayyo gooftaa keetiif aarsaa hin dhi'eessin*!

**1 Lew 22:20; Mil 1:6-9*

2 Dbiirri yookiis dubartiin si gidduudhaa, mandaroota Waaqayyo gooftaan kee siif kennu keessaa kakuu cabsuudhaan, ija Waaqayyo gooftaa keetii duratti hamaa hojjetu yoo argame, 3 abboommii koo didee waaqayyolii kan biraaf yoo hojjete, yoo isaaniif sagades aduudhaaf yookiis ji'aaf yookiis macca waaqa keessaa tokkoof iyyuu yoo sagade*, 4 dubbiin kunis yoo sitti himame, ba'eessa godhii qori, wanti ciiggaasisaan kun Israa'el keessatti ta'uun isaa dhugaa yoo ta'e, 5 dhiira yookiis dubartii nama wanta hamaa kana hojjete, gara karra mandarichaatti geessiitii dhagaadhaan rukutii ajjeesi*! 6 Inni ajjeefamu sun namni lama yookiis namni sadii yoo isa irratti dhugaa ba'an ajjeefama malee, dhugaa ba'uu nama tokkootiin hin ajjeefamu*. 7 Isa ajjeesuudhaaf immoo harka warra dhuga-baatotaatu dura dhagaa itti darbata, kana booddee immoo harka namoota hundumaatu itti darbata; akkasitti hamaa of gidduudhaa in balleessitu*.

**3 4:19*
**5 Lew 24:14*
**6 19:15; Lak 35:30; Mat 18:16; 2Qar 13:1; 1Xim 5:19; Ibr 10:28*
**7 13:6,10; 1Qar 5:13*

Iddoo Firdiin Itti Kennamu Akka Dhaqan Abboomuu Isaa

8 Dubbiin dhiiga dhangalaasuu, waa'een qabeenya namaa, waa'een rukutanii nama miidhuu si gidduutti ka'ee yaa'ii karra mandaraatti yommuu dhi'aatu, ati immoo murtoo itti kennuu yeroo dadhabdu, iddoo Waaqayyo gooftaan kee fo'atutti geessi! 9 Lewwoota warra lubootaa fi abbaa firdii warra yeroo sana firdii kennuudhaaf hojii irra jiran bira dhaqiitii isaan gaafadhu! Yommus isaan firdicha sitti in himu*. 10 Atis waan isaan iddoo Waaqayyo fo'atu sanatti sitti himan godhi! Waan isaan jedhan hundumaas ba'eessa godbii eegi! 11 Akka seera isaan si barsiisanii fi murtoo isaan kennaniitti bojjedbu malee, isa irraa gara mirgaatti, gara bitaattis hin jal'atin! 12 Namni tokko luba yookiis abbaa firdii isa Waaqayyo gooftaa keef hojjechuudhaaf achi dhaabatuuf dhaga'uu didee yoo tuffate haa ajjeefamu! Ati Israa'el keessaa wanta hamaa balleessi*! 13 Jarri hundinuus kana in dhaga'u, in sodaatu, deebi'anii tuffachuu irraas of in eeggatu.

**9 21:5; 24:8; 31:9; 2Sen 19:8-11*
**12 13:5*

Akka Ittl Mootii Moosifatan Gorsuu Isaa

14 Biyya Waaqayyo gooftaan kee siif kennutti galtee laficha qabattee isa keessa erga teessee booddee, "Akka saba naannoo koo jiran hundumaa mootii of irratti nan moosifadha" in jetta ta'a*; 15 obboloota kee keessaa mootii isa Waaqayyo gooftaan kee fo'atu of irratti moosisi malee, nama ormaa isa obboleessa kee hin ta'in of irratti hin moosisin! 16 Mooticbis fardeen hin baay'ifatin! Waaqayyo, "Karaa kanaan lammaffaa hin deebi'inaa" erga jedhee, akka namoonni biyya Gibxii dhaqanii fardeen baay'ifatanis hin godhin*! 17 Yaadni isaa karaa irraa akka hin jal'annetti, dubartoota bin baay'ifatin, meetii fi warqee baay'ee hin tuullatin*!

**14 1Sam 8:5-9*
**16 1Mot 10:26-29; Isa 31:1-3; His 17:15; Kes 28:68*
**17 1Mot 11:1-8; 2Sen 1:15; 9:27*

18 Mooticbi moosifamee teessoo irra yommuu taa'u, macaafa seeraa isa Lewwoota warra luboota bira jiru irraa waraqata maramu irratti haa caafsifatu*! 19 Kun Waaqayyoon gooftaa isaa sodaachuu akka inni ittiin baruuf dubbii seera kanaa fi seerrata kanaa hundumaa akka ittiin eeguuf isa bira haa taa'u! Inni bara jireenya isaa hundumaatti isa haa dubbisu*! 20 Inni garaa isaa keessatti innii fi sanyiin isaa Israa'el irratti bara dheeraa akka mo'aniif, obboloota isaa gararraatti of lakkaa'ee, abboommicba irraas gara

mirgaatti yookiis gara bitaatti akka hin jal'annetti isa baa dubbisu!
**18 17:9*
**19 2Mot 23:1-3*

Warri Lewwootaa Aarsaa Keessaa Qooda Qabaachuu Isaanii

18 [1] Lewwoonni warri luboonni kana jechuunis guutummaan gosa Lewwii aarsaa gubamu isa akka qooda Waaqayyootti dhi'aatu sana baa nyaatan malee, gosa Israa'el warra kaanii wajjin qooda yookiis dhaala hin hirmatin*! [2] Akkuma Waaqayyo isaan abdachiisetti inni ofii isaatii dhaala isaanii ti; kanaaf isaan obboloota isaanii gidduudbaa dhaala hin qaban. [3] Namoonni warri korma yookiis hoolaa aarsaa dhi'eessan, harka, mangaagaa lamaan, mi'a garaas lubaaf baa kennan! Kun qooda lubni saba irraa argatu haa ta'u*! [4] Ija midhaan keetii keessaa, kan waynii keetii keessaa, dhadhaa ejersaa kee keessaas isa duraa, rifeensa hoolaa keetii keessaas isa duraa isaaniif in kennita*. [5] Waaqayyo gooftaan kee gosa kee hundumaa keessaa Lewwiinii fi ijoolleen isaa bara hundumaa dhaabatanii maqaa isaatiin akka hojjetaniif isaan fo'ate.
**1 10:9; Lak 18:8-20; 1Sam 2:28; 1Qor 9:13*
**3 Lew 7:33-36*
**4 Bau 23:19*

6 Namni Lewwii mandaroota guutummaa Israa'el keessaa isa tokko keessa jiraatu garaa isaa hundumaan hawwee, ba'ee gara iddoo isa Waaqayyo fo'atu sana yoo dhufe, [7] inni akkuma Lewwoota obboloota isaa warra Waaqayyoof hojjechuudhaaf achi isa dura dbaabatanii, maqaa Waaqayyo gooftaa isaatiin hojjechuu in danda'a. [8] Inni dhaala abbaa isaatii isa gurguramee keessaa isa argatu irratti iyyuu, nyaata warra kaanii wajjin wal qixxee haa hirmatu!

Amala Cilgga'amaa Irraa Of Eeggachiisuu Isaa

9 Isin biyya Waaqayyo gooftaan keessan isiniif kennutti yeroo galtan, wanta ciiggaasisaa sabni warri sun amala godhatan duukaa bu'uu hin barinaa*! [10] Namni ilma isaa yookiis intala isaa aarsaa gubamuuf dhi'eessu, namni booda dubbatu, namni duumessa ilaalee ayyaana hedu, beekaan, namni qoricha namatti godhus tokko illee si keessatti hin argamin*! [11] Namni nama dawweessu, namni ekeraa dubbisu, qaalluun yookiis namni warra du'an waamu si keessatti hin argamin*! [12] Eenyu illee kana yoo godhe Waaqayyo duratti ciigga'amaa in ta'a; sababii hojii ciigga'amaa akkasiitiif Waaqayyo gooftaan kee saba warra kaan oofee fuula kee duraa in baasa. [13] Kanaaf ati Waaqayyo gooftaa kee duratti mudaa kan hin qabne ta'i*!
**9 Lew 18:3*
**10 Lew 18:21; 19:26,31; 2Mot 17:17; 21:6*
**11 Lew 20:27; 1Sam 28:3-20; Lew 19:31*
**13 Mat 5:48; Uma 6:9; 17:1*

Raajii Isaaniif Akka Kaasu Abdachiisuu Isaa

14 Sabni warri isin achii baasuuf jettan, wanta warri duumessa ilaalanii ayyaana hedanii fi warri hooda dubbatan jedhan in dhaga'u; garuu Waaqayyo gooftaan keessan isin akkas akka hin gooneef isin dhowweera.

15 Waaqayyo gooftaan keessan isin gidduudhaa, obboloota keessan keessaa, raajii akka kootii isiniif in kaasa; isin isaaf dhaga'aa*! [16] Kun bundinuu akka fedha keessanii isa isin guyyaa walga'ii sana tulluu Siinaatti, "Nuyi akka hin dhumnetti, deebinee sagalee Waaqayyo gooftaa keenyaa akka hin dhageenye, ibidda guddaa kanas deebinee akka hin argine nuuf godhi!" jettanii Waaqayyoon gooftaa keessan kadhattanii dha*. [17] Gaafas Waaqayyo anatti in dubbate; inni, "Wanti isaan dubbatan kun ba'eessa. [18] Ani raajii akka keetii obboloota isaanii keessaa isaaniif nan kaasa; dubbii koo afaan isaa keessa nan kaa'a, inni immoo wanta ani isa abboome hundumaa isaanitti in hima*. [19] Egaa eenyu illee dubbii koo isa inni maqaa kootiin dubbatu kana dhaga'uu yoo dide, gatii isaa in argata*. [20] Raajiin utuu ani dubbachuudhaaf isa hin abboomin dubbii tokko maqaa kootiin waan dubbatu kan fakkeessu yookiis maqaa waaqayyolii warra kaaniitiin kan dubbatu haa ajjeefamu!" jedhe*. [21] Isin immoo garaa keessanitti, "Dubbii isa Waaqayyo hin dubbatin sana attamitti beekuu

dandeenya?" yoo jettan, [22] raajiin tokko maqaa Waaqayyootiin erga dubbatee booddee, dubbichi yoo raawwatamuu yookiis dhugaa ta'uu dhaabaate, dubbichi isa Waaqayyo hin dubbatinii dha; raajichi kana ta'innaadhaan waan dubbateef isa hin sodaatinaa*!
**15 Lak 12:6-8; Yoh 1:45; 6:14; 7:40; HoE 3:22; 7:37*
**16 Bau 20:19; Ibr 12:19*
**18 Bau 4:12; Isa 6:8; 51:16; 59:21; Er 1:9; His 3:1-4; Mat 10:19*
**19 HoE 3:23*
**20 13:1-5; Er 14:13-15*
**22 Er 28:7-9*

Mandaroota Itti Kooluu Galan
(Lak 35:9-28; Iya 20:1-9)

19 [1] Waaqayyo gooftaan kee saba lafa irraa warra inni ofii isaatii biyya isaanii siif kennu yommuu balleessu, ati immoo biyyicha isaan irraa fudhattee, mandaroota isaanii fi manneetii isaanii keessa yommuu teessu, [2] biyya Waaqayyo gooftaan kee akka ati qabattuuf siif kennu keessaa mandaroota kutaa kutaa biyyichaa gidduu jiran sadii addaan baasi*! [3] Namni nama ajjeese tokko achitti akka kooluu galuuf, biyya Waaqayyo gooftaan kee akka ati dhaaltuuf siif kennutti karaa baasisiitii biyyicha iddoo sadiitti hiri!
**2 4:41-43*

4 Seerri namni utuu hin beekin yookiis haaloo utuu irraa hin qabaatin nama tokko yommuu ajjeesu baqatee ittiin du'a ooluu danda'u kanatti fufee jira. [5] Namni tokko muka muruudhaaf namaa wajjin caakkaa lixee, muka muruudhaaf qottoo yommuu ol fudhatu qottichi mukattii buqqa'ee namicha isaa wajjin dhaqe rukutee yoo ajjeese, inni ajjeese sun mandaroota sana keessaa gara isa tokkootti kooluu haa galu! [6] Kanaa achi mandarri kooluu itti galan sun irraa fagoo yoo ta'e, inni duraan namicha irraa haaloo utuu hin qabaatin waan ajjeeseef, du'uun kan isa irra hin jirre yoo ta'e iyyuu, utuu inni achi hin ga'in inni gumaa baafachuudhaaf barbaadu sun yommuu garaan isaa aaru duukaa bu'ee qaqqabee isa in ajjeesa ta'a; [7] kanaafan, "Mandaroota sadii addaan baasi!" jedhee si abboome.

8 Waaqayyo gooftaan kee biyya isa, "Isiniifan kenna" jedhee abboota kee kakuudhaan abdachiise hundumaa siif kennee daarii biyya keetii yoo siif bal'ise, [9] ati abboommii isa inni har'a si abboomu kana hundumaa yoo eegde, Waaqayyoon gooftaa kees yoo jaallatte, guyyaa hundumaas karaa isaa irra yoo adeemte, mandaroota dur addaan baafte sanatti mandaroota kan biraa sadii dabaltee addaan in baafta. [10] Biyya Waaqayyo gooftaan kee dhaalaaf siif kennu keessatti dhiigni nama balleessaa hin qabnee akka hin dhangalaanetti, dhiigni dhangala'u kunis si irraa akka hin barbaadamnetti kana godhi!

11 Garuu namni tokko nama baaloo irraa qabu tokko riphee eeggatee, rukutee ajjeesee mandaroota sana keessaa isa tokkotti yoo baqate, [12] maangudoonni mandara isaatii erganii isa fichisiisanii akka inni du'uuf dabarsanii harka isa gumaa baafachuudhaaf barbaadu sanaatti haa kennan! [13] Garaan kee isaaf hin oo'in! Israa'el keessatti dhiigni nama balleessaa hin qabnee akka hin dhangalaane in goota, gaariis siif in ta'a*.
**13 13:9; 21:8-9*

14 Biyya Waaqayyo gooftaan kee akka ati qabattee dhaaltuuf siif kennu keessatti dhagaa daarii ollaa keetii isa warri si dura turan dhaabaniif duraa hin buqqisin*!
**14 27:17*

Firdii Kennuudhaaf Dhuga-Baatonni Barbaachisuu Isaanii

15 "Namni tokko in yakke yookiis cubbuu hojjete" jedhamee yoo hammeeffame, afaan dhuga-baatota lamaa yookiis sadiitiin malee afaan nama tokkootiin itti hin ragga'u*. [16] Namni sobaan dhugaa ba'u tokko ka'ee nama tokko sobaan yoo hadheesse, [17] jarri wal hammeessan sun lamaan fuula Waaqayyoo, fuula lubootaa fi abboota firdii bara sanaa duratti haa dhi'aatan! [18] Abboonni firdiis ba'eessa godhanii dubbicha haa qoran! Egaa namichi sobaan dhugaa ba'u sun obboleessa isaa irratti sobaan dhugaa ba'uun isaa yoo hubatame, [19] wanta inni obboleessa isaa irratti hojjechiisuuf yaade sana isa irratti raawwadhu! Isin akkasitti hamaa of gidduudhaa balleessaa! [20] Namoonni warri hafan kana in dhaga'u, in sodaatu, deebi'aniis wanta hamaa akkasii hin

hojjetan. 21 Qooda lubbuu lubbuun,
qooda ilkaanii ilkaan, qooda harkaa
harki, qooda miillaa miilli ijaa haa
baafamu malee hin oo'iniif*!
**15 17:6; Lak 35:30; Yoh 8:17; 2Qor 13:1; Ibr 10:28; Mat 18:16*
**21 Bau 21:23-25; Lew 24:19-20; Mat 5:38*

Akka Itti Duulatti Adeeman

20 1 Waaqayyo gooftaan kee inni
biyya Gibxii ol si baase sii
wajjin waan jiruuf, ati diina keetti
duuluudhaaf baatee, fardeenii fi konko-
laattota loltuu kan kee caalaa guddatus
yeroo argitu, isaan hin sodaatin! 2 Bak-
kee lolaa sanatti yeroo dhi'aattanis,
lubichi gara fuula duraatti ba'ee, loltuu
keessanitti baa dubbatu! 3 Inni yommus,
"Yaa namoota Israa'el dhaga'aa! Isin
bar'a diinota keessanii wajjin wal lo-
luuf dhi'aattaniittu, egaa isaan duratti
laphee hin laafinaa, hin sodaatinaa, hin
rom'inaa, hin na'inaas! 4 Inni isin ool-
chuudhaaf isin dura adeemee diinota
keessan lolu Waaqayyo gooftaa kees-
san" haa jedhu! 5 Kana booddee warri
hojii geggeessan immoo jaraan, "Isin
keessaa namni mana haaraa ijaaree
eebbisiifatee itti hin galin jiraa? Inni
lola keessatti du'ee namni kan biraa
akka eebbisiifatee itti hin galletti, gara
mana isaatti baa deebi'u! 6 Namni way-
nii dhaabbatee ija isaa irraa hin nyaatin
jiraa? Inni lola keessatti du'ee namni
kan biraa ija isaa akka hin nyaannetti,
gara mana isaatti haa deebi'u! 7 Namni
durba baasa'atee hin fuudhin jiru jiraa?
Inni lola keessatti du'ee namni kan
biraa ishee akka hin fuunetti, gara mana
isaatti haa deebi'u" haa jedhan*! 8 War-
ri hojii geggeessan ammas jaraan,
"Namni sodaatu yookiis laphe-laafessi
jiraa? Garaan hiriyoota isaa warra kaa-
niis akka kan isaatii bishaan akka hin
taanetti, inni gara mana isaatti haa
deebi'u" haa jedhan*! 9 Warri hojii
geggeessan kana jaratti dubbachuu
yommuu raawwatan, angafoouni loltuu
jara dura adeeman hojii irra baa dhaa-
baman!
**7 24:5*
**8 Abo 7:3*

10 Ati mandara tokkotti duultee ye-
roo itti dhi'aattu, dura dhaamsa nagaa
itti dhaami! 11 Isaan deebii nagaa siif
deebisanii karra isaanii yoo siif banan,
namoonni achi keessatti argaman bun-
dinuu hojii humnaa siif baa hojjetan!
12 Sii wajjin nagaa buusuu didanii, yoo
si lolan garuu, ati mandarichatti marsi!
13 Waaqayyo gooftaan kee mandaricha
harka kee keessa yeroo buusutti, achi
keessaa dhiira kan ta'e hundumaa bil-
laadhaan rukuti! 14 Dubartoota, ijoollee,
horii qe'ee, wanta mandara sana keessa
jiru bundumaa, wanta booji'amu guu-
tummaatti ofii keetiif qabadhu! Diina
kee irraa wanta booji'ame isa Waaqay-
yo gooftaan kee siif kennes nyaadhu!
15 Mandaroota si irraa fagoo warra kan
saba sitti dhi'oo jiran kanaa bin ta'in
hundumaas akkasuma godhi*!
**13-15 Lak 31:7,9; Kes 3:6-7*

16 Haa ta'u iyyuu malee, mandaroo-
ta saba warra kanaa warra Waaqayyo
gooftaan kee dhaala siif kennu keessatti,
wanta lubbuu qabu tokko illee fayyaatti
hin hambisiin! 17 Warra Heetotaa, Amoo-
rotaa, Kana'aanotaa, Pheriizotaa, Hii-
wotaa fi Yibusootaa immoo akkuma
Waaqayyo gooftaan kee si abboometti
raawwadhuu isaan balleessi! 18 Kanaa
achi wanta ciiggaasisaa isa yeroo waa-
qayyolii isaaniif sagadan bojjetan sana
duukaa bu'uu si barsiisu, atis Waaqayyo
gooftaa kee duratti cubbuu in bojjetta*.
**16-18 Lak 21:1-3; Iya 10:40*

19 Ati mandara tokko qabachuu-
dhaaf itti duultee, yeroo dheeraadhaaf
isatti yoo marsite, mukkeetii mandara
sanaa murtee hin balleessin! Ija isaanii
nyaachuu in dandeessaatii gad hin ci-
rin! Mukkeetiin sun namoota warra ati
itti marsitee eeggattu sana miti.
20 Mukkeetii warra iji isaanii akka hin
nyaatamne ati beektu duwwaa achii
kaasuu in dandeessa; warra akkasii
immoo hamma mandarri sii wajjin wal
lolu sun kufutti, hojii marsaadhaaf
barbaaddu akka ittiin ijaartuuf murmu-
ri!

Gumaa Hin Beekamneef Waaqayyoon Araara Kadhachuu Isaanii

21 1 Biyya Waaqayyo gooftaan
kee akka ati qabattuuf siif ken-
nu keessatti namni tokko ajjeefamee
reeffi isaa bakkeetti yoo argame, nam-
ni isa ajjeeses yoo wallaalame, 2 maan-
guddoonnii keessanii fi abboonni firdii

keessan gad ba'anii, fageenya iddoo
reeffi namichaa itti argamee fi manda-
roota naanna'aa sanaa gidduu jiru haa
safaran! 3 Maanguddoonni mandara isa
iddoo reeffi namichaa jirutti caalaa
dhi'aatu keessaa dhufan goromsa hin
qabamin, waanjoonis kan irra hin ga'in
fuudhanii, 4 dachaa bishaan yaa'u qabu
isa lafti isaa utuu hin qotamin, midhaa-
nis utuu itti hin facaafamin hafetti gad
geessanii dachicha keessatti saggoo
haa kutan! 5 Sanyiin Lewwootaa warri
luboonni warri Waaqayyo gooftaan kee
akka isaaf bojjetanii fi maqaa isaatiin
akka eebbisaniif, wal diduun yookiis
wal rukutuun hundinuu dubbii afaan
isaaniitiin murtoo akka argatuuf isaan
fo'ate gara fuula duraatti haa dhi'aa-
tan*! 6 Maanguddoonni mandara iddoo
reeffi namicha isa ajjeefamee itti arga-
me sanaatti dhi'oo jiran hundinuu go-
romsa dachaa keessatti saggoon ishee
kutame sana irratti barka isaanii haa
dhiqatan*! 7 Isaan harka isaanii yom-
muu dhiqatan, "Harki keenya dhiiga
kana hin dhangalaafne, iji keenyas
nama isa dhangalaase hin argine. 8 Yaa
Waaqayyo, Israa'el saba kee isa fur-
tetti araara argisiisi, dhiiga nama bal-
leessaa hin qabnee kana Israa'el saba
keetti hin lakkaa'in!" in jedhu; akka-
sitti dhiiga isa dhangala'eef dhiifa-
muun isaaniif in ta'a. 9 Wanta ija Waa-
qayyoo duratti qajeelaa ta'e yoo goo-
tan, yakka isa dhiiga nama balleessaa
hin qabnee dhangalaasuudhaan ta'u of
gidduudhaa in balleessitu*.
**5 17:8-9*
**6 Far 26:6; Mat 27:24-25*
**9 19:13; Lak 35:33*

Dubartoota Booji'aman Keessaa Niitii Fuudhuu

10 Ati diinota keetti yommuu
duultu, Waaqayyo gooftaan kees har-
ka kee keessa isaan buusee yommuu
isaan boojitu, 11 warra boojite sana
keessaa dubartii miidhagduu tokko
argitee, ishee fuudhuu yoo feete, 12 ga-
ra mana keetti ishee galchi! Isheen
mataa ishee haa haaddattu, qeensa
isbees haa qorattu! 13 Uffata isa yeroo
booji'amte uffattu sana ofittii baaftee
mana kee teessee abbaa isheetii fi
haadha isheetii ji'a tokko guutuu haa
gadditu! Kana booddees ishee bira
ga'ii abbaa manaa isheedhaaf ta'i!
Isheenis baadha manaa siif haa taatu!
14 Isheen yoo sitti toluu didde immoo
iddoo barbaadde haa dhaqxu gad ishee
dhiisi malee, sababii ishee yeellaasif-
teef akka garbittiitti lakkooftee ishee
hin gurguratin!

Dhaala Ilmi Angafni Argachuun Ta'u

15 Namni tokko haadha manaa la-
ma qabaatee, ishee tokko jaallatee,
ishee kaan immoo yoo jaallachuu
dhaabaate, lachuun isaanii, isheen in-
ni jaallatu, isheen inni hin jaallannes
ijoollee godhataniifii, ilmi inni angaf-
ni immoo kan ishee inni hin jaallannee
yoo ta'e, 16 namichi sun gaafa ilmaan
isaatiif dhaala hiru, angafummaa ilma
isaa isa kan haadha manaa isaa ishee
inni hin jaallanne sanaa ilma isaa isa
kan ishee jaallatutti hin dabarsiin!
17 Inni ilma isa kan ishee hin jaallan-
nee sanaaf qabeenya isaa hundumaa
keessaa harka lama kennuudhaan an-
gafummaa isaa haa beeksisuuf! Inni
humna isaa isa jalqabaa waan ta'eef
angafummaan kan isaa haa ta'u!

Adaba Ilma Didaa Irra Ga'u

18 Namni tokko ilma mata-jabeessaa
fi didaa, abbaan isaa fi haati isaa utuma
adabanii isaaniif kan hin dhageenye yoo
qabaate, 19 abbaan isaa fi haati isaa isa
qabatanii gara karra dallaa mandara inni
keessa jiraatutti geessanii maanguddoo-
ta mandara isaatti haa dhi'eessan!
20 Isaan maanguddoota mandara isaatiin,
"Ilmi keenya kun mata-jabeessaa fi
didaa dha, nuuf hin abboomamu, albaa-
dhessa, machaa'aa dhas" haa jedhan!
21 Kana booddee namoonni mandarichaa
hundinuu dhagaadhaan rukutanii isa haa
ajjeesan! Akkasitti hamaa hundumaa of
gidduudhaa balleessaa! Warri Israa'el
hundinuus waa'ee kanaa in dhaga'u, in
sodaatus.

Seerri Garaa Garaa Baafamuu Isaa

22 Namni tokko cubbuu du'a itti
farachiisu waan hojjeteef ajjeefamee
mukatti yoo rarraafame, 23 guyyaadhuma
sana haa awwaalamu malee, reeffi isaa
mukicha irra hin bulin! Namni mukatti
rarraafame Waaqayyo duratti abaaramaa

dha; biyya Waaqayyo gooftaan kee akka dhaaltuuf siif kennu hin xureessin*!
**22-23 Iya 8:29; Lak 25:4; Mat 27:57-58; Gal 3:13; Yoh 19:31*

Seera Garaa Garaa Itti Fufee Kennuu Isaa

22 1 Qotiyyoon yookiis hoolaan obboleessa keetii badee utun adeemuu yoo argite, gara isaatti deebisi malee calluma jettee hin dhiisin! 2 Obboleessi kee sitti dhi'oo yoo ta'uu dhaabaate yookiis isa yoo beekuu dhaabaatte immoo mana keetti fuudhii gali! Hamma obboleessi kee barbaacha dhufuttis si bira haa turu, yommuu inni dhufu immoo isaaf deebisi! 3 Harree isaa yookiis uffata isaa akkasuma godhi! Egaa waanuma obboleessa kee duraa badee inni dhabee barbaadaa jiru yommuu argitu akkasuma godhi malee, tuffattee hin dhiisin! 4 Harreen yookiis qotiyyoon obboleessa keetii karaa irratti kufee yoo argite, isa gargaarii kaasi malee, calluma jettee hin dhiisin*!
**1-4 Bau 23:4-5*

5 Uffata dhiiraa dubartiin hin uffatin! Uffata dubartii dhiirri hin uffatin! Eenyumti illee wanta akkasii yoo godhe Waaqayyo gooftaa kee biratti ciigga'amaa in ta'a. 6 Muka tokko irratti yookiis lafatti mann'ee simbirroo ilmaan yookiis anqaaquun keessa jiru argitee, haati ilmaan yookiis anqaaquu sana irra yoo jiraatte, haadha ishee ilmaanii wajjin hin fudhatin! 7 Gaarii akka siif ta'uuf bara dheeraas akka jiraattuuf, haadha ishee gad dhiisi! Ilmaan garuu ofii fudhachuu in dandeessa.

8 Ati mana haaraa yeroo ijaarrattu, namni bantii isaa irraa kufe dhiiga dhangala'uu fi gumaa mana kee irratti akka hin fidnetti, qarqara bantii mana keetti naannessii ittisa itti hojjedhu! 9 Sanyii akaakuu garaa garaa iddoo dhaabaa waynii keetti hin facaasin! Kanaa achi iji sanyii isa ati facaafte sanaa, iji iddoo dhaabaa waynii sana irraa argamus guutummaatti mana qulqullummaaf addaan in haafama. 10 Qotiyyoo fi harree walitti camaddee ittiin hin qotin! 11 Uffata rifeensaa fi quncee talbaa irraa waliin makamee dha'ame hin uffatin*! 12 Qoloo uffattutti karaa golee arfanii cercerree kaa'adhu*!
**9-11 Lew 19:19*
**12 Lak 15:38*

Seera Gaa'elaa Eeguuf Abboommii Kenname

13 Namni tokko niitii fuudhee, erga bira ga'ee booddee, yoo ishee jibbe; 14 inni dubbii nama yeellaasisuun ishee hadheessee, "Ani intala kana nan fuudhe, garuu yeroon isheettI dhi'aadhe immoo milikkita durbummaa ishee nan dhabe" yoo jedhe, 15 abbaan intalattii fi haati ishee milikkita durbummaa isheetii karra kellaa mandarichaa lafa maanguddoonni mandara sanaa itti wal ga'anitti geessanii isaanitti haa dhi'eessan! 16 Yommus abbaan intalattii maanguddootaan, "Ani intala koo namicha kanatti nan heerumsiise, inni immoo ishee in jibbe; 17 kunoo ammas dubbii nama yeellaasisuun, 'Ani milikkita durbummaa intala keetii hin arganne' jedhee ishee hadheesse; amma garuu milikkinni durbummaa intala kootii kunoo ti!" haa jedhu! Wayyaa sanas maanguddoota mandara sanaa duratti haa diriirsan! 18 Yeroo sanatti maanguddoonni mandara sanaa namicha fuudhanii haa dhaanan! 19 Sababii inni durba Israa'el irra maqaa gadhee kaa'eefis, meetii sheeqelii dhibba tokko miijanu abbaa intalattiif gatii haa baasisan! Intalattiin immoo haadha manaa isaa haa taatu! Bara jireenya isaa guutuuttis ishee gad hin dhiisin*!
**19 22:29*

20 Haa ta'u iyyuu malee, hadheessi sun dhugaa ta'ee, milikkinni durbummaa intalattii yoo argamuu dhaabaate, 21 intalattiin mana abbaa isheetti gaalamootuu isheetiin Israa'el keessatti wanta yeellaasisaa waan hojjetteef, gara balbala mana abbaa isheetiitti ishee haa baasan, namoonni mandara isheetiis dhagaadhaan rukutanii ishee haa ajjeesan! Akkasitti isa hamaa of gidduudhaa baasaa*!
**21 Uma 34:7*

22 Namni tokko dubartii dhirsa qabduu wajjin utuu ciisuu yoo argame, lamaanuun isaanii, namichi inni ishee wajjin ciisee fi dubartittiin haa ajjeefaman! Akkasitti isa hamaa Israa'el keessaa baasaa*!
**22 Lew 20:10; 2Sam 11:4*

23 Namni tokko durba kaadhimatamte tokko mandara keessatti argee, isheedhaa wajjin yoo ciise, 24 isaan lachuu gara karra kellaa mandarichaatti baasaa! Isheen durbaa mandara keessa utuma jirtuu hin iyyine, inni dhiiraa immoo kaadhima nama biraa in salphise; kanaafis isin dhagaadhaan rukutaatii isaan ajjeesaa! Akkasitti isa hamaa of gidduudhaa baasaa!

25 Namni tokko bakkee keessatti durba kaadhimatamte tokko argee, qabee ishee wajjin yoo ciise garuu, namichi inni ishee wajjin ciise sun duwwaan haa ajjeefamu! 26 Wanti akkasii akka isa namni tokko nama biraa irratti ka'ee isa ajjeesu waan ta'eef, cubbuun du'aan ishee ga'u intalattii irra hin jiru; kanaaf intalattii waan tokko iyyuu hin godhinaa! 27 Namichi bakkee keessatti waan ishee argateef, intalli kaadhimatamte sun yoo iyyite iyyuu ishee oolchuudhaaf namni tokko illee hin argamu ture.

28 Namni tokko durba hin kaadhimatamin tokko argee, qabee ishee wajjin yoo ciise, isaan lachuu yoo argaman, 29 namichi ishee wajjin ciise sun waan ishee yeellaasiseef, abbaa intalaattiif meetii sheeqelii shantama miijanu haa kennu! Isheenis haadha manaa isaaf haa taatu! Inni immoo bara jireenya isaa guutuutti ishee gad hin dhiisin*!

30 Namni haadha manaa abbaa isaatii fuudhuun irra hin jiru, siree abbaa isaatiis salphisuun hin ta'u*!
**28-29 Bau 22:16*
**30 Lew 18:8; Kes 27:20*

Namoota Waldaa Waaqayyoo Keessa Lixuu Dhowwaman

23 1 Namni tumamee sangoome yookiis namni saalli isaa murame waldaa Waaqayyootti hin lixin*! 2 Namni abbaa hin beekaminiif dhalatu waldaa Waaqayyootti hin lixin! Sanyii isaa keessaas hamma dhaloota kudhaniitti waldaa Waaqayyootti hin lixin! 3 Amoononni yookiis Mo'aabonni, sanyii isaanii keessaas namni tokko illee hamma dhaloota kudhaniitti iyyuu waldaa Waaqayyootti hin lixin*! 4 Isaan yommuu ati biyya Gibxii baatee dhuftu Bala'aam ilma Be'or akka si abaaruuf Phetor mandara Mesophotaamiyaa keessaa sitti bitan malee, buddeenaa fi hishaaniin karaatti sitti hin adeemne*. 5 Haa ta'u iyyuu malee, Waaqayyo gooftaan kee sabahii si jaallateef Bala'aamiif hin dhageenye; Waaqayyo gooftaan kee abaarsicha eebbatti siif geddare*. 6 Bara jireenya kee hundumaatti isaan nagaa akka qabaatan, isaanitti tolees akka jiraatan hin barbaadin*!
**1 Isa 56:3-7; HoE 8:27; Mat 19:12*
**3 Uma 19:37-38*
**4 Lak 22:1-6*
**5 Lak 23:7—24:9*
**6 Iz 9:12*

7 Edoom obboleessa kee waan ta'eef nama Edoom hin tuffatin! Ati biyya isaa keessatti galaa waan turteef nama Gibxii hin tuffatin*! 8 Sanyiin isaanii dhaloota sadaffaa booddee waldaa Waaqayyootti dabalamuu in danda'u.
**7 Isa 19:18-25*

Iddoon Buufata Loltuu Qulqullinatti Akka Eegamu Gorsuu Isaa

9 Yommuu diina kee loluudhaaf kaatee iddoo tokko buufattu, wanta hamaa hundumaa irraa of eeggadhu! 10 Isin keessaa namni tokko halkan dingata ofitti abju'atee yoo of xureesse, iddoo buufataa keessaa gara alaatti haa ba'u malee, gara keessaatti ol hin dhufin*! 11 Haa ta'u iyyuu malee, gara galgalaa bishaaniin dhiqatee aduun yommuu lixxu gara iddoo buufataa sana keessatti deebi'uu in danda'a. 12 Lafa itti bakkee ba'an iddoo buufataa duubatti qopheeffadhuutii achi dhaqi! 13 Mi'a kee wajjin wanta qara qabu kan ittiin lafa haatee keessatti bakkee baatee ittiin biyyoo itti deebisuu dandeessu fudhadhu! 14 Waaqayyo gooftaan kee si oolchuudhaaf, diinota kee harka keetti dabarsee kennuudhaafis iddoo buufata kee keessa in deddeebi'a; egaa akka inni wanta yeellaasisaa isin gidduutti argee isin irraa hin deebinetti iddoon buufata kee qulqullaa'aa haa ta'u*!
**10 Lew 15:16-17*
**14 Lew 26:12*

Seera Garaa Garaa Kennuu Isaa

15 Garbichi tokko gooftaa isaa duraa sitti yoo baqate, qabdee gooftaa isaatti hin kennin! 16 Inni mandaroota

kee keessaa lafa jaallate tokko fo'atee isin gidduu haa taa'u! Ati immoo isa hin cunqursin*!
**16 Bau 22:20; Film 12-16*

17 Dubartoota yookiis dhiirota Isra'el keessaa galma keessatti ejjaaf kan qophaa'ee taa'u hin argamin*! 18 Waaqayyo gooftaan kee horii ejjaan argamee fi gatii saree in ciigga'a; kanaafis wareega kamiif iyyuu taanaan lachuu isaa mana Waaqayyo gooftaa keetti hin galchin*!
**17 1Mot 14:24; 2Mot 23:7; Hos 4:14; Lew 19:29*
**18 Mul 22:15*

19 Obboleessa keetti hiiqii hin kennatin! Meetii yookiis midhaan, waan hiiqiitti kennamu hundumaa hiiqii isatti hin kennatin*! 20 Ormatti hiiqii kennadhu malee, Waaqayyo gooftaan kee biyya ati qabachuudhaaf jirtu keessatti waan hojjettu hundumaatti akka si eebbisuuf obboleessa keetti hiiqii hin kennatin!
**19 Bau 22:25; Lew 25:36*

21 Waaqayyo gooftaa keetiif wareega yoo wareegde, utuu of irraa hin baasin hin turin! Kanaa achi Waaqayyo gooftaan kee isa waan si irraa barbaaduuf cubbuu sitti in ta'a*. 22 Yoo wareeguu dhaabaatte garuu cubbuu sitti hin ta'u. 23 Wanta jaalala keetiin Waaqayyo gooftaa keetiif kennuudhaaf afaan keetiin wareegde, jaalala keetiin waan ta'eef, isa afaan keetiin wareegde kana eegii of irraa baasi!
**21 Lak 30:2*

24 Iddoo dhaabaa waynii ollaa keetti yoo lixxe, qodaa kee keessa ija tokko illee hin buusin malee, yoo barbaadde hamma quuftutti nyaachuu in dandeessa. 25 Midhaan ollaa keetii isa maasii keessa jirutti yommuu lixxu, haammachuudhaaf haamtuu itti hin buusin malee, harka keetiin asheetii isaa cirachuu in dandeessa*.
**25 Mat 12:1*

Wanta Garaa Garaaf Seerri Kennamuu Isaa

24 1 Namni tokko erga niitii fuudhee booddee, wanta namatti hin tolle waan irratti argeef itti gammaduu yoo dadhabe, inni caaffata ittiin ishee gad dhiisu harkatti kenneefii mana isaatii haa baasu*! 2 Isheen mana isaatii erga baatee nama kan biraatti yoo heerumte, 3 abbaan manaa ishee inni booddees ishee jibbee, caaffata ittiin ishee gad dhiisu harkatti kenneefii mana isaatii yoo ishee baase yookiis inni yoo du'e, 4 abbaan manaa ishee inni dura gad dhiise, erga isheen xurooftee deebisee ishee hin fuudhin! Wanti akkasii kun Waaqayyo duratti ciigga'amaa dha; biyya Waaqayyo gooftaan kee dhaala godhee siif kennu irratti cubbuu hin fidin!
**1 Mat 5:31-32*

5 Namni dhi'oo niitii fuudhe tokko duulatti hin ergamin, yookiis hojiin tokko illee isa irra hin kaa'amin! Inni waggaa tokkoof ajaja malee mana isaa taa'ee, haadha manaa isaa ishee fuudhe sana haa gammachiisu*!
**5 20:7*

6 Dhagaa daakuu yookiis majii isaa nama duraa qabsiisa fudhachuun akka waan jireenya isaa qabsiisa fudhatanii waan ta'eef, namni tokko illee gatii-dhaaf jedhee kana qabsiisa hin fudhatin! 7 Namni tokko obboloota isaa Isra'eloota keessaa nama hatee garbicha godhatee yookiis isa gurguree yoo argame, inni hate sun haa ajjeefamu! Isin akkasitti isa hamaa of gidduudhaa baasaa*!
**7 Bau 21:16*

8 Yeroo dhukkubni lamxii nama qabu, of eeggadhaatii wanta Lewwooni warri luboonni akka ani isaan abboometti isin gorsan godhaa! Akkasitti gaarii godhaatii eegaa*! 9 Wanta Waaqayyo gooftaan keessan erga isin biyya Gibxii baatanii karaatti Miiryaamitti fide yaadadhaa*!
**8 Lew 13:14*
**9 Lak 12:10-15*

10 Ati waan tokko namaaf yeroo liqeessitu, qabsiisa isa irraa fudhachuudhaaf mana isaa keessa hin lixin! 11 Namichi ati liqeessituuf sun qabsiisa sana gad baasee sitti haa fidu, ati immoo ala dhaabadhu! 12 Namichi hiyyeessa yoo ta'e immoo qabsiisa sana of bira hin bulchin! 13 Inni wayyaa isaa uffatee bulee akka si eebbisutti yeroo biiftuun lixxu deebisiif! Kunis Waaqayyo gooftaa kee duratti qajeelummaatti siif in lakkaa'ama*.
**13 Bau 22:25-26; Iyo 22:6; Amo 2:8*

14 Ati obboloota kee keessaa yookiis galaa kellaa mandaroota biyya keetii keessa jiraatu keessaa isa hiyyeessaa fi dhabaa qacaramee hojjetu hin cunqursin*! 15 Inni hiyyeessa waan ta'eef, garaan isaas gara isa ittiin qacaramee yaadaa waan jiruuf, Waaqayyotti si iyyatee kun cubbuu akka sitti hin taanetti, gatii inni ittiin qacarame gaafasuma utuu biiftuun hin lixin kenniif!
**14 Lew 19:13; Yaq 5:4*

16 Namni adduma addaan cubbuu ofii isaatiif haa ajjeefamu malee, abboonni ilmaan isaaniif hin ajjeefamin, ilmaanis abboota isaaniif hin ajjeefamin*! 17 Firdii nama galaa, kan ijoollee abbaan irra hin jirrees hin jal'isin! Uffata dubartii abbaan manaa irraa du'ees qabsiisaaf hin fuudhin*! 18 Biyya Gibxiitti ati garba akka turte, Waaqayyo gooftaan kees achii akka si fure yaadadhu! Kanaaf dubbii kana akka gootuuf ani sin abbooma*.
**16 2Mot 14:6; His 18:4-20*
**17 Bau 23:6,9*
**18 5:15*

19 Maasii kee keessaa midhaan haamtee yeroo galfattu bissii tokko maasii keessatti yoo irraanfatte, fudhachuudhaaf decbitee hin dhaqin! Waaqayyo gooftaan kee waan ati harka keetiin hojjetru hundumaan akka si eebbisutti, inni nama galaadhaa fi ijoollee abbaan irra hin jirreef, dubartii abbaan manaa irraa du'eefis haa ta'u! 20 Mukkeetii ejersaa kee irraa ija isaa yommuu harcaafattu, damee isa bira darbitetti deebitee hin hurgufin! Inni irratti hafu nama galaadhaa fi ijoollee abbaan irra hin jirreef, dubartii abbaan manaa irraa du'eefis haa ta'u! 21 Ija waynii iddoo dhaabaa waynii keetii keessaa yeroo galfattu, booddee deebitee hin funaanin! Inni hafu immoo nama galaadhaa fi ijoollee abbaan irra hin jirreef, dubartii abbaan manaa irraa du'eefis haa ta'u! 22 Atis biyya Gibxiitti garba akka turte yaadadhu! Kanaaf dubbii kana akka gootuuf ani sin abbooma*.
**19-22 Lew 19:9-10; 23:22*

Akka Itti Isa Balleesse Dhaanan

25 1 Namoonni wal dhabanii gara yaa'ii yoo dhufan, abboonni firdiis isa balleessaa hin qabneen, "Balleessaa hin qabdu, isa balleessaa qabuun immoo balleessaa qabda" jedhanii firdii isaaniif haa kennan*! 2 Inni balleesse sun dhaanamuun in ta'aaf yoo ta'e, abboonni firdii lafa akka isa ciibsan godhanii akka balleessaa isaatti isa haa reebsisan! Lakkoobsi reebamuu isaatii immoo akka balleessaa isaatiitti haa ta'u! 3 Inni balleesse sun hamma afurtamaatti rukutamuu in danda'a; obboleessi kee ija kee duratti akka hin salphannetti afurtama caalaa hin rukutamin*!
**1 Bau 23:7*
**3 2Qor 11:24*

4 Qotiyyoo midhaan siribsiisuutti jiru afaan isaa hin hidhin*!
**4 1Qor 9:9; 1Xim 5:18*

Nama Utuu Dhala Hin Godhatin Du'eef Obboleessi Isaa Gochuun Kan Ta'u

5 Obboloota walii wajjin jiraatan keessaa inni tokko utuu dhala hin godhatin yoo du'e, haati manaa isa du'e sanaa maatii sana keessaa baatee ormatti hin heerumin! Obboleessi abbaa manaa isheetii gara ishee dhaqee, barcuma qajeelchee haadha manaa ishee haa godhatu*! 6 Maqaan isaa Isra'el keessaa akka hin badnetti ilmi isheen angafa deessu maqaa isa du'ee sanaan haa waamamu! 7 Haa ta'u iyyuu malee, namichi haadha manaa obboleessa isaa kana fuudhuu hin barbaadu yoo ta'e, baati manaa obboleessa isaa gara karra dallaa lafa maanguddoonni itti wal ga'an dhaqxee, "Obboleessi abbaa manaa kootii maqaan obboleessa isaa itti fufee Isra'el keessa akka jiraatu gochuu in dide, barcuma qajeelchee waan obboleessi abbaa manaa raawwatus anaaf hin goone" haa jettu! 8 Maanguddoonni mandara isaatii isa waamsisanii itti haa dubbatan! Inni immoo didee, "Ani ishee fuudhuu hin barbaadu" yoo jedhe, 9 haati manaa obboleessa isaatii immoo maanguddoota duratti itti dhi'aattee, miilla isaatii kophee luqqiftee, fuula isaattis tuftee, "Nama mana obboleessa isaa hin ijaarre akkas godhu" haa jettu! 10 Yommus biyya Isra'el keessatti, sanyii isaa, "Mana isa kopheen isaa irraa luqqifame sanaa" jedhanii in moggaasu.
**5 Uma 38:8; Rut 4:5; Mat 22:23-24*

Wanta Garaa Garaaf
Seera Kennuu Isaa

11 Namoonni lama utuu wal lolaniì,
haati manaa isa tokkoo namicha isa
abbaa manaa ishee miidhu harkaa baa-
fachuudhaaf jettee, hiixattee saala na-
micha isa miidhu sanaa yoo qabde,
12 harka isbee irraa kuti malee garaa hin
laafiniif.

13 Korojoo kee keessaa dhagaa sa-
faraa akaakuu lama, dhagaa guddaa fi
dhagaa xinnaa bin qabaatin*! 14 Mana
kee keessaas quunnaa safaraa akaakuu
lama, quunnaa guddaa fi quunnaa xin-
naa hin qabaatin! 15 Biyya Waaqayyo
gooftaan kee siif kennu keessa bara
dheeraa akka jiraattutti, dhagaa safaraa
fi quunnaa safaraa guutuu fi qajeelaa
qabaadhu! 16 Waaqayyo gooftaan kee
nama wanta akkasii godhu, nama jal'i-
na hojjetu bundumaas in ciigga'a.
**13 Lew 19:35-36; His 45:10; Amo 8:5; Mik 6:11*

Amaaleqoota Ijaa Akka
Baafatan Ajajuu Isaa

17 Biyya Gibxiitii yommuu ati baa-
te, wanta warri Amaaleq karaatti si
hojjetan yaadadhu*! 18 Yommuu ati da-
dhabdee bututte, isaan immoo karaa
booddee dhufanii si rukutanii, warra
dadhabanii booddeetti bafanis si irraa
kutan; isaan Waaqayyoon hin sodaan-
ne. 19 Kanaaf biyya Waaqayyo goof-
taan kee akka dhaala gootee qabattuuf
siif kennu keessatti, inni ofii isaatii
diinota naannoo kee jiran hundumaa
irraa yommuu si boqochiisu, seenaa
warra Amaaleq bantii waaqaa jalaa
haxaa'ii balleessi, bin irraanfatinis*!
**17 Bau 17:8-16*
**19 1Sam 15:2-3*

Mataa Midhaanii Aarsaa
Dbi'eessuuf Abboomamuu Isaanii

26 1 Ati biyya Waaqayyo gooftaan
kee dhaala godhee siif kennutti
galtee, qabattee yeroo keessa jiraattu,
2 midhaan laficha isa Waaqayyo goof-
taan kee siif kennu irraa jalqaba galfattu
keessaa fuudhii guubootti naqii, iddoo
Waaqayyo maqaan isaa akka itti waa-
mamuuf fo'ate sanatti geessi*! 3 Lubi-
cha isa yeroo sana hojii irra jiruunis,
"Ani har'a biyya Waaqayyo nuuf ken-
nuudhaaf abboota keenyaaf kakate sa-
natti galuu koo Waaqayyo gooftaa kee
duratti nan beeksisa" jedhi! 4 Yommus
lubichi guuboo sana si harkaa fuudhee,
fuula iddoo aarsaa Waaqayyo gooftaa
keetii dura haa kaa'u!
**2 Bau 23:19; Lew 2:14; Kes 12:5*

5 Kana booddee immoo ati Waaqay-
yo gooftaa kee duratti, "Abbaan koo
nama Aaram isa jooraa ture; inni na-
moota muraasaa wajjin biyya Gibxiitti
gad bu'ee galaa ta'ee, achi jiraate;
achitti saba guddaa jabaadhaa fi
baay'ee ta'e; 6 warri Gibxii immoo nu
miidhanii, nu rakkisanii, garbummaa
jabaa jalas nu galchan. 7 Yommus nuyi
Waaqayyo gooftaa abboota keenyaatti
in iyyanne; Waaqayyo sagalee keenya
dhaga'ee, rakkina keenya, bojii keenya
isa ulfaataa, cunqurfamuu keenyas in
arge. 8 Waaqayyo yommus harka aan-
go-qabeessaan, irree diriiraadhaan,
wanta gurguddaa nama naasisuun, mi-
likkitaa fi dinqiidhaanis biyya Gibxii
nu baase. 9 Inni gara iddoo kanaatti nu
fidee, biyya aannanii fi damma baasu
kana nuuf kenne. 10 Ammas yaa Waa-
qayyo, kunoo midhaan ati anaaf laatte
isa laficha irraa argame keessaa isa
jalqabaa fideera" jedhii dubbadhu! Isas
fuula Waaqayyo gooftaa kee dura kaa'i,
Waaqayyo gooftaa kee durattis sagadi!
11 Ati, namni Lewwii, galaan isin gid-
duu jirus, wanta gaarii Waaqayyo goof-
taan kee siif, mana keetiifis kenne
hundumaatti in gammadda*!
**11 16:11,14*

12 Ati waggaa sadaffaa, waggaa
itti kudhan keessaa tokko baasanitti,
midhaan galfatte keessaa kudhan
keessaa tokko baaftee, namichi Lew-
wii, namni galaan, ijoolleen abbaan
irra hin jirree, dubartiin abbaan ma-
naa irraa du'ees kellaa mandara keetii
keessatti nyaatanii akka quufaniif er-
ga laatteefii*, 13 ati immoo fuula
Waaqayyo gooftaa kee duratti, "Ku-
noo ani qooda qulqullaa'aa sana mana
kootii baaseera, akka abboommii kee
isa ati na abboomte hundumaattis
namicha Lewwii fi nama galaadhaaf,
ijoollee abbaan irra hin jirreef, dubar-
tii abbaan manaa irraa du'eefis ken-
neera; ani abboommii kee keessaa isa
tokko irra illee hin darbine, isaan hin
irraanfannes. 14 Utuun gaddatti jiruu
qooda qulqullaa'aa sana irraa hin

nyaanne, utuun akka seeraatti hin
qullaa'inis isa irraa waan tokko hin
fuune; ani isa irraa fuudhees warra
du'aniif aarsaa hin dhi'eessine, saga-
lee Waaqayyo gooftaa kootii dha-
ga'ee, waan ati na abboomte hundu-
maas godheera. 15 Ati bantiiwwan
waaqaa iddoo jireenya kee isa qul-
laa'aa irraa gad ilaali, Israa'elin saba
kee, laficha isa akkuma abboota kee-
nyaaf kakattetti nuuf laatte, isa aan-
nanii fi damma baasu kanas eebbisi!"
jedhi!
**12 14:27-29*

Sabni Isaa Abboommii Waaqayyoo
Duukaa Akka Bu'u Beeksisuu Isaa

16 Har'a Waaqayyo gooftaan kee
seerrata kanaa fi wanta qajeelaa ta'e
kana duukaa akka buutuuf si abbooma;
kanaaf ati of eeggadbuutii garaa kee
guutuudhaan, yaada kee guutuudhaanis
isaan kana duukaa bu'i*! 17 Har'a Waa-
qayyo gooftaa kee akka ta'e, atis karaa
isaa irra akka adeemtu, seerrata isaa,
abboommii isaa fi wanta qajeelaa ta'e
akka eegdu, sagalee isaas akka dha-
geessu beeksifteetta. 18 Waaqayyo ak-
kuma si abdachiisetti ati addumaan
saba dhuunfaa isaa akka taate, ab-
boommii isaa hundumaas eeguun akka
si irra jiru har'a beeksiseera. 19 Inni
immoo ol si fuudhee, ati jajamuudhaan,
maqaa godhachuudhaan, ulfinaanis sa-
ba ofii isaatii uume hundumaa gararraa
akka ooltu gochuudhaaf, akkuma abda-
chiisuu isaatti saba isaaf qulqullaa'e
akka taatu beeksiseera*.
**16 4:29*
**19 28:1*

Tulluu Ebaal Irratti Iddoon Aarsaa
Qopheeffamuu Isaa

27 1 Yommus Museen maangud-
doota Israa'elii wajjin jaratti in
dubbate; inni isaaniin, "Abboommii ani
har'a isin abboomu kana hundumaa
eegaa! 2 Yeroo Yordaanosin ceetanii
biyya Waaqayyo gooftaan keessan isi-
niif kennutti galtan, dhagoota gurgud-
doota dhadhaabaatii nooraa dibaa!
3 Dubbii seera kanaa hundumaa biyya
Waaqayyo gooftaan keessan isiniif ken-
nu, biyya aannanii fi damma baasu isa
Waaqayyo gooftaan inni kan abboota
keessanii isin abdachiise sanatti yeroo
galtan, dhagoota sana irratti caafaa!
4 Yordaanosin yommuu ceetan, akka ani
har'a isin abboometti dhagoota kana
tulluu Ebaal irra dhadhaabaatii nooraa
dibaa! 5 Achittis Waaqayyo gooftaa
keessaniif dhagaadhaan iddoo aarsaa
ijaaraa! Dhagichas mi'a sibiila irraa
hojjetameen sooftanii bin ijaarinaa*!
6 Waaqayyo gooftaa keessaniif dhagaa
hin soofaminiin iddoo aarsaa ijaaraatii
achi irratti aarsaa gubamu Waaqayyo
gooftaa keessaniif dhi'eessaa! 7 Achitti
qalma araaraa dhi'eessaatii Waaqayyo
gooftaa keessan duratti nyaadhaa gam-
madaa*! 8 Dhagoota kana irrattis dubbii
seera kanaa hundumaa mul'isaa caa-
faa!" jedhe.
**5 Bau 20:25*
**7 12:7*

Abaarsa Abboomamuu
Diduu Irratti Dhufu

9 Ergasii Museen Lewwoota warra
lubootaa wajjin guutummaa Israa'eliin,
"Cal jedhaa dhaggeeffadhaa, isin yaa
warra Israa'el! Har'a isin saba Waa-
qayyo gooftaa keessanii taataniittu*;
10 kanaaf sagalee Waaqayyo gooftaa
keessanii dhaga'aa! Abboommii isaa fi
seerrata isaa isa ani har'a isiniif kennu
eegaa!" jedhe.
**9 26:18-19*

11 Guyyaadhuma sana Museen sa-
ba ajajee, 12 "Yordaanosin yeroo ceetan
gosi Shimi'oon, gosi Lewwii, gosi
Yihudaa, gosi Yisaakor, gosi Yoseefii
fi Beniyaamin tulluu Geriiziim irra
dhaabatanii saba haa eebbisan*! 13 Gosi
Ruuben, gosi Gaadi, gosi Asheer, gosi
Zebuloon, gosi Daanii fi Niftaalem
immoo tulluu Ebaal irra dhaabatanii
haa abaaran!" jedhe.
**12 11:29; Iya 8:33-35*

14 Warri Lewwootaas sagalee isaa-
nii ol fudhatanii namoota Israa'elitti
haa dubbatan!

15 Namoi bifa qirixee yookiis
baqsee waaqayyolii
tolfatee, hojii harka namaa
dhoksee dhaabatu,
Waaqayyo duratti
ciigga'amaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen"
haa jedhan*!

16 Namni abbaa isaa yookiis haadha isaa salphisu, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!
17 Namni dhagaa daarii namaa iddoo isaatii butu, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!
18 Namni nama jaamaa karaa irraa jal'isu, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!
19 Namni nama galaatti, ijoollee abbaan irra hin jirretti, dubartii abbaan manaa irraa du'ettis firdii jal'isu, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!
20 Namni haadha manaa abbaa isaatii wajjin ciisu, siree abbaa isaatii waan salphisuuf, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!
21 Namni horii kamii wajjin illee ciisu, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!
22 Namni obboleettii issa, intala abbaa isaa yookiis haadhoo isaa wajjin ciisu, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!
23 Namni amaatii isaa wajjin ciisu, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!
24 Namni dhoksaatti nama ajjeesu, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!
25 Namni dhiiga nama balleessaa hin qabnee dhangalaasuudhaaf gatii fudhatu, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!
26 Namni dubbii seera kanaa hundumaa eegee hojii irra hin oolchine, abaaramaa haa ta'u!
Namoonni hundinuu "Ameen" haa jedhan*!

**15 Bau 20:4; Lew 19:4; 26:1*
**16 Bau 21:17*
**17 19:14*
**18 Lew 19:14*
**19 Bau 22:21-22; Lew 19:33-34; Kes 24:17-18*
**20 Lew 18:8; Kes 22:30*
**21 Bau 22:19; Lew 18:23*
**22 Lew 18:9,11*
**23 Lew 18:17*
**24 Bau 21:12; Lak 35:20*
**25 Bau 23:8*
**26 Gal 3:10*

Eebba Abboomamuudhaan Dhufu
(Lew 26:3-13; Kes 7:12-24)

28 1 Sagalee Waaqayyo gooftaa keessanii gaarii gootanii yoo dhageessan, abboommii isaa isa ani har'a isin abboomus gaarii gootanii yoo eegdan, Waaqayyo gooftaan keessan saba warra kaan hundumaa gararraa isin in oolcha*. 2 Sagalee Waaqayyo gooftaa keessanii yoo dhageessan, eebbi kun hundinuu isiniif in dhufa, isin in qaqqabas. 3 Mandara keessatti, maasii keessattis in eebbifamtu. 4 Dhalli keessan, midhaan maasii keessanii, hormaanni horii qe'ee keessanii, jabboonni, xobbaallaanis eebbifamoo in ta'u. 5 Guuboon keessanii fi qoda-bukoon keessan eebbifamoo in ta'u. 6 Yeroo gad baatan, yeroo ol galtanis eebbifamoo in taatu*.
**1 26:19*
**6 Far 121:8*

7 Diinonni keessan warri isin irratti ka'an isin duratti rukutamanii akka dhuman Waaqayyo in godha; karaa tokko isinitti in dhufu, karaa torba isin in baqatu. 8 Gombisaa keessanitti, wanta harki keessan hojjetu hundumaattis Waaqayyo eebba in erga; Waaqayyo gooftaan keessan biyya isinii kennu keessatti isin in eebbisa*. 9 Isin abboommii Waaqayyo gooftaa keessanii yoo eegdan, karaa isaa irras yoo adeemtan, Waaqayyo akkuma isiniif kakatee ture saba isaa isa qulqullaa'aa godhee isin in dhaaba*. 10 Yommus sabni warri kaan hundinuu isin maqaa Waaqayyootiin akka waamamtan in argu, isin in sodaatus. 11 Waaqayyo biyya abboota keessaniif kennuudhaaf kakate yeroo isiniif kennu achitti dhala keessan, hormaata horii qe'ee keessanii, midhaan maasii keessaniis isiniif in baay'isa. 12 Waaqayyo hojii harka keessanii hundumaas eebbisuudhaaf gombisaa badhaadhummaa isaa isa gaarii isa waaqa irraa isiniif bance, yeroo isaatti lafa irratti bokkaa in roobsa; isin saba baay'eedhaaf in liqeessitu, ofii garuu nama tokko irraa illee hin liqeeffattan*. 13 Waaqayyo akka isin mataa taatan godha malee, eegee isin hin taasisu; abboommii Waaqayyo gooftaa keessanii isa ani har'a isin abboomu kana yoo dhageessan, gaarii gootaniis yoo eegdan irra aantu malee, jala hin aantan. 14 Waaqayyolii biraa duukaa bu'uudhaaf, isaaniif hojjechuudhaafis dubbii ani har'a isin abboomu kana irraa gara mirgaatti yookiis gara bitaatti hin gorinaa*!

**8 Lew 25:21*
**9 Bau 19:5-6*
**12 15:6*
**14 5:29,32*

Abaarsa Abboomamuu Diduu Irratti Dhufu
(Lew 26:14-46)

15 Sagalee Waaqayyo gooftaa keessanii yoo dhaga'uu dhaabaattan, abboommii isaa fi seerrata isaa warra ani har'a isin abboomu kana hundumaas gaarii gootanii yoo eeguu dhaabaattan, abaarsi itti fufee jiru kun hundinuu isinitti in dhufa isin in qaqqabas*.

16 Mandara keessatti in abaaramtu, maasii keessattis in abaaramtu.

17 Guuboon keessanii fi qoda-bukoon keessan abaaramoo in ta'u.

18 Dhalli keessan in abaaramu, midhaan maasii keessanii, jabboonnii keessanii fi xobbaallaan keessan in abaaramu.

19 Yeroo ol galtan in abaaramtu, yeroo gad baatanis in abaaramtu.

20 Isin Waaqayyoon irraanfachuu keessaniin hamaa waan hojjettaniif, inni hamma isin daftanii baddanitti abaarsa, raafama, ifaatas wanta harki keessan hojjetu hundumaa irratti in erga. 21 Waaqayyo biyya isin itti galuuf jirtan keessaa hamma haxaa'ee isin balleessutti, dha'icha isin biraa hin hambisu. 22 Waaqayyo yommus dhukkuba sombaatiin, dhagna gubaadhaan, iitaan, caamsaa jabaadhaan, gognaan, bubbeedhaan, waagiidhaanis isin in rukuta; isaan kun hamma isin baddanitti isin biraa hin hafan. 23 Waaqni mataa keessan gararraatti sibiila boorrajjii in ta'a, laftis isin jalatti sibiila in ta'a*. 24 Waaqayyo bokkaa maasii keessan irratti roobu daaraadhaa fi awwaaratti in geddara; bokkichis hamma isin balleessutti waaqa irraa gad in bu'a.

**15 Dan 9:11*
**23 11:17*

25 Waaqayyo akka isin diinota keessan duratti mo'amtan in godha; karaa tokko isaanitti in duultu, karaa torbaan isaan in baqattu; mootummoota biyya lafaa irra jiran hundumaafis wanta jibbisiisaa in taatu. 26 Reeffi keessan allaattota qilleensa keessa balali'anii fi bineensota lafa irra jiraatan hundumaaf nyaata in ta'a; kan isaan naasisee ari'us tokko illee hin jiru*. 27 Iita madaa'u isa kan warra Gibxiin, madaa dhiiguun, cittoodhaan, roobbiidhaanis Waaqayyo isin in rukuta; isaanittiis fayyuu hin dandeessan*. 28 Maraatummaadhaan, jaamummaadhaan, raata'ummaadhaanis Waaqayyo isin in rukuta. 29 Akka nama iji isaa jaamee dukkana keessa qaqqabatuutti, isin guyyaa saafaadhaan in qaqqabattu, wanti isin gootan hundinuus isiniif hin qajeelu, yeroo hundumaa in cunqurfamtu, in saamamtu, namni isin gargaarus hin jiru*. 30 Isin durba in kaadhimattu, garuu namni biraa isheetti in roorrisa; mana in ijaartu, garuu ofii keessanii itti hin galtan; isin waynii in dhaabbattu, garuu ija isaa irraa hin cirattan*.

**26 Er 7:33; 16:4*
**27 Bau 9:8-9*
**29 Isa 59:10*
**30 Isa 65:22*

31 Qotiyyoon keessan ija keessan duratti in qalama, isin garuu foon isaa hin nyaattan; harreen keessan humnaan isin irraa in fudhatama, isiniif hin deebifamus; bushaayeen keessan diinota keessaniif in kennamu, namni isaan oolchus hin jiru. 32 Ijoolleen dhiiraa keessanii fi ijoolleen durbaa keessan saba biraatiif in kennamu, iji keessan

guyyaa hundumaa isaan ilaaluutti in dadhaba, harka keessaniinis waa oolchuu hin dandeessan. 33 Sabni isin isaan hin beekne midhaan isin maasii keessaa itti dadhabdanii hojjettan hundumaa in nyaatu; yeroo hundumaas gad isin in qabu, isin in caccabsus*. 34 Wanti ija keessaniin argitan kunis isin in maraacha. 35 Iita hamaa isa fayyuu hin dandeenye jilba keessanitti, miilla keessanitti, faana miilla keessaniitii jalqabee hamma gubbee mataa keessaniitti Waaqayyo isinitti in naqa.
**33 Abo 6:3*

36 Waaqayyo isinii fi mootii isin of irratti moosiftan saba isin yookiis abboonni keessan isaan hin beeknetti in kenna; isin achitti waaqayyolii mukaa fi dhagaa irraa hojjetamaniif in hojjettu*. 37 Saba Waaqayyo itti isin ergu sana bundumaa gidduutti jibbisiisoo in taatu, nama mammaaksaa fi nama kolfaa in taatu*. 38 Maasii keessanitti sanyii danuu in facaaftu, garuu hawaannisi waan isa fixuuf muraasa in galfattu*. 39 Isin waynii dhaabdanii keessa in hojjettu garuu raammoon waan isa fixuuf isin daadhii waynii isaa hin dhugdan, ija isaas irraa hin cirattan. 40 Biyya keessan keessaa iddoo hundumaatti muka ejersaa in qabaattu, garuu iji isaa dafee waan irraa harca'uuf, dhadhaa isaa hin dibattan. 41 Ijoollota dhiiraa fi ijoollota durbaa in godhattu, garuu hooji'amanii waan isin duraa fudhatamaniif isin bira hin jiraatan. 42 Mukkeetii keessanii fi ija mukkeetii keessan hundumaa korophisi isin irraa in fudhata. 43 Galaan isin gidduu jiru isin caalaatti isin irratti ol ol ka'aa in adeema, isin immoo gad in adeemtu. 44 Inni isiniif in liqeessa, isin garuu isaaf hin liqeessitan; inni mataa in ta'a, isin garuu eegee in taatu.
**36 4:27-28; 2Mot 17:5-6; 25:7-11*
**37 1Mot 9:7; Er 24:9*
**38 Mik 6:15; Yoe 1:4*

45 Sagalee Waaqayyo gooftaa keessanii dhaga'uu waan diddaniif, abboommii isaa fi seerrata isaa isa inni isin abboome eeguu waan dhiiftaniif, abaarsi kun hundinuu hamma isin baddanitti isin duukaa bu'ee isin in qaqqaba. 46 Isaan kun isinii fi sanyii keessan irratti milikkitaa fi dinqii bara baraa in ta'u. 47 Yeroo wanta hundumaa guutummaatti qabdan, Waaqayyo gooftaa keessaniif gammachuudhaa fi garaa guutuudhaan waan hojjechuu diddaniif, 48 beelaa fi dheebuudhaan, qullaa ta'uudhaan, wanta hundumaa dhabuudhaanis diinota keessan warra Waaqayyo isinitti erguuf in hojjettu; inni hamma isin balleessutti waanjoo sibiilaa morma keessan irra in kaa'a*.
**48 Er 28:13-14*

49 Saba isin afaan isaa hin beekne, saba akka joobiraa balali'u daarii lafaatii Waaqayyo isinitti in fida. 50 Fuulli saba sanaa nama in sodaachisa, jaarsaaf ulfina hin kennu, ijoolleedhaafis hin oo'u*. 51 Hamma achii isin balleessutti horii qe'ee keessanii fi midhaan maasii keessanii in nyaata; midhaan, daadhii waynii, dhadhaa ejersaa, jabboota, xobbaallaas in fixa, isin in onsas. 52 Mandaroota biyya keessanii hundumaa keessatti isinitti in marsa, kellaan keessan inni dhedheeraan isin guutummaa biyya keessanii keessatti amanattan sunis in jiga; mandaroota biyya Waaqayyo gooftaan keessan isiniif kenne hundumaa keessatti isinitti in marsa.
**50 Faru 5:12-13*

53 Yeroo marfamtan sana rakkina diinni keessan isinitti fidu irraan kan ka'e dhala keessan, foon ijoollota dhiiraa keessanii fi ijoollota durbaa keessan warra Waaqayyo gooftaan keessan isiniif kenne sana in nyaattu*. 54 Isin keessaa namni baay'ee garraamiinii fi qanan'aan obboleessa isaa, haadha manaa isaa ishee jaallatu, ijoollota dhiiraa isaa warra hafanis ija hamaadhaan in ilaala; 55 inni marfamuu isa diinni mandara keessan hundumaatti fidee isin rakkisu irraa kan ka'ee, wanti nyaatamu hundinuu waan duraa dhumeef, foon ijoollee isaa isa nyaachaa jiru sana firoota isaa keessaa nama tokkoof illee kennuu hin jaallatu.
**53 Lew 26:29; 2Mot 6:28-29; Er 19:9; Faru 2:20; 4:10; His 5:10*

56 Isin keessaa dubartiin baay'ee garraamiinii fi qananiituun qananiitti jiraachuu ishee irraa kan ka'ees faana miilla isheetiin illee lafa ejjechuu hin jaallanne, abbaa manaa ishee isa jaallatu, ilma ishee fi intala ishee ija hamaadhaan in ilaalti. 57 Isheen yeroo diinni mandaroota keessan marsee isin rakkisu sana wanti nyaatan waan hin jirreef, obbaatii isa gadameessa ishee keessaa ba'uu fi ijoollee ishee warra deessu dhoksaatti in nyaatti.

58 Macaafa kana keessatti kan caafame dubbii seera kanaa hundumaa gaarii gootanii yoo eeguu dhaabaattan, maqaa Waaqayyo gooftaa isa ulfina-qabeessaa fi sodaatamaa yoo sodaachuu dhaabaattanis, 59 Waaqayyo dha'icha keessan guddaa in godha, dha'icha ijoollee keessanitti dhufus dha'icha guddaadhaa fi dha'icha isaan irra turu in godha, dhukkuba jabaadhaa fi kan dafee hin fayyine itti in erga. 60 Inni dhukkuba biyya Gibxii isa isin sodaattan sana isinitti in erga, dhukkubichis isin irra in tura*. 61 Waaqayyo, dhukkubaa fi dha'icha macaafa seeraa kana keessatti hin caafamin jiran hundumaas isinitti fidee ittiin isin in balleessa. 62 Sagalee Waaqayyo gooftaa keessaniif abboomamuu waan diddaniif, dur akka urjoota waaqa keessaa in baay'attu kan turtan, amma immoo namoonni muraasi duwwaan isin keessaa in hafu. 63 Waaqayyo akkuma wanta gaarii isiniif gochuuf isin baay'isuutti gammade akkasuma immoo isin onsuu fi isin balleessuutti in gammada; biyya isa qabachuuf jirtan sana keessaas in buqqifamtu*. 64 Yommus Waaqayyo daarii lafaa gar tokkoo hamma gara kaaniitti saba hundumaa gidduu isin in tamsaasa, achittis waaqayyolii muka irraa fi dhagaa irraa hojjetaman, takkaa kan isin, abboonni keessanis hin beekneef in hojjettu. 65 Saba sana gidduutti boqonnaa tokko illee hin argattan; faanni miilla keessanii illee iddoo boqotu hin argatu, Waaqayyo achitti yaada sodaataa, agartuu dadhabaa, garaa abdii kutatus isiniif in kenna. 66 Garaan keessanis mamee in rarra'a, halkanii fi guyyaa in sodaattu, jireenya keessanis kan eegu hin jiru. 67 Isa garaan keessan sodaatuu fi wanta iji keessan argu sanaaf jettanii ganama, "Utuu galgala ta'ee" galgala immoo, "Utuu ganama ta'ee" in jettu. 68 Karaa ani, "Lammaffaa deebitanii hin argitan" isiniin jedhe sana irra Waaqayyo deebisee markabaan biyya Gibxiitti isin in fida, achitti akka garbichaa fi akka garbittiitti akka isin bitataniif of in kennitu; garuu namni isin bitu tokko illee hin jiru*.
**60 Bau 15:26*
**63 Fak 1:26*
**68 Hos 8:13; 9:3*

Waaqayyo Biyya Mo'aabitti Israa'elil Wajjin Kakuu Galuu Isaa

29 1 Waaqayyo dubbii kakuu isaa isa Horeebitti Israa'elootaaf gale irratti dahalee Museen biyya Mo'aabitti akka isaaniif kennuuf kan inni isa abboome kanatti fufee jira.

2 Yommus Museen guutummaa Israa'el walitti waamee, "Waan Waaqayyo biyya Gibxiitti ija keessan duratti Fara'oonii fi hojjetoota isaa hundumaa irratti, biyya isaa irrattis hojjete argitaniittu*; 3 yaalii jahaa sana, milikkita guddaa sana, dinqii guddaa sanas argitaniittu*. 4 Waaqayyo garuu qalbii hubatu, ija argu, gurra dhaga'us hamma har'aatti iyyuu isiniif hin kennine" jedhe. 5 Museen itti fufees, "Waaqayyo, 'Yeroo ani waggaa afurtama lafa onaa keessa isin geggeessaa ture uffanni keessan isin irratti hin dhumne, kopheen miilla keessanitti jirus miilla keessan irratti hin ciccinne*. 6 Isin buddeena hin nyaanne, daadhii waynii yookiis dhugaatii cimaa hin dhugne; kanas ani Waaqayyo gooftaa keessan akkan ta'e akka beektaniifan godhe' jedha.
**2 Bau 19:4*
**3 4:34; 7:19*
**5 8:4*

7 "Biyya kanatti yeroo galtan sana Sihoon mootii Heshboonii fi Oog mootiin Baashaan nu loluudhaaf ka'anii turan, garuu nu immoo isaan in moone*; 8 biyya isaaniis isaan irraa fudhannee gosa Ruubenii fi gosa Gaadiif walakkaa gosa Minaaseetiif dhaala goonee in kennine*. 9 Ammas wanti isin gootan hundinuu akka isiniif qajeelutti, dubbii kakuu kanaa gaarii godhaa eegaa! 10 Isin hundumti keessan, durahuntonni keessan, gosoonni keessan, maanguddoonni keessan, warri hojii geggeessan, namoonni Israa'el hundinuus har'a fuula Waaqayyo gooftaa keessanii dura dhaabadhaa! 11 Ijoollcen keessan, haati manaa keessan, galaan buufata keessan keessa jiru, warra muka isiniif murmuranii jalqabee hamma

warra bishaan isiniif waraabaniitti isa dura haa dhaabatan! 12 Isin har'a kakuu Waaqayyo gooftaan keessan isiniif dhaabutti galuudhaaf as in dhaabattu. 13 Waaqayyo akkuma ahboota keessan Abrahaamii fi Yisihaqiif, Yaaqoobiifis kakate, har'a saba ofii isaa isin in godhata, akkuma isin abdachiises ofii isaatii Waaqayyo keessan in ta'a. 14 Ani kakuu kanatti isin duwwaa wajjinan gala utuu hin ta'in, 15 warra har'a nuu wajjin addana fuula Waaqayyo gooftaa keenyaa dura jiranii fi warra har'a addana hin jirre wajjinis immoo nan gala.

**7 Lak 21:21-35*
**8 Lak 32:33*

16 "Nuyi biyya Gibxii keessa attamitti akka jiraachaa turre, attamittis saba baay'ee keessa darbinee akka dhufne isin ofii keessanii iyyuu beektu. 17 Isaan keessattis wanta ciiggaasisaa, waaqayyolii tolfamoo isaanii, warra muka irraa, dhagaa irraa, warqee fi meetii irraa hojjetaman argitaniittu. 18 Isin keessaa dhiirri yookiis dubartiin, maatiin yookiis gosi, warri garaan isaanii har'a Waaqayyo gooftaa keenya irraa garagale, dhaqanii waaqayyolii saba sanaaf akka hin hojjennetti of eeggadhaa! Hundeen ija hadhaa'aa godhatus isin keessatti akka hin argamne godhaa!" jedhe*. 19 Namni akkasii dubbii abaarsa kanaa dhaga'ee garaa isaa keessatti eebbatti hiikkatee, "Utuman boqu-jabeessa ta'ee illee ani nagaa qaba" hin jedhin! Wanti akkasii kun lafa jiidhaa irratti, lafa gogaa irrattis badiisa in fida. 20 Waaqayyo nama akkasiitiif gonkumaa hin dhiisuuf, dheekkamsii fi hinaaffaan Waaqayyoo nama akkasii irratti in boba'a; abaarsi macaafa kana keessatti caafame hundinuus isa irra in ga'a; Waaqayyo maqaa nama akkasii bantii waaqaa jalaa haxaa'ee in balleessa. 21 Waaqayyo akka abaarsa kakuu kanaa isa macaafa seeraa kana keessatti caafamee jiruutti, gosa Israa'el hundumaa keessaa addaan isa baasee, badiisaaf isa in godha*.

**18 32:32; Hos 10:4; Amo 6:12; Ibr 12:15*
**21 28:61*

22 Dhaloonni isin booddee dhufu, ijoolleen keessan warri isin booddeedhaan ka'an, ormi biyya fagoodhaa dhufus dha'icha biyya sanaa, dhukkuba Waaqayyo itti erges yommuu argan, 23 "Biyyi sun guutummaan isaa dhagaa boba'uu fi soogiddaan in gubata; sanyiin isa irra hin facaafamu, waan tokko illee irratti hin biqilu, biqiltuun tokko illee irra hin jiru; inni akka badiisa Sodoomii fi Gomoraa, akka Aadimaa fi Zeho'iim warra Waaqayyo dheekkamsa isaa isa guddaadhaan garagaggalchee in ta'a" in jedhu*. 24 Haa ta'u iyyuu malee, sabni lafa irraa hundinuu, "Maaliif Waaqayyo biyya kana irratti wanta akkasii hojjete? Maaliifis dheekkamsi guddaan akkasii irratti boba'e?" in jedhu. 25 Namoonnis, "Isaan kakuu Waaqayyo gooftaa isa kan ahboota isaanii isa inni yommuu biyya Gibxii isaan haase isaaniif gale sana waan irraanfataniif*; 26 isaan waaqayyolii biraatiif waan hojjetaniif, isaaniifis waan sagadaniifii dha; waaqayyoliin sun warra isaan hin beekne, warra inni isaaniif hin kennin turan. 27 Kanaaf dheekkamsi Waaqayyoo abaarsa macaafa kana keessatti caafamee jiru itti fiduudhaaf biyya kana irratti boba'e. 28 Waaqayyo dheekkamsa isaa isa guddaa fi aarii isaa isa boba'aadhaan biyya isaanii keessaa isaan buqqisee, biyya amma isaan keessa jiran kanatti isaan darbate" in jedhu*.

**23 Uma 19:24*
**25 1Mot 19:10; Er 22:9*
**28 1Mot 14:15*

29 Wanti dhoksaan kan Waaqayyo gooftaa keenyaa ti, wanti mul'ifame immoo nuyi duhbii seera isaa hundumaa akka eegnuuf bara haraan kan keenyaa fi kan ijoollee keenyaa ti.

Deebi'anii Karaa Eebba Argachuu Danda'an Itti Himuu Isaa

30 1 "Eebbii fi ahaarsi ani isin dura kaa'e kun hundinuu yommuu raawwatamu, isin biyya Waaqayyo gooftaan keessan saba warra kaan hundumaa keessa isin tamsaase gidduutti deebitanii yoo isa yaadattan, 2 isin, ijoolleen keessanis gara Waaqayyo gooftaa keessaniitti deebitanii sagalee isaa yoo dhageessan, isa ani har'a isin abboomu kanas garaa keessanii fi yaada keessan guutuudhaan yoo eegdan*, 3 Waaqayyo gooftaan keessan boojuu keessaa isin in deebisa; isiniif oo'ee saba hundumaa warra ofii isaatii isaan gidduu isin tatamsaase keessaas haasee deebisee walitti isin in qaba*. 4 Biyya fagoo keessatti illee darbatamtanii yoo jiraattan, Waaqayyo gooftaan keessan achii walitti isin sassaabee deebisee isin in fida*.

**2 4:29*
**3 Er 29:14; His 16:53; Amo 9:14*
**4 Nah 1:9*

5 "Waaqayyo gooftaan keessan biyya isa abboouni keessan qabatan sanatti isin in galcha, isinis isa in dhaaltu; inni waan gaarii isa abhoota keessaniif godhe caalaatti isiniif in godha, isin in baay'isas. 6 Waaqayyo gooftaan keessan akka isin garaa keessan hundumaan, yaada keessan hundumaanis isa jaallattaniif akka jiraattaniifis, garaa keessanii fi garaa ijoollee keessanii dhagna in qaba*. 7 Waaqayyo gooftaan keessan abaarsa kana hundumaa diinota keessan warra isin jibbanii fi warra isin ari'atan irra in kaa'a*. 8 Yommus isin deebitanii sagalee Waaqayyoof in abboomamtu, abhoommii isaa isa ani har'a isin abhoomu kana hundumaas in eegdu. 9 Waaqayyo gooftaan keessan hojii harka keessanii hundumaa isiniif in qajeelcha, dhala keessan, horii qe'ee keessanii, midhaan maasii keessaniis gaarii isiniif in godha; Waaqayyo akkuma abhoota keessanitti gammade akkasuma deebi'ee waan gaarii isiniif gochuutti in gammada. 10 Isin immoo sagalee Waaqayyo gooftaa keessanii dhaga'aa! Abboommii isaa fi seerrata isaa isa macaafa seeraa kana keessatti caafames eegaa! Garaa keessan guutuudhaan, yaada keessan guutuudhaanis gara Waaqayyo gooftaa keessaniitti deebi'aa!

**6 10:16; Er 4:4; Rom 2:29*
**7 Isa 54:15-17; Er 30:16,20*

11 "Abboommiin ani har'a isin abboomu kun baay'ee rakkisaa miti, isinittiis fagoo miti. 12 Isin, 'Akka nuyi abboomamnuuf eenyutu gara waaqaatti ol ha'ee fidee nutti hima?' akka hin jennetti inni waaqa irra jira miti*. 13 Isin, 'Akka nuyi abboomamnuufitti, eenyutu galaanicha ce'ee as fidee nutti hima?' akka hin jennettis, inni galaana gama jira miti. 14 Dubbichi baay'ee isinitti dhi'oo dha, isin akka isa eegdaniif afaan keessan keessa, garaa keessan keessas jira. 15 Ilaa! Ani har'a wanta gaarii fi jireenya, wanta hamaa fi du'a isin dura kaa'eera*. 16 Waaqayyoon gooftaa keessan yoo jaallattanii fi karaa isaa irra yoo adeemtan, abboommii isaa, seerrata isaa, wanta qajeelaa ta'es isa ani har'a isin abboomu kana yoo eegdan in jiraattu, in baay'attus; Waaqayyo gooftaan keessan biyya isin itti galtanii qabachuuf jirtan sana keessatti isin in eebbisa*. 17 Garuu garaan keessan isattii garagalee, isaaf yoo dhaga'uu dhaabaattan, waaqayyolii biraatiif sagaduudhaaf, isaaniif hojjechuudhaafis gara isaaniitti yoo harkifamtan, 18 isin in haddu, kanas ani har'a isinitti himeera; laga Yordaanos ceetanii biyya itti galtanii qabachuuf jirtan sana keessas yeroo dheeraa hin jiraattan*. 19 Ani har'a jireenyaa fi du'a, eebbaa fi abaarsa isin dura akkan kaa'ee, waaqaa fi lafa waamee isin irratti dhugaa nan haasisa; kanaaf isin, ijoolleen keessanis akka jiraattaniif jireenya fo'adhaa*! 20 Waaqayyoon gooftaa keessan jaalladhaa, sagalee isaas dhaga'aa! Isattis maxxanaa! Inni jireenya keessan waan ta'eef, biyya inni abboota keessan Abrahaamii fi Yisihaqiif Yaaqoobiifis kennuudhaaf abdachiise keessatti bara dheeraa isiniif in kenna" jedhe*.

**12 Rom 10:6-8*
**15 11:26*
**16 4:1*
**18 8:19*
**19 4:26*
**20 Uma 12:7*

Iyaasuun Hojii Museetti Darbuu Isaa

31 1 Yommus Museen gad ba'ee dubhii kanatti fufee jiru guutummaa Israa'elitti in dubhate. 2 Iuni isaaniin, "Ani amma nama waggaa dhibbaa fi digdamaa ta'eera, ani si'achi nama gad ba'uu fi ol galuu danda'u miti, Waaqayyos, 'Ati Yordaanos kana hin ceetu' anaan jedheera*. 3 Waaqayyo gooftaan keessan ofuma isaatii isin dura bu'ee in ce'a, saba achi jiranis fuula keessan duraa in balleessa, isinis biyya isaanii in fudhattu; Iyaasuunis akkuma Waaqayyo duhbate isin dura bu'ee in ce'a; 4 Waaqayyos Sihoonii fi

Oogin mootota warra Amoorotaa, biyya isaaniis yommuu balleesse akkuma godhe, saba sanas akkasuma in godha*. 5 Waaqayyo harka keessan keessa isaan in buusa, isin immoo akka ani isin abboome isaan godhaa! 6 Waaqayyo gooftaan keessan isinii wajjin in adeema, inni gad isin hin dhiisu, isin hin irraanfatus; kanaafis cimaa, ija jabaadhaa, isaan hin sodaatinaa, hin na'inaas!" jedhe*.
**2 Bau 7:7; Lak 20:12*
**4 Lak 21:21-35*
**6 1:29-30*

7 Museen ergasii guutummaa Isra'el duratti Iyaasuu waamee, "Cimi! Ija jabaadhus! Ati saba kanaa wajjin biyya Waaqayyo abboota isaaniitiif kennuudhaaf kakateefitti in galta, biyyichas dhuunfaa isaanii gootee isaaniif in hirta. 8 Waaqayyo ofuma isaatii si dura in adeema, sii wajjinis in ta'a, inni si hin dhiisu, si hin irraanfatus; hin sodaatin, hin na'inis!" jedheen*.
**8 Iya 1:5*

Yeroo Yerootti Seerri Akka Dubbifamu Ajajuu Isaa

9 Ergasii Museen seera kana caafee sanyii Lewwootaa warra luboota sanduuqa kakuu Waaqayyoo baataniif maanguddoota Israa'el hundumaatti in kenne. 10 Museen isaan abboomee, "Dhuma waggaa torba torbaatti yeroo gatiin namaaf dhiifamuu fi yeroo ayyaana Gordommaatti*, 11 yeroo guutummaan Israa'el iddoo Waaqayyo ofii isaatii fo'atetti isa duratti argamuudhaaf dhufan, seera kana hunduma isaanii duratti akka isaan dhaga'anitti dubbisaaf! 12 Yommus saba sana, dhiirotaa fi dubartoota, ijoollotas, galaa kellaa keessan keessa jirus, Waaqayyo gooftaa keessaniif dhaga'uu fi isa sodaachuu akka baranii fi dubbii abboommii isaa kana hundumaas gaarii godhanii akka eeganiif walitti sassaabaa! 13 Ijoolleen isaanii warri seera kana hin beeknes biyya isa Yordaanosin ceetanii qabachuuf jirtan sana keessatti bara hundumaa isa dhaga'anii Waaqayyo gooftaa keessan sodaachuu baa baran!" jedhe.
**10 15:1; 16:13-15*

Waaqayyo Musee Gorsuu Isaa

14 Waaqayyo yommus Museedhaan, "Kunoo guyyaan ati itti duutu dhi'aatcera, Iyaasuu waamii isaa wajjin gara godoo itti wal ga'aniitti dhi'aadhaa! Ani isatti hojii nan kenna" jedhe; Museenii fi Iyaasuun gara godoo itti wal ga'aniitti in dhi'aatan. 15 Waaqayyo immoo godicba biratti utubaa duumessaa keessaan in mul'ate, utubaan duumessaas balbala godichaa irra in dhaabate*. 16 Waaqayyo itti fufee Museedhaan "Kunoo, ati in duuta, abboota kee birattis in sassaabamta; jarri kun garuu dhaqanii waaqayyolii ormaa kan warra biyya itti galuuf jiranii sana duukaa in bu'u, ana immoo in irraanfatu, kakuu ani isaanii wajjin gale kanas in cabsu. 17 Yeroo sanatti immoo aariin koo isaan irratti in boba'a, ani isaan nan dhiisa, fuula koo isaan duraa nan dhoksa, isaan in dhumu, wanti hamaan baay'eenii fi rakkinni isaanitti in dhufa, guyyaa sanattis, 'Wanti hamaan kun Waaqayyo keenya nu gidduu waan hin jirreef nutti dhufe mitii ree?' in jedhu*. 18 Ani guyyaa sanatti isaan gara waaqayyolii biraatti garagaluudhaan wanta hamaa waan hojjetaniif, fuula koo raawwadhee isaan duraa nan dhoksa.
**15 Bau 33:9*
**17 1:42; Abo 6:13; Far 42:11; His 11:23*

19 "Ammas faarfannaa kana caaffadbuutii akka isaan faarfataniif Isra'eloota barsiisi! Innis isaan irratti anaaf dhugaa in ba'a*. 20 Yeroo ani biyya aannanii fi damma baasutti, isan abboota isaaniif kennuuf kakadhe sanatti isaan galchu, isaan immoo achitti nyaatanii quufanii, gabbataniis gara waaqayyolii biraatti garagalanii isaaniif in hojjetu, ana immoo in tuffatu, kakuu koos in cabsu*. 21 Yeroo wanti hamaan baay'eenii fi rakkinni isaanitti dhufu, faarfannaan kun ijoolleen isaanii waan isa hin irraanfanneef isaanitti dhugaa in ba'a; biyya ani isaaniif kennuuf kakadheefitti utuma hin galin iyyuu har'uma garaa isaanii keessatti maal akka isaan yaadaa jiran ani beeka" jedhe. 22 Museen yommusuma faarfannaa sana caafee Israa'eloota in barsiise.
**19 31:26; Yoh 5:45*
**20 6:11-12; 8:12-14*

23 Waaqayyo yommus, "Cimi, ija jabaadhu! Ati ijoollee Israa'el biyya ani isaaniif kennuuf kakadhetti in galchita, anis sii wajjin nan ta'a" jedhee Iyaasuu ilma Nun in abboome*.
**23 31:7-8; Iya 1:6*

24 Museen dubbii abboommii kanaa hamma dhumaatti macaafatti caafee erga fixee booddee, 25 Lewwoota warra sanduuqa kakuu Waaqayyoo baatan ajajee, 26 "Macaafa seeraa kana fuudhaatii, achi taa'ee akka inni isinitti dhugaa ba'uuf sanduuqa kakuu Waaqayyo gooftaa keessanii bukkee kaa'aa*! 27 Isin warra didduu fi boqu-jaboota akka taatan ani beeka, kunoo ammuma utuu ani isin gidduu jiruu iyyuu Waaqayyoon in diddu'o, erga ani du'ee immoo hammam kana irra haa caalu ree? 28 Maanguddoota gosa keessanii, geggeessitoota keessan hundumaa asitti walitti naa qabaa! Anis akka isaan dhaga'anitti dubbii kana isaanitti nan dubbadha, waaqaa fi lafa waamees isaan irratti dhugaa nan baasisa*. 29 Erga ani du'ee booddee karaa ani isin abboome irraa gortanii raawwattanii akka isin mancaatan ani beeka, isin fuula Waaqayyoo duratti wanta hamaa hojjechuudhaan isa aarsitanii hojii harka keessaniitiin waan isa dheekkamsiiftaniif gara booddeetti wanti hamaan isinitti in dhufa" jedhe.
**26 31:19; Yoh 5:45*
**28 4:26; 32:1*

30 Ergasii Museen dubbii faarfannaa kanaa akka isaan dhaga'anitti hamma dhumaatti guutummaa waldaa Israa'elitti in dubbate.

Faarfannaa Musee

32 1 Yaa bantiiwwan waaqaa ani nan dubbadhaa
mee dhaga'aa!
Yaa lafaa dubbii afaan kootii dhaggeeffadhu*!
2 Barsiisi koo akka bokkaa haa coccopbu!
Dubbachuun koos akka fixeensaa
gad haa bu'u!
Akka bokkaa coccophuus biqiltuu xobbee irratti,
akka tiifuus marga irratti
gad haa bu'u*!
3 Ani maqaa Waaqayyoo nan labsa,
isinis guddina Waaqayyo keenyaa beeksisaa!
4 Inni kattaa jabaa dha,
wanti inni godhus mudaa hin qabu,
karaan isaa hundinuus qajeelaa dha,
inni Waaqayyo amanamaa dha,
jal'innis isa keessa hin jiru,
inni dhuga-qabeessaa fi qajeelaa dha*.
**1 4:26; Isa 1:2*
**2 Isa 55:10-11*
**4 Far 33:4*

5 Isaan isa irratti balleessaa hojjechuu isaaniitiin
waan yeellaasifamaniif,
si'achi ijoollee isaa hin jedhaman;
isaan dhaloota jal'aa fi micciiramaa dha*;
6 ati yaa saba gowwaadhaa fi qalbii hin qabne,
kan ati Waaqayyoof deebiftu kanaa?
Inni abbaa kee fi isa si uume mitii?
Isa mitii kan si tolche,
kan si dhaabes*?
**5 Isa 1:2-4; Mat 17:17*
**6 Isa 63:16; Er 3:4; 31:9; Hos 11:1; Mil 1:6*

7 Guyyoota durii yaadadhu!
Waggoota dhaloota baay'ee duraas ilaali!
Abbaa kee gaafadhu,
innis sitti in hima;
jaarsoliis gaafadhu, isaanis siif in ibsu;
8 inni hundumaa gararraa jiru,
saba garaa garaaf dhaala isaanii yeroo kenneef,
ijoollee namootaas yommuu gargar hire,
isaaniif immoo akka lakkoobsa
ilmaan Israa'elitti
daarii in dhaabeef*.
9 Waaqayyo ofii isaatiif immoo saba isaa ga'aa isaa in godhate,
Yaaqoobin dhuunfaa isaa godhee fudhate*.
**8 Uma 11:8; HoE 17:26*
**9 Bau 19:5; Kes 9:29*

10 Lafa onaattis isa arge,

iddoo onaa bineensonni
wacan keessatti,
isa golboobee gargaare;
akka agartuu ija isaattis isa
eege*;
11 akka joobira isa mann'ee isaa
eeggatuu,
akka isa qoochoo isaa ilmoo
isaa irra golboobee
balali'uu,
akka isa baallee isaa bal'isee isa
qabuu,
isa fiixee baallee isaa irrattis
isa baatuu ti*,
12 Waaqayyo duwwaatu isa
geggeesse malee,
waaqayyoliin ormaa
isaa wajjin hin turre*.
10 Er 2:2; Hos 13:5; Far 17:8
11 Bau 19:4
12 Bau 13:21; 15:13

13 Inni iddoo ol kaa'aa biyyichaa
isa yaabsise,
midhaan maasii keessaa isa
nyaachise,
damma kattaa keessaa isa
soore,
dhadhaa ejersaas kattaa jabaa
keessaa isaaf in kenne*.
14 Dhadhaa saawwanii fi aannan
hoolotaa,
cooma xobbaallotaa fi
cooma korbeeyyii,
saawwan Baashaanii fi re'oota,
qamadii gaariis in kenneef;
innis cuunfaa waynii isa
diimaa in dhuge.
15 Garuu Yaaqoob inni
"Yeshuuruun" jedhame
coomee isa in dhiise;
inni in gabbate, in furdate,
in cululuqes;
Waaqayyoon isa isa uumes in
dhiise,
kattaa fayyina isaa sana in
tuffate*.
13 Far 81:16
15 31:20; Isa 44:2; Nah 9:25

16 Isaan waaqayyolii ormaatiin isa
hinaafsisanii,
waaqayyolii tolfamaniinis
tuttuqanii isa in aarsan.
17 Hafuurota hamoota
warra Waaqayyo hin ta'inii fi
waaqayyolii haaraa warra isaan
dur hin beekneef,
warra abboonni keessan isaan hin
sodaatiniif
aarsaa in dhi'eessan*.
18 Isin Waaqayyo isa isin uume
in irraanfattan;
kattaa isa isin tolche sana in
dhiiftan*.
17 Er 2:11; 1Qor 10:20
18 4:9

19 Ijoolleen dhiiraa isaa fi ijoolleen
durbaa isaa
waan isa aarsaniif,
Waaqayyo kana argee isaan in
tuffate.
20 Inni, "Ani fuula koo isaan nan dhoksa,
dhumni isaaniis attam akka
ta'u nan ilaala;
isaan dhaloota jal'oota,
ijoollee hin amanamnee dhas;
21 isaan, Waaqayyo kan hin ta'iniin
ana hinaafsisan;
waaqayyolii tolfamoo isaanii
warra waa'ee hin baafneenis
na aarsan;
anis saba kan hin ta'iniin
isaan nan hinaafsisa,
saba gowwaadhaanis isaan nan
aarsa*.
22 Aarii kootiin ibiddi boba'ee
hamma qililleetti gad in guba,
biyya lafaa fi wanta inni baasu in
fixa,
hundee tullootaattis in
qabsiifama.
21 Far 78:58; 1Qor 10:20; Rom 10:19

23 "Ani wanta hamaa isaan irra nan
tuula,
xiyyoolii koo hundumaas
isaanittan badduu baasa*;
24 beela isaan dadhabsiisu
isaanittan erga,
golfaa nama fixuu fi
dha'icha nama ajjeesus,
ilkaan bineensotaa,
hadhaa bineensota lafa
munyuuqaniis
isaanittan erga.
25 Alaa billaan isaan harkaa
ijoollee in fixa,
mana keessas sodaan jira;
dargaggeessonnii fi durboonni,
daa'imoonii fi jaarsoliin in
balleeffamu*.

26 Ani, 'Iddoo fagootti isaan nan
tamsaasa,
seenaa isaaniis immoo namoota
gidduudhaa nan balleessa'
nan jedhan ture.
27 Garuu diinonni,
'Irree keenyatu mo'e malee,
Waaqayyo kana hundumaa hin
goone'
jedhanii akka ana hin
aarsineefan dhiise*.
23 His 5:16
25 His 5:17; 14:21
27 9:28; Isa 10:13-14

28 "Sabni akkasii garuu saba gorsa
hin qabnee dha,
hubachuunis isa keessa hin
jiru*;
29 maaloo, utuu ogeessota ta'anii
kana hubatanii,
dhumni isaaniis attam akka
ta'u utuu beekanii!
30 Kattaan isaanii yoo isaan gurgure
malee,
Waaqayyo yoo gad isaan dhiise
malee,
attamitti namni tokko nama kuma
ari'uu danda'a?
Yookiis attamitti namni
kumni kudhan
nama lama baqata*?
31 Kattaan isaanii akka kattaa
keenyaa miti,
diinonni keenya iyyuu kana in
faradu.
32 Mukti waynii isaanii Sodoom
keessaa fi
maasii Gomoraa keessaa dhufa,
iji waynii isaanii hadhaadhaan
guutuu dha,
dameen isaaniis hadhaa'ummaa
qaba*.
33 Daadhiin waynii isaanii hadhaa
bofaa ti,
hadhaa mar'ataa isa nama
ajjeesuu ti.
28 Isa 27:11; Er 4:22
30 Lew 26:36-37; Isa 30:17; Abo 2:14-15; 1Sam 12:9; 2Sen 24:24
32 Isa 5:1-4; Er 2:21; 23:14

34 "Kun ana biratti
walitti hin qabamnee ree,
gombisaa koo keessattis
mallattoodhaan itti hin
cufamnee ree?

35 Ijaa baasuunii fi adabuun
kan koo ti,
yeroon miilli isaanii
itti mucucaatu jira,
guyyaan badiisa isaaniis
dhi'aateera,
firdiinis dafee isaanitti in
dhufa" jedhe*.
36 Humni isaanii akka dhume,
warri birmaduun,
garboonnis tokko illee
akka hin hafne
Waaqayyo waan argeef,
saba isaatiif in farada,
garboota isaatiifis in oo'a*.
35 Far 94:1; Rom 12:19; Ibr 10:30
36 Far 135:14

37 Waaqayyo yommus,
"Waaqayyoliin isaanii,
kattaan isaan itti kooluu
galanis meerree*?
38 Waaqayyoliin warri cooma
aarsaa qalma isaanii
nyaatan,
warri kennaa dhugaatii daadhii
waynii isaanii dhuganis
mee ka'anii isaan haa gargaaran
kaa!
Mee iddoo baqaa isaaniif haa
ta'an kaa!
37 Abo 10:14; Er 2:28

39 "Amma ilaalaa! Waaqayyo
anuma,
ana malee Waaqayyo kan biraa
hin jiru;
ani nan ajjeesa, ani nan
jiraachisas;
ani nan madeessa, ani nan
fayyisas;
homtinuu harka koo keessaa
baasuu
kan danda'u hin jiru*;
40 ani harka koo bantii waaqaa irra
bal'isee,
'Ani bara baraan jiraataa dha'
jedhee nan kakadha.
41 Billaa koo isa calaqqisaa
yommuun qaradhu,
harki koos firdiidhaaf yommuu
isa qabatu,
ani diinota koo irratti ijaa nan ba'a,
warra na jibbaniifis gatii nan
baasa;

42 xiyyoolii koo dhiigaan nan
macheessa,
dhiiga warra qalamanii fi
warra booji'amanii,
geggeessitoota diinotaa nan
obaasa,
billaa koos foon nan
nyaachisa" in jedha.
**39 4:35; Isa 43:11; 45:5; Hos 13:4; 1Sam 2:6; Iyo 5:18*

43 Yaa saba lafa irraa, saba isaatiif
gammadaa!
Waaqayyo dhiiga garboota
isaatiif ijaa in baasa,
diinota isaa irratti ijaa in ba'a,
saba isaa fi biyya isaatti in
araarama*.
**43 Rom 15:10; Mul 6:10; 19:2*

44 Museenis Iyaasuu ilma Nunii wajjin dhufee dubbii faarfannaa kanaa hundumaa sabni akka dhaga'utti itti dubbate. 45 Museen dubbii kana hundumaa guutummaa Israa'elitti erga himee booddee, 46 "Dubbii ani har'a isinitti beeksisu kana hundumaa garaa keessan keessa kaa'adbaa! Ijoolleen keessanis dubbii seera kanaa hundumaa gaarii godhanii akka eeganiif isaan abboomaa! 47 Dubbichi jireenya keessan malee, dubbii isiniif waa'ee hin baafne miti; dubbichaanis biyya isa Yordaanosin ceetanii qabachuuf jirtan sana keessa bara dheeraa in jiraattu" jedhe*.
**47 30:15-20; Lew 18:5*

Iddoon Museen Itti Du'u Himamuu Isaa

48 Guyyuma sana Waaqayyo Museedhaan, 49 "Gara tulluu Abaariim, tulluu Neboo isa biyya Mo'aab keessaa fuullee Yerikoo jiru sanatti ol ba'i! Biyya Kana'aan isa ani Israa'elootaaf dhuunfaa godhee kennu sana ilaali! 50 Akkuma Aaron obboleessi kee tulluu Hoor irratti du'ee abboota isaa biratti sassaabame, 51 atis tulluu itti ol baatu sana irratti in duuta abboota kee birattis in sassaabamta*! 51 Kunis isin Israa'eloota duratti bishaan Mariibaa isa mandara Qaadeshitti dhi'oo jiru biratti, lafa onaa Siin keessatti waan na yakkitaniif Israa'eloota gidduutti qulqullummaa koo ulfinaan waan hin eeginiif isinitti in dhufa*. 52 Ati biyyicha fuulleetti in argita, garuu ofii keetii biyya ani Israa'elootaaf kennu sanatti hin galtu" jedhe*.
**48-52 Lak 27:12-14; Kes 3:23-27*
**50 Lak 20:22-29*
**51 Lak 20:1-13*

Museen Gosoota Israa'el Eebbisuu Isaa

33 1 Eebbi Museen namni Waaqayyoo utuu hin du'in dura ittiin Israa'eloota eebbise isa kanatti fufee jiruu dha;
2 yommus inni,
"Waaqayyo Siinaadhaa dhufe,
Se'iir irraa akka baritti isaaniif
in ba'e,
tulluu Phaaraan gubbaadhaas
isaaniif in ibse;
qulqulloota kumaatamaa wajjinis
ba'e,
gara mirgaa isaattis ibiddi
seeraa isaaniif in boba'e.
3 Dhuguma inni saba isaa in
jaallata,
warri qulqulloonnis harka isaa
keessa jiru;
isaan hundinuu miilla isaa
jalatti in kufu,
isa biraas barsiisa in argatu"
jedhe.
4 Waldaa Yaaqoobiif dhuunfaa
akka ta'uuf,
Museen seera nuuf kenneera;
5 yeroo geggeessitoonni sabaa
walitti qabaman,
yeroo gosi Israa'elis wal ga'an,
Waaqayyo Yeshuuruun irratti
mootii ture.
6 Yommus Museen,
"Lakkoobsi namoota isaa
muraasa ta'u illee,
horteen Ruuben haa jiraatu malee,
du'ee hin dhumin!" jedhe.
7 Waa'ee Yihudaaf immoo,
"Yaa Waaqayyo, sagalee
Yihudaa dhaga'i!
Gara saba isaattis isa fidi!
Inni harka isaatiin ofiif in lola,
atis isa gargaarii
diinota isaa loli!" jedhe.
8 Waa'ee Lewwiitiif,
"Uriimii fi Tumiimin
Lewwiidhaaf kenni!
Nama isa jaallatte sanaaf,
isa Maasaatti isa qorte sanaaf,
isa bishaan Mariibaa biratti

lolte sanaaf*,
9 inni isa waa'ee abbaa isaa fi
haadha isaa,
'Ani isaan hin argine' jedhee dha;
obboloota isaa hin beekne,
ijoollee isaas 'Kan koo ti' jedhee
hin fudhanne,
isaan garuu dubbii keef in
abboomaman,
kakuu kees in eegan*.
10 Isaan wanta qajeelaa ta'e
isa kan keetii Yaaqoobin,
seera kees Israa'elin in barsiisu;
isaan aarsaa ixaanaa si dura,
guutummaa aarsaa gubatus
iddoo aarsaa kee irra in kaa'u.
11 Yaa Waaqayyo, ati humna isaa
eebbisi!
Hojii harka isaas fudhadhuuf!
Mudhii diinota isaa warra isa
jibbanii,
akka isaan deebi'anii lafaa hin
kaanetti cabsi!" jedhe.
**8 Bau 28:30; 17:1-7; Far 95:8*
**9 Mat 10:37*

12 Waa'ee Beniyaaminis,
"Inni Waaqayyo isa jaallatu,
sodaa malee isa bira in jiraata,
Waaqayyos guyyaa hundumaa
isa in golbooba,
innis eegumsa Waaqayyoo jala
in jiraata" jedhe.
13 Waa'ee Yoseef immoo,
"Waaqayyo fixeensa isa gubbaa
waaqaatiin,
bishaan isa lafa gad fagoo
keessa jiruunis
lafa isaa haa eebbisu*!
14 Wanta gaarii, wanta aduun
ija itti godhuun,
wanta baay'ee gaarii ji'i
kennuunis,
15 wanta baay'ee gaarii tulluu durii
irraa argamuun,
wanta baay'ee gaarii
gaarota bara baraa irraa
argamaniinis,
16 guutummaa wanta lafti baasu
isa caalaadhaan,
ayyaana isa huuxxii qoraattii
boba'u keessatti
argame sanaatiin,
kun hundinuu mataa Yoseef irra,
gubbee mataa isa obboloota
isaa keessaa
addaan ba'ee irra haa buufatu*!
17 Kormi isaa inni angafni attam
surra-qabeessaa!
Gaanfonni isaas
akka gaanfota gafarsaa ti;
gaanfota isaa sanaanis saba
hundumaa
hamma daarii lafaatti in waraana;
Efreem kan akkasii
kuma kudhan qaba,
Minaaseenis kumaatama qaba"
jedhe.
**13 Uma 49:25*
**16 Bau 3:2-6; Uma 49:26*

18 Waa'ee Zebuloon immoo,
"Yaa Zebuloon, ati ba'uu keetti,
yaa Yisaakor, atis
godoo kee keessatti gammadi!
19 Isaanis saba gara tullootaatti in
waamu,
achittis isaan
kennaa qajeelaa in dhi'eessu,
qabeenya galaana keessaas in
xuuxu,
badhaadhummaa cirracha
keessa dhokates
in baafatu" jedhe.
20 Waa'ee Gaadi,
"Gaadin kan bal'isu
eebbifamaa dha,
Gaadi akka leenca dhalaa in
ripha,
harkaa fi gubbee mataas in
kukkuta*.
21 Biyyicha keessaa isa caalu
ofii isaatiif dura in fo'ata,
ga'aan warra geggeessitootaas
isaaf kaa'ame,
angafoonni sabaa yommuu
wal ga'an,
inni fedha Waaqayyoo isa
qajeelaa in raawwate,
firdii isaas Israa'elii wajjin in
eege" jedhe*.
22 Waa'ee Daan immoo,
"Daan akka ilmoolee leencaa,
isa Baashaan keessaa
utaaluu ti" jedhe.
**20 1Sen 12:9*
**21 Lak 32:29-32*

23 Waa'ee Niftaalemis,
"Yaa Niftaalem ati
ayyaana quufteetta,
eebba Waaqayyoos guutummaatti,

ciisa bishaan galaanaatii
jalqabdee
hamma biyya gara mirgaatti
dhaali!" jedhe.
24 Waa'ee Asheer immoo,
"Asheer ilmaan warra kaan
caalaatti
eebbifamaa haa ta'u!
Obbolooni isaa isa haa jaallatan!
Miilla isaas dhadhaa ejersaatiin
haa dhiqatu!
25 Cufaan karra isaas sibiilaa fi
sibiila boorrajjii haa ta'u!
Jabinni isaas bara isaa wajjin
wal baa qixxaatu" jedhe.
26 Museen ammas itti fufee,
"Waaqayyo inni akka
Waaqayyo
isa kan Yeshuuruun
tokko illee hin jiru,
inni si gargaaruudhaaf
bantiiwwan waaqaa yaabbatee
adeemu,
ulfina isaatiinis duumessa irra
kan taa'u*,
27 Waaqayyo inni bara baraa kun
iddoo jireenya keetii ti;
irreen bara baraas isa jala jira,
inni diinota kee si duraa in oofa,
'Isaan balleessis!' in jedha*;
28 Isra'el kophaa isaa
bir'aa malee in jiraata,
sanyiin Yaaqoobis,
biyya midhaanii fi daadhii waynii
baasu keessa,
biyya waaqni fixeensa gad itti
coccophsu keessas
nagaatti in taa'a*.
29 Yaa Isra'el, ati gammadi!
Eenyu sabni akka kee
Waaqayyo oolche?
Gaachannii kee fi gargaarsi kee isa;
billaan kee inni
ulfina-qabeessis,
diinonni kee si dura in quphanu,
ati immoo iddoo isaanii isa
ol jedhaa irra
in ejjetta" jedhe*.

**26 3:24; Far 104:3*
**27 Far 90:1*
**28 Uma 27:28; Lew 25:18; 1Mot 5:5*
**29 Far 144:15; Kes 4:7-8*

Museen Du'uu Isaa

34 1 Ergasii Museen dachaa
Mo'aabii gara tulluu Neboo gara gubbee Phiisgaa isa fuullee Yerikootti ol in ba'e; achitti Waaqayyo biyya sana hundumaa, Giil'aadii hamma Daanitti, 2 biyya Niftaalem hundumaa, biyya Efreemii fi kan Minaasee, biyya Yihudaa hundumaa hamma galaana isa gara lixa-biiftuu jirnutti, 3 gara mirgaas, biyya dachaa Yerikoo jiru hundumaa, mandara muka meexxiitii hamma Zo'aaritti in argisiise. 4 Waaqayyo yommus Museedhaan, "Isa kana biyyi ani Abrahaamin, Yisihaqin, Yaaqoobinis, 'Ani sanyii keessaniif nan kenna' jedhee kakuudhaan abdachiise; ati isa ija keetiin argiteetta, garuu ati achi bin ceetu!" jedhe*. 5 Kana booddee Museen garbichi Waaqayyoo akkuma Waaqayyo jedhee ture sana biyya Mo'aabitti in du'e. 6 Waaqayyo dachaa biyya Mo'aabitti fuullee Bet-Phe'oritti isa in awwaale; haa ta'u iyyuu malee, hamma har'aatti iyyuu namni iddoo awwaala isaa beeku hin jiru.

**4 Uma 12:7*

7 Museen yommuu du'e sana nama waggaa dhibbaa fi digdamaa ture; iji isaa hin dimimmifne, humni isaas irraa bin hir'aune*. 8 Isra'eloonni dachaa Mo'aabitti guyyaa soddoma Museedhaaf in gaddan, kana booddee yeroon boo'ichaa fi gaddaa in raawwatame*.

**7 31:2; Far 92:13-16*
**8 Lak 20:29*

9 Iyaasuu ilmi Nun yeroo sanatti Museen barka isaa waan isa irra kaa'eef hafuurri ogummaa isa keessa guutee ture; Isra'eloonni isaaf dhaga'anii waan Waaqayyo karaa Musee abboomee ture in godhan*. 10 Ergasii raajiin Waaqayyo fuula fuulaan beeke, kan akka Musee takkaa Isra'el keessatti hin kaane*. 11 Raajiin milikkitaa fi dinqii hundumaa biyya Gibxiitti, Fara'oon irratti, hojjetoota isaa hundumaa irratti, biyya isaa hundumaa irrattis akka hojjetuuf Waaqayyo erge, 12 humna guddaa fi gocha sodaachisaa isa Museen guutummaa Isra'el duratti argisiise kana hundumaas kan godhe hin kaane.

**9 Lak 27:18-23; 1Xim 4:14; 2Xim 1:6*
**10 Bau 33:11; Lak 12:6-8*

Macaafa Iyaasuu

Waaqayyo Iyaasuu Ajajuu Isaa

1 1 Museen garbicbi Waaqayyoo erga du'ee booddee, Waaqayyo kunoo, Iyaasuu ilma Nun gargaartuu Museetti in dubbate. 2 Inni, "Museen garbichi koo du'eera; egaa amma atii fi sabni kun bundinuu ka'aatii laga Yordaanos kana ce'aatii gara biyya isa ani saba Israa'eliif kennu sanaa dhaqaa*! 3 Ani akkuman Musee abdachiisetti lafa faanni miilla keessanii irra ejjetu hundumaa isiniif nan kenna*. 4 Daariin keessan lafa onaa kanaa ka'ee Liibaanoniin ba'ee bamma laga guddichaa laga Efraaxiisitti, gara lixa-biiftuutiin immoo biyya Heetotaa hundumaa qabatee hamma galaana guddichaatti in adeema. 5 Bara jireenya kee hundumaatti namni si dura dhaabachuu danda'u hin jiru; Musee wajjin akkuman ture sii wajjinis nan ta'a; ani si hin dbiisu, si hin irraanfadhus*! 6 Biyya ani isaaniif kennuuf abboota isaaniif kakadhe akka isaan dhaalan waan gootuuf cimi, ija jabaadhu*! 7 Cimi, ija jabaadhus! Seera Museen garbichi koo si abboome hundumaa eeguudhaaf of eeggadhu! Iddoo dhaqxu hundumaatti wanti ati gootu akka wal siif qixxaatutti isa irraa gara mirgaatti yookiis gara bitaatti hin jal'atin*! 8 Macaafni seeraa kun afaan kee keessaa hin dhabamin! Halkanii fi guyyaas waa'ee isaa yaadi! Karaan kee akka siif qajeelutti, wanti ati gootus akka wal siif qixxaatutti, wanta isa keessatti caafame hundumaa gaarii godhii eegi*! 9 Ani Waaqayyo gooftaan kee, 'Iddoo ati dhaqxu hundumaatti sii wajjinan jiraatii ati cimi, ija jabaadhu, hin sodaatin, hin na'inis!' jedhee si hin abboommee ree?" jedhe.

**2 Kes 34:5*
**3 Kes 11:24*
**5 Kes 31:7-8; Ibr 13:5*
**6 Kes 3:28; 31:6; Uma 12:7*
**7 1Mot 2:3*
**8 Far 1:2-3*

Iyaasuun Warra Hojii Geggeessan Ajajuu Isaa

10 Iyaasuunis kana irratti geggeessitoota sabaatti in dubbate; 11 inni, "Iddoo buufataa keessa adeemaatii namootaan, 'Guyyaa sadii gidduutti biyya Waaqayyo gooftaan keessan akka isin qabattaniif isiniif kennu sana dhaquudhaaf laga Yordaanos kana in ceetuutii ka'aatii galaa qopheeffadhaa!' jedhaa!" jedhee isaan in abboome.

12 Iyaasuun yommus gosa Ruubenii fi gosa Gaadiin, Minaasee isa walakkaa gosaatiinis, 13 "Dubbii Museen garbichi Waaqayyoo isin abboome yaadhaa! Waaqayyo gooftaan keessan boqonnaa isiniif in kenna, lafa kanas isiniif in kenna. 14 Dubartoonni keessanii fi ijoolleen keessan, horiin keessanis biyya isa Museen Yordaanos gara ba'a-biiftuutii isiniif kenne keessa haa taa'an! Isin warri loltoonni mi'a lolaa hidhattan bundinuu immoo obboloota keessan dura bu'aa ce'aatii isaan gargaaraa! 15 Waaqayyo gooftaan keessan akkuma boqonnaa isaaniif kenne, obboloota keessaniifis boqonnaa yommuu kennu, isaanis immoo lafa Waaqayyo gooftaan keessan isaaniif kennu fudhatanii dhuunfaa isaanii hamma godhatanitti isaan in gargaartu; kana booddee immoo biyya dhaala keessanii isa Museen garbichi Waaqayyoo Yordaanos boroodhaa gara ba'a-biiftuutiin isiniif kennetti deebi'aatii taa'aa!" jedhe*.

**12-15 Lak 32:20-29; Kes 3:18-20; Iya 4:12; 22:1-6*

16 Isaan yommus deebisanii Iyaasuudhaan, "Wanta ati nu abboomte hundumaa in goona, iddoo ati itti nu ergite hundumaas in dhaqna; 17 Waaqayyo gooftaan kee Musee wajjin akkuma ture sii wajjinis immoo baa ta'u duwwaa malee, akkuma Museedhaaf wanta bundumaatti abboomamne, siifis in abboomamna; 18 namni abboommii keetiin mormu, namni dubbii kees hin dhageenye hundinuu haa ajjeefamu! Ati garuu cimi, ija jabaadhu!" jedhan.

Iyaasuun Yerikootti Gaadduu Erguu Isaa

2 1 Iyaasuun ilmi Nun ergasii Sbiixiimii gaaddota lama dhoksaatti ergee, "Dhaqaatii biyyicha, caalaatti immoo mandara Yerikoo ilaalaa!" jedheen; isaanis in dhaqan; yommuu achi ga'an mana dubartii ejjituu "Rahaab" jedhamtu tokkoo dhaqanii achi in buufatan*.